

MIL'UU MILIQUU
Guutaa Rabbirraa Baqqaanaa (MA)
2013

MIL`UU MILIQUU

Barreessaan

Guutaa Rabbirraa Baqqaanaa (MA)

Asoosama Dheeraa

CAAMSAA, 2013

FINFINNEE, OROMIYAA

Brief Biography of Guta Rebira Bekana



Guta is a Development, Emergency and Social expertise at Government and Non-Government organizations in Ethiopia. Mr Guta Rebira has served Ethiopia for more than 9 years in development and emergency works, particularly through program designing, coordinating, mentoring, training, and monitoring of skilled professionals in the area of both urban and rural development and/or emergency projects. His main specialisation is the Non-profit Corporate Management, and Urban Sociology. Holding BA in Sociology, MBA and MA in Sociology, Guta has served as project expert through to managerial position in different organizations for the past nine years. During these professional and development leadership times he has put the organizations as one of the top performing partners from among the project implementers.

As a coordinator of development projects during his past career time, He has successfully managed the conduct of program management process steps starting from proposal designing through to project/program closure despite of compromising both program quality and staff interests. Currently, Mr Guta Rebira is serving as a Monitoring, Evaluation, Accountability and Learning (MEAL) Officer at International Rescue Committee (IRC)

© Guutaa Rabbirraa Baqqaanaa 2013

Maxxansa Jalqabaa 2013

Maxxansa Lammaffaa 2018

Cover page content idea: Guta Rabira

Cover page design: Mitiku Fekadu (Journalist)

Asoosama kanarratti yaada, qeeqa yookaan dhaamsa qabdan dabarsuu yoo barbaaddan teessoo armaan gadiin asoosicha quunnamuu nidandeessu.

Lak. Bil. +251-912-298996

Email: guta2014@gmail.com

Skype : guta.rabira

Yaadannoo

Kitaabni kun, barattoota Oromoo egeree isaanii fooyyeffachuuf jecha baratanii bu'aa dhama'a isaanii osoo hindhandhamiin dhiiga isaanii dhangalaasaniifi lubbuun hobba'aniif haa ta'u.

Galata

Duraan dursa kitaaba kana qopheessuuf qofa miti, nama waan yaade bakkaan ga'uuf rakkoon fayyaa hindaangessine ta'uukoof, rabbi guddaan oolmaa eegumsa isaaf baraa hamma baraatti haa ulfaatu. Waaqayyotti aanees, kennaa waaqayyoo akkan fayyadamuuf guca cicha ga'ee aartii ogbarruu oromummaa baatee, waan hundumaan kan ana fuuldura ibsaa ture, barreessaan kitaabota Afaan Oromoo kan akka Furtuu, Quba Qabduu, Ichima Jaalalaafi kanneen biroo obboleessikoo Geetaachoo Rabbirraa jaalalaaf galata daangaa hinqabne na biraa qaba. Galatoomi Gechoo.

Akkasumas, yeroon halkaniif guyyaa dadhabaa turetti, ana cinaatii kan hindhibamne haadha manaakoo kanan baay'ee jaaladhu barsiistuu Dastaa Ibsaafi ijoolleekoo anatti naanna'anii na bohaarsaan Miiltoo, Hiiroofi Rooban Guutaa galateeffachuun barbaada. Hiriyyaakoo yeroo hundumaa, gaafa jalqabaa qalamnikoof barruuleenkoo walitti buutee eegalee na cinaa ture, Balaay Gobooshoo hedduun si galateeffadha.

Addumatti, asoosamni kalaqa sammuukoo ta'e kun maxxanfamee uummata Oromoo bira akka ga'uuf maallaqa guutummaa maxxansa isaa kan naaf gumaache obboleessakoo Obbo Dassaalany Rabbirraa guddaa haagalatoomu.

Dhumarrattis hiriyyootakoo Dajanee Margaa, Mitikkuu Fiqaaduu, Lammeessaa Asaffaafi Gaaddisaa Abarraa akkasumas barsiisaa Qixxeessaa Ibsaa yeroo isaanii aarsaa godhanii dubbisuudhaan, iddoo jallate sirreessuun kan na gargaaraa turaniif galannikoo guddaadha.

Dhaamsa

Addunyaan biyya lafaa buburreefi walxaxaadha. Rakkataan irratti boo'a. Dureessi irratti boona. Dhabeenyi nama boochifti, qabeenyi nama boonsifti. Isa boo'uufis ta'e isa boonuuf, kan darbeef seenaa kan dhufuuf seexaa dhaamuun seera uumaa dhalachuuf du'uu waliin kan walqabatee dhufedha.

Anis waan dhaamullee qaba sabakoo, garuu waan baayyee jechuuf osoo na rakkiseyyuu waa xiqqoo dhaamuun barbaada. Kaan dhaba boochisa, Oromoon qaba garuu inboo'a. Kaan qabeenya boonsa, Oromoon qaba garuu hinboonu. Qe'ee Oromootti maaliif seerri uumaa jallate laata? Hiriyyootakoofi namoota biroo carraan adda addaa walitti nu fide birattillee yeroo hedduu osoo hinjaalatiin waa jechuu nan jaaladha. Ta'us hamma ta'e namoota barreeffama Afaan Oromoo dubbisuu danda'aniifi dubbisuuf onnata qaban hedduutti dubbachuuf hamma yoonaatti carraas ta'e dhamaatiin naaf milkaa'e hinturre. Garuu osoon waan dubbadhu hindhabiin carraas ta'e milkaa'ina dhamaatii dhabee turus, guyyaan itti abdii kutee harka maradhee taa'e hin yaadadhu. Guyyaafi haalli, carraaf milkaa'ina dhamaatiikoo sakaales haqaaqqatee, dubbiin qabu keessaa calaqqee qarqara ishii tokko jedhee Asoosama dheertuu **Mil'uu Miliquu** jedhamtu kanaan kunoo miixannaa waggaa kudhaniin booda afaan hiikkadheera.

Asoosama kana barreessuun anaaf saba Oromootti dubbachuuf yookaan saba Oromoof dubbachuuf uleekoo jalqabaa saamsa ittisa daangaa cirtu taatus, kaayyoon Oromoof turjumaana ta'uu waan ana keessa bule hinjiru. Oromoon aadaa boonsaa qaba. Saba boonaas qaba;

eenyummaa miidhagaas qaba. Lafa sanyii hin nyaannes qaba; afaan jecha hinwaakkannes qaba; jaalala hinligidoofnes akkasuma, garuu of ibsuufis ta'e jiraachuuf kan Oromoon baroota jaarraan lakkaawwamaniif hanga har'aatti alagaan ibsamuufi mul'istuu eenyummaa isaa alagaan irraa mulqamee, ofirratti alagaa moosisee mataatii gad cabee beekamtii kenneefii kun dhalootaan hiree Oromoo akka hintaane afaankoo banadhee dubbachuuf wanti na shakkisiisu hinjiru.

Handhuura dhaamsakoo ta'ee saba Oromoo bira akka naaf ga'u kanaan barbaadu keessaa inni ijoon, sabni Oromoo hiree Waaqa biraa kennamteen baraabaratti akka hacuucamus ta'e miila jalatti akka dhiitamu hireen qoodameefi hinjiru, yoo hiree nama yookaan saba biraa irraa kan kennamteefii taate malee. Oromoon beekaa qaba iddoo sadarkaa hundatti, jaarsolii qe'ee irraa kaasee hanga yunivarsiitiilee gurguddoo addunyaatti. Garuu barri beektotaa darbuun hinoolu, darbees agarreerra. Osuma beektota qabnuu, gidiraafi hacuuccaan saba Oromoo irratti ta'u bara dhufee darbu itti caalaa adeeme. Beekaan ilma Oromoo addunyaa gajjallaa hanga gararraatti beeekumsaan kuulame, madaafi madda hacuuccaa saba isaa kana baruun maaliif akka jalaa dhokatte dhaamsakoof gaaffiidha. Deebiis barbaada. Ani dhimma Oromoof nama gaaffiif malee deebiif ga'ee hinqabnedha of jechuukoos miti. Oromoon turjumaana barbaada jechuukoos miti. Ilmi Oromoo dhimmi Oromoo dubbatu turjumaana Oromoo miti. Dhimmi Oromoo, ilmaan Oromoof dhimma dirqama Oromummaati. Oromoon, aadaas ta'e mul'istuu eenyummaa dubbatu waan qabuuf, of ibsuufis ta'e ifuuf alagaan akka ibsaa qabuuf hinbarbaachisu. Maaliif barootaaf dukkanaan akka deemaa jirru wallaalus, sabni

Oromoo ofuma isaa iyyuu ibsaa akka ta'e hinshakku. Kan nama naasisu garuu, barootaafi guyyoota darban keessatti Oromoon jireenya hacuuccamuu dabarsus, Oromoonni yeroo sana turanis ta'e yeroo ammaa jiran kun osuma dhalarraa dhalatti dabarsanii fincilaa dhufanii, inni du'u du'ee inni dhalates guddatee har'a ga'eera. Har'a garuu dhala Oromoo alagaatu Oromoorratti guddisaa jiramoo Oromootu guddifataa jiraa? Hanga har'aatti diina lolaa as geenyus, lafa dhihee barii'u tokko ta'uuf bilisummaatti dhiyaachuutu mallattoo agarsiisaa jira osoo hintaane, tokkummaa dhabuufi gochaan diinaa sabuma ofii keessaa oomishamaa deemuutu dabalaa adeeme. Yeroo diinni guboo saba Oromoo keessatti dhagaa bu'uuraa buufatu qoqqoodamuun saba Oromoo ragaa seenaa jiraataadha.

Akka natti fakkaatutti garuu kan Oromoon yaadda'uu qabu inni guddaan isa alagaan guboo saba Oromoo keessatti dhagaa bu'uuraa kaa'u osoo hintaane, akkaataa oromoon shira alagaa kanaaf deebii kennaa jirudha. Kanaafuu akkuma "xuxiif buxiin waldida" jedhamu karaa saayinsaawaa haa ta'uu aadaa, sochii Oromoon bilisummaa gonfachuuf godhu keessatti deebiin shira xaxxootaaf kennamu akkaataa ka'umsa hundee isaaniitti adda adda ta'uun dirqama natti fakkaata. Keessumaa iyyuu dhiiga ofii of wallaalee diinaaf ergamu jechuun diina miti. Diina ta'uu dhiisuun isaa garuu gochaa diinaa oromoo irratti hinraawwatu jechuukoos miti. "Quba ofii ajaa'e jedhanii kutanii hingatan" akkuma jedhamu, wallaalaa ofiis gorsatanii barsiifatanii gochaafi hojii qaanii_ alagaaf ergamuu_ keessaa baafatanii humna godhatu malee, akka diinaatti balaaleffatanii deebiifi gochaa diinaa yoo itti deebisan, duraanuu wallaalaadha ittuu abidda qabsiisanii akka mana gubu jajjabeessuu natti fakkaata.

Kunimmoo Oromoof gabrummaa kunuunsuudha, diinaaf immoo milkaa'inadha.

Rafnes kaanes, falles dhiisnes, gootomnes daboomnes, qabsoofnes dhiisnes yeroo dheerata malee bilisoomuun keenya kora hinhafne waan ta'eef dhaloonni milkoomee bara birmadummaa kana qaqqabes ta'e dhalate, dhiiga isaa alagaaf ergamaa ture kana akka harkisoo guboo diinaatti lakkaa'uu danda'a. Kunimmoo Oromoon hamma lafa kanarra jirutti quba walitti qabaa akka diinaatti wal nyaachaa jiraachuu qofa osoo hintaane, lafa dhihee barii'u hammi diinaa itti baay'ataa waan deemuuf, bara jireenyasaa guutuu yerootti diina mormu malee yerootti hojjetee misoomu akka hinarganne tilmaamuun waan ulfaatu natti hinfakkaatu. Sabni baratee hojjetee hinmisoomne immoo ergamuuf ergaramuu irra darbee qooda inni taphatu waan yartuudha.

Anis asoosama dheeraa **'Mil'uu Miliquu'** jedhamtu kana keessatti calaqqee seenaafi eelaa dhugaa, bilisummaa dhabuun barattoota Oromoo Oromiyaa irratti geessisaa tureef rakkoo hawaasummaa, dinagdee, aadaa, seenaa, siyaasaafi harkisoowwan biroo tuquuf yaaleera.

Gama biraatiin immoo hiikkaan jireenya jaalalaa sabboontota dargaggeessaaf dargaggeettii saba Oromoo barootaaf ture, hanga du'aa dullumaattimoo hanga jiraa du'aatti isa jedhuuf ajandaa sabni Oromoo jireenya sabboontotaaf jecha irratti yaaduus ta'e mari'achuu qabu akka ta'e ani akka ilma Oromoo tokkootti amantaa guddaan irraa qaba, waa jechuus yaaleera. Jaalalas ta'e jaalalleen ilmaan Oromoo, qabsoo Oromoof humna ta'uu qaba malee sakaallaa kaayyoo ta'uu hinqabu.

Bilisummaan damma caalaa mi'oofti. Gabrummaan eebicha caalaa hadhoofti. Bilisummaan qabeenyaa namni yookaan qaamni gurmaa'ee humnas ta'e aangoo qabu yeroof nama harkatti sarbuu danda'u ta'uu danda'a malee, qabeenyaa namni namaaf kennuu danda'u tasumayyuu ta'uu hindanda'u. Carraan haala jireenya Oromoo si'anaas cuunfaa eebicha gabrummaa unachuu ala ta'uu hindanda'u. Bilisummaan qabeenyaa kennaa rabbii baasii tokko malee dhala namaa hundaaf walqixa kenname ta'us yoo sarbame deebifachuuf qabeenyaa baasii guddaa nama gaafatan keessaa kan gatii bilisummaa caalu hinjiru. Kan rafe barbaadanii lafa jirutti dammaqsuu barbaada, kan dammaqe dhageessisuuf duuka bu'anii jajjabeessuu barbaada. Kanaafuu sabni gabroome, jabaatee bilisoomee eelaa darbe dhalootaaf katabee akka seenaa yaadatuuf, bilisummaa gonfates hadhaa jireenya gabrummaa beekee dammaqinaan akka tikfatuuf, aartiin ogbarruu meeshaa hinligidoofne akka ta'e jabeessee dhaamuun barbaada. Isinis aartii Oromoo guddisuu keessatti ga'ee qabaadhaa.

Dhumarrattis, maqooliin ani asoosama kana keessatti fayyadame calaqqee seenaa dhugaa ta'anis kallattiidhaan eenyuunillee kan bakka hinbuuneefi kalaqa sammuukoo qofa akka ta'an ibsuun barbaada.

Maqaa uumaatiin tokkummaan saba Oromoo gidduutti coologe deebi'ee haalatu! Saba bilisummaatti jiraatu malee saba bilisummaa hawwu ta'uun barri isaa haagabaabbatu!

Dubbisa Gaarii Isiniif
Hawwa .
Guutaa Rabbirraa Baqqaanaa

Boqonnaa Tokko

Maatii guddaa baadiyaa Birraa yeroo nyaata asheeta boqqolloo galgala galgala walitti naanna'anii jimmaa jimmiiteefi hibboo taphatan keessattin dhaladhe. Mootiin maatii keenyaa_ abbaankoo yeroo hedduu hojii oolanii yeroo galan miilla isaanii dhiqsiifatanii, dagalfatanii ciisanii nama gorsuu jaalatu.

Erga irbaanni nyaatamee booda, yeroo maatii keenya keessaa namtokko ka'ee jimmaa jimmiitee jedhee nama kolfe abaaree, nama obse immoo lafaaf biyya kennee eebbisee, cilaattiifi daaraa fuulatti dibatee mana keessa olii gad kaatu, abbaankoo taa'anii hunda taajjabu. Kaan kolfa qabachuu dadhabee akkuma sangaa siddisa nyaatee bokokee, utaalee futtaafata. Kaan immoo fuula cocorreefi buburree kana dandamatee osoo takkaa ilkaan hinsaaqiin, erga abbaan jimmaa jimmiitee missinee dadhabee booda, yeroo inni kukuluutuu jedhu, bariite jedha. Eebba isaas unata. Akka cimaattis lakkaawwama. Taphichas akka injifateetti ilaalama.

Abbaankoo jaarsi nama guddaan taa'anii kana hundaa taajjaban, jireenya dhala namaa erga gaafa dhalatanii hanga guyyaa du'aniitti jiru madaalanii, muuxannoo bara jireenya isaanii waliin walqabsiisanii gorsa tokko tokko nu gorsu. Isaanis guyyaa galgala tokko, yeroo nuyi jimmaa jimmiiteef hibboo taphannee xumurru walitti nu qabaniiti, jecha addaa tokkoon nu gorsan.

“Elaamee ijoolleekoo…… Namni lafa kanarratti gaafa uumamu akeeka uumameef qaba. Akeeka uumameef kana bira ga’uuf yookaan raawwachuuf garuu laggeen gurguddoo sadii kan irra cee’uuf hedduu nama rakkisan jiru. Laggeen kunis: Fe’isa fe’amee hinhiikamne, qara qaramee hindoomneefi nama du’ee du’aa hinkaanedha. Garuu namni jabaan waan godhuuf maaliif akka godhu beeku laggeen kana riqicha mataa isaatiin irra taruu danda’a. Kunis ta’uu kan danda’u namni nama ta’ee qaamaaf yaada fayyaa qabu akka nama lafarra deemuutti of ilaaluu dhiisee yoo akka nama mukarra ciisuutti of ilaaledha. Namni mukarra ciisus guyyaa yookaan torbee dagachuu osoo hintaane maaykiroo sekoondii tokko dagachuutu lafee nama cabsee qaama nama laamshessa. Ajjeessee achiin hambisuus indanda’a” jedhan.

Maatiin gorsa kana taa’ee dhaggeeffataa tures nama hedduu ture. Keessaa garuu obbolaan waliin dhaladhe ana malee nama torba turan. Namoonni haala adda addaatiin miseensa maatii keenyaa ta’anii gorsa abbaakoo dhaggeeffataa turanis lakkoofsaan baay’ina obbolaakoo kanaa gad kan ta’an miti.

Ani maqaankoo Jaawwaraa Caattooti. Maqaan haadhakoo ishii ana deessee immoo Rabbituu Beekaa jedhamti. Obbolaan waliin dhaladhe keessaas dhiirri nama shani. Maqaan isaaniis angafa irraa gara quxisuutti; Milkii, Namoomsaa, Hulluuqaa, Abdiifi Dorcaa Caattoo jedhamu. Warri hafan dubartoonni lamaan immoo Marartii Caattoofi Galgalee Caattoo jedhamu.

Egaa ana waliin abbaankoo dhiira ja’a qaba. Anis abbaakoof mucaa afraffaadha. Hulluuqaatti aanee jechuudha_ dhalootaan. Anis egaa dhalootaan tokkicha_ nama qobummaan isa jeequ, akka hintaane rabbiin galateeffachaa

obbolaakoo ofcinaatti ilaaleen beeka. Haata'u malee dhalootaan qobummaan yoo natti dhagahamuu baate iyyuu seeruma uumaa hiree jireenya dhala namaa kan ta'e hojiin waan jiruuf, hojjechuuf immoo barnoonni murteessaa waan ta'eef akkuma obbolaakoo warra angafaa baratanii hojii irra jiranii, anis jireenyakoo fuuladuraaf jecha barnootaan qobaa ta'uu ergan eegalee waggoota muraasa lakkoofsisuu eegaleera.

Garuu duraan osoo waggoota qobummaa kana lakkoofsisuu hineegaliin yeroon sabaafi uummata lammiikoo keessa taa'ee barnoota sadarkaa tokkoffaa barachaa ture, barnootakootti akkuma obbolootakoo angafaa barataa cimaan ture. Qabxii qormaata biyyoolessaa kutaa 8^{ffaa} s gaarii fideen gara isa itti aanu kan afaan Ingiliziitiin baratamuutti darbe _ mana barnootaa sadarkaa olaanaa. Akkuma sadarkaan barnootakoo dabalaa adeemeen, gostiifi qabiiyyeen barnootaa dabalaa adeemuun osoo ana hinjeeqiin wanti ani beekuufi himuu hindandeenye na jeequu jalqaban_ yeroo sanatti. Sadarkaa barnootaa kanatti ergan darbee booda egaa waxxeen qormaata jireenyaa anuma mataakoo irraafi kan anaan ala naannookoo jiran irraa natti waxxifamuu jalqabe.

Dhiigni dargagummaa akka qeerransa kiyyoon qabee ana keessaa wixxifatuufi qormaanni jireenyaa akka laga Mormor ganna ganna jirma guuree yaa'uu, narratti walga'anii akka qilleensa birraa olii gadi na raasuu eegalani. Mukti qilleensaan raafame yoo hunda ta'uu baate illee osoo hinjaalatiin baala lama sadii osoo gad hinlakkisiin hinhafu. Garuu muka baala qabu yoo ta'edha malee muka baala hinqabne qilleensuu hinraasu. Raasamus waan lakkisu hinqabu. Anis guutummaa guutuutti namummaakoofi hojiikoo gad lakkisuu baadhus hamma ta'e of dagachuunkoo

hinoolle_ waxxee qormaata jireenyaa anatti waxxifaman kanaan. Xiqqaattus hamma humna ishii narratti milkoofteetti. Akka nama du'ee muka baala hinqabnetti fakkeeffamuu baadhus, qabxii barattoonni ani dorgomu fidan biratti, kankoo boquukoo 'mataa muka qagii' na goote. Lafa na ilaalchifte. Anis akkuma nama qoosee dhahamee guyyaan qabxiikoo_ jechuun kan kutaa 10^{ffaa} argee eegalee boquun ol na jechuu dadhabe. Waanumti halle akka nama gabaatti alba'ee qaanii natti ta'e. Leeyyoon natti duule.

Guyyaa tokko yaadaan badee magaala keessa osoon deemuu miilumtikoo fuudhee mana dubbisa kitaabaa uummata magaala Shaambuutti na baase. Anis xiqqoo balbala mana kitaabaa kana fuuldura ijaajjeen waanuman arge seeneen dubbisa, hamman magaala keessa jooru jedheen ol itti seene. Xiqqoo kitaabota hiriira galanii nalaalan sana ijaan irra fiigeen, keessaa tokko kitaaba 'sooshaal rileeshin' jedhu suuta fudheen gara teessuma rakkoo jiru tokkootti siqeen irra gad taa'e. Dubbisuus nan eegale.

Akkuman waa dubbiseen mata dureen ani dubbise yaadnisaa naaf galuu dide. Iddoo naaf galun dubbisa jedheen as duubatti deebi'ee baafata kitaabichaa tokko tokkoosaa yaada qalbiin ilaale. Xiqquma gad siqeen maqaa Albert Inistaayen jedhu yeroon argu dafeen fuula baafatichaa ilaale. Albert Inistaayen, barnoota sadarkaa gadii yeroon baradhu namoota bebbeekamoo hayyoota addunyaa jedhaman keessatti yeroo baay'ee maqaasaa waanan dhagahuufi malee maaliif akkan dubbisu, maal akkan dubbisu waanin karoorfadhee manaa bahe tokko illee hinjiru. Osoon joonja'ee magaala keessa jooruu Kitaabuman dubbisa jedheen olseene malee.

Garuu akkuma nama karoorfatee dhufee, mata duree keessaa filadheen gara fuula baafatichaa dhaqee dubbisuu eegale. Fuula sadan tokko akkuman dubbiseen jecha "namni qormaanni itti baay'atu yoo qormaaticha mo'ichaan irra darbe beekumsi isaa inbaay'ata" jedhun arge. Akkuman jecha kana dubbiseen yaadni isaa ifa naaf ta'uu dideeti, akka dambalii bishaan haroo qilleensi raasuu, sammuukoo keessa gaggaragaluu eegale. Qormaata akkamii? Isa barsiisaan mana barumsaatti nu qorudhamoo? Kun immoo akkamiin nama qormaanni itti baay'atu jedhama? Barataan kutaa sana keessa jiru hundihoo baay'ina gaaffii qormaataas ta'e gosa qormaataa wal fakkaatu fudhataa, Maal jechuu barbaadeeti? Warri mana barumsaa galanii barachuuf carraa hinargannehoo? Qormaanni kun isaan hinilaallatu laata? jedheen oljedhee gorroo mana dubbisa kitaabaa irra ijakoo hordeen yaadaan buusee baase.

Ta'us qormaatichi nama lafa tokkorra jiru keessaa tokkotti baay'atee tokkotti xiqqaatu isa kam akka ta'e walii baree murteessuu dadhabeen yaadakoo hiixatee ijakoo gorrootti fannise gad dachaafadhe. Jechuma kitaabichaa hima kanaaf ibsa kennan, jechichumatti aanseen yaada qalbiin dubbisuu eegale.

Dubbisee dubbisee gara gidduu yaadichaa yeroon ga'u, "qormaanni kunis kaayyoo dhalli namaa bira ga'uuf yookaan argachuuf kaayyeffatee gara fuuladuraatti itti adeemuufi namticha abbaa kaayyoo yookaan dhala namaa gidduu fageenya yaadaatu jira. Deemsa fageenya yaadaa kana keessas qaamaanis ta'e yaadaan tabba osoo fiigaani nama dhaabu, irraangadee osoo dhaabatanii nama fiigsu, hirriba osoo sireen jiruu nama didu, ija osoo aduun ba'uu fayyaa ta'ee argaa dhabuufi ta'iiwwan hunda akka kanaa dugdaafi

garaa ta’an kan qaamota miiraa dhala namaan hubatamaniifi hinhubatamne, adeemsa fageenya yaadaa kaayyoofi abbaa kaayyoo gidduutti nama mudatanidha” jedhun dubbise. Ta’iiwwan dugdaafi garaa yookaan qormaata jireenyaa ta’an kunis lakkoofsaan hammana jedhamanii beekamuu baatanillee baay’inni isaanii daandii adeemsa fageenya yaadaa, kaayyoofi abbaa kaayyoo gidduutti, abbaa kaayyoo yookaan dhala namaa mudatan kun, ulfinaanis ta’e baay’inaan, namaa namattis ta’e baraa baratti garaagara.

Kanaafuu nama ta’iiwwan akkanaa kun deemsa fageenya yaadaa kana gidduutti itti baay’ataniifi namni ta’iiwwan kana yookaan qormaata jireenyaa kana injifannoon irra tarkaanfatee deemsa fageenyaa kana xumure_ jechuun kan kaayyoo isaa biraan ga’e, beekumsa guddaa argata jechuu dha. Kunis jedha, namni kaayyoo kaayyeffate biraan ga’e hundi beekumsa guddaa wal qixa qaba jechuu miti. Maaliif jennaan, hamma guddina beekumsaa kan murteessu hamma mudannoo qormaata jireenyaa deemsa fageenyaa sana gidduutti nama mudatanii injifannoodhaan irra darbamaniiti malee, namni waan hawwu yookaan kaayyoo isaa biraan ga’e hunduu beekumsa guddaa qaba jechuu miti_ abbaan carraafi haala yeroon milkaa’uunis waan jiruuf.

Haata’u malee namni ta’iiwwan dugdaafi garaa yookaan qormaanni jireenyaa itti baay’atan, garuu mo’ichaan irra darbaman beekumsa dabalata yeroo jedhamu, abbaa kaayyoo ta’iiwwan kanatu beekumsa badhaasa jechuu miti. Nama qormaanni akkasii itti baay’atu beekumsi itti baay’ata yeroo jedhamu, hojii humnaa qottoon muka kutuu yookaan laga utaalanii ce’uu jechuu osoo hintaane. Yeroo qormaanni tokko simudatu qormaaticha injifannoon darbuuf yaada ati itti yaaddee keessa darbuuf karaa sirriidha jettee murteessite,

yoo sirrii ta'ee sidabarse ati beekumsaa akka dabalatte agarsiisa. Garuu karaan filatanii keessa darban hunduu sirriidha jechuu miti. Kanaaf laga ce'uuf, utaaluu dura yaada karaan itti laga cehan maal maaltu jira? Isaan keessaahoo kamtu hunda irra akka salphaatti na ceesisa? Jirma mukaa daandii ati deemtu irratti jigee jiru yoo siqunname immoo, qottootiin kutuu dura irra tarkaanfachuumoo, gad gangalchuumoo qottoon kutuu wayya jettee, tarkaanfachuufis ta'e gad gangalchuuf humnakee, kuttee gatuuf waan itti kutan qabaachuukee, akkasumas tooftaalee mirga namaatti hinbuune biroo wal bira qabdee yaaddee kan ati keessaa filattee ittiin irra tarte gochaadha.

Garuu yaadni gochaa kana gochaalee keessaa filatee milkaa'ee si ceesise kun siif beekumsa. Beekumsa dabala jechuunis, daandiin yookaan gochaan ati filatte akkuma garaagarummaa qormaata simudataniitti garaagara waan ta'aniif, yaadni karaa darbinsaa kana yaadee murteesses tokko tokkoon isaa akkuma baay'ina qormaatichaan beekumsa adda addaa burqisiisa. Kanaafi egaa namni qormaanni itti baay'atuufi qormaaticha injifannoon irra tare beekumsi itti baay'ata kan jedhameefii jedha _ibsi kitaabichaa.

Anis kitaabicha akkuma gundoo fuuldurakoo diriirseen, ergaa jechootan dubbisaa turee kana jireenyakoo darbeefi kaayyookoo kan gara fuuladuraa wajjin walitti fideen xiqqoo galaana yaadaan daake _ mana dubbisa kitaabaa uummata magaalaa shaambuu keessa taa'ee.

Yeroo kana anis battalumaan waan lama sammuutti of fide_ osoo hinjaalatiin. Inni tokkoffaan, Albert Inistaayen yeroo "adeemsa fageenya yaadaa" jedhee ibsa laatu waa'ee

kaayyoo dubbatee ture. Innis adeemsa abbaa kaayyoo yookaan dhala namaa irraa gara kaayyootti adeemamu yeroo jedhu, kaayyoon fuuldura dhala namaatti akka argamuufi tasuma iyyuu duuba abbaa kaayyoo akka hintaane. Osuma waltumsuun barbaachisaa ta'uu, kan geejjiba dhuunfaafi karaa dhuunfaatiin bira ga'amu akka ta'e nan hubadhe.

Garuu deemsi fageenya yaadaa qormaata jireenyaa injifachuuf deemamu jiraachuuf, dirqama kaayyoofi abbaan kaayyoo yookaan dhalli namaa jiraachuu akka qaban sammuukootti dhufe. Maaliif? Adeemsi fageenyaa jalqabuuf ka'umsa (abbaa kaayyoo) xumuruuf immoo dhuma (kaayyoo) yoo qabaate malee adeemsa hawwaa keessaa waan ta'uufi. Kan gaaffii natti ta'e garuu namni nama ta'ee kaayyoo hinqabne jiraayi? Yoo jiraate maddi beekumsa isaa maal ta'aree? Qormaata jireenyaa beekuu laata? Warri qaamaan nama ta'anii yaadaan akka namaatti ofiifis ta'e sabaaf waan boruu hin yaadne warra akkasii tayinnaa? Warra seera uumaa cabsanii, waan darbeefi waan du'e walii wallaalanii akka waan jiruutti irratti bobba'anii, kan mataa ofiif saba burjaajessan. Biyya keenya keessa jiruu laata? Moo biyyuu kan isaaniitii? Ani hinbeeku deebisaa. Garuu warri dhiyoo kana haalaaf lafa mijate irratti dhalatanii akka duumessaafi hurrii baddaatti lafa qabatanii tiratan kun, kan warra keenya ifaan dimismisa dukkanaa keessa deemsisan sammuutti na dhufnaan malee. Isaanumaafan dhiisa hamma of baranii deebii gaaffii kanaa deebisanitti. Ta'uu baannaan osoo beekumsaa hinargatiin bara isaanii guutuu osoo ofiif saba burjaajessanii du'anii hobbaafatu. Kana beekuun jalqaba isaanuma mataa isaanii, warra akka daawwitii ofii of duuba wallaalanii karaa fuuladuraa kan dura qaban agarsiisan, fayyada waan ta'eef. Haa taa'u qadaadamee hamma gaafa

deebii argatuutti. Baraaf waaqa malee namni kanaaf waan deebii qabu natti hinfakkaatu.

Inni lammataa ani kitaaba kana irraa hubadhe immoo, ani Jaawwaraan_ ilmi abbaa Milkii waxxee qormaata jireenyaa anaafi wantoota anaan ala jiran irraa anatti waxxifamaniin, bakka hiriyyaakoo ga'uu dadhabee akka nama gabaatti alba'ee boquunkoo gadi cabee deemu, guyyaa baay'ee kaniin keessa darbuuf murteesse, boquuma cabsee osoo hiriyyootakoo ija isaanii hinilaaliin, mana barumsaama ooleen gala jedheen ture_ yoon milkaa'eef hamman biyya nama maalummaakoo hinbeeknee dhaqutti. Garuu maaltu boquukoo akka cabse, furmaanni isaa boquukoo ol qabu immoo maal akka ta'e, guyyaa tokko illee yaadee hinbeeku. Kun immoo dogoggorakoo isa guddaa akka ta'e, guyyaa ayyaantuu guyyaan kitaaba kana itti dubbisen hubadhe.

Ergan hubadhees, waxxeen kun qormaata jireenyaa akka ta'eefi qormaata kanaaf gad cabuunkoo furmaata akka hintaaneefi beekumsaa dabalachuuf dadhabuukoo, akkasumas beekumsaa dabalachuuf immoo kaayyoo lafa qabate yookaan kaayyoo bishaan gabatee irraa hintaane kan fuuladurakootti argamu qabaadhee gufuu baay'ee anaaf isa gidduu jiru injifannoon irra darbuu akka ta'e hubadheen murteessee dhugaa bahe dogoggoruukoo. Innis qormaata mo'anii irra darbanii beekumsa badhaasamaniif osoo hin yaaliin waxxee qormaata jireenyaa natti waxxifamaniif ganamaan jilbeeffachuukoo.

Isan boquu cabsee oolee galuuf murteessee, amaleeffadhee tures, guyyaa kanaa eegalee kaayyookoo of fuuldura dhaabee, deemsa fageenya yaadaa anaafi kaayyookoo gidduu diriiree qormaata jireenyaan guutame, injifannoon irra tarkaanfadhee

kaayyookoo biraan ga'uuf ofumaa ofif murteesseen kitaabicha iddoo isaatti deebisee gara manakoo ishii golli ishiis, bakki ciisichaas, bakki nyaataas, bakki qo'annaas kutaama tokkoon guutamte mana kiraayiikootti, ofitti odeessaan ba'ee qajeele. Kana hundaayyuu kanaan murteesse egaa, qabxiinkoo baay'ee ana gammachiisuu baatus barnoota sadarkaa qophaa'inaa (preparatory) seenuuf ga'aa waan ta'eef baradhee boodas, barnoonni sadarkaa dhaabbilee barnoota olaanaa hedduun kaayyoo garaagaraa waliin akkuma fuuldurakoo jiru qormaanni jireenyaa hedduunis gidduu keenya waan jiraniif sodaa tokko malee injifannoon irra darbuufi.

Haa ta'u malee har'uma guyyaa yaadnikoo kana murteesseefi, yaadnikoo galgalaa ergaan wantan dubbisaa oole deddeebisee yaadee waan baay'ee wal gate. Gaaffii natti uume. Naburjaajesse_ yaadnikoo. Mannikoo ishiin mana kiraayii kutaa tokko qofaa qabdi. Garuu kutaan qo'annaakoos, kutaan nyaataakoos, kutaan ciisichaakoos hunduu osoo adda addaan naaf ta'e baay'ee natti tola ture. Fedhaafi hawwii kana hundaa kutaa qofa qofaatti kan gaafatu qabaachuu miti, tokkittiimti tajaajila kana hundaa laattu iyyuu kankoo yookaan kan abbaakoo akka hintaane mana kiraayii ta'uusheen hubadhe_ kan nama ormaa.

Kun immoo anaaf qormaata jireenyaati. Barachuun kaayyookoo waan tureef_ yeroo sanatti. Kana hundaa garuu kutaa tokko keessatti fayyadamee barattoota ijoollee sooressaa kan kutaan tajaajila adda addaa kun hundi isaaniif guutame waliin mana barumsaa tokkoofi kutaa tokko keessa taa'ee dorgomaa tokko ta'ee osoo addaan hinkutiin barachuunkoo mala dhahee qormaata jireenyaa tokko injifadhee beekumsaa dabalachuukoo agarsiisa jedheen of

waliin yaada wal jijjiiree of gammachiisuu eegale_ beekumsa badhaasamuukoo.

Kana duwwaas miti kaniin dur calliseetuma mana barumsaa oolee galu, har'aa kaasee maaliif akkan mana barumsaa deemu beekuun qaba jedheen taa'ee of gaaffe_ Sodaa qormaata jireenyaan kaayyookoo dheessee akka biraa hinbadneef.

Deebiinsaa garuu kaayyookoo tokkicha lafa qabate qabaadhee fuulduratti itti adeemuuf waan lama natti ta'eeti kanan filadhu ana wallaalchise. Inni tokko mana barumsaa dhaquun anaaf kaayyookooti moo? jedha, inni kan biroon immoo mana barumsaa dhaquun daandii deemsakoo kaayyookootti ana geessudha jedhee yaadakoo waliin dhaha.

Xiqqoo tokko taa'een keessakoo dhaggeeffachaa yaade. Manni barumsaafi barnoonni isaan lachuu kaayyookoof daandii akka ta'aniifi akkasumas deemsa anaafi kaayyookoo gidduutti, qormaata jireenyaa ana mudatan injifachuuf garuu manni barumsaafi barnoonni kaayyookoo ta'aniiti karaa itti kaayyicha lafa qabate bakkaan ga'an deemsakoo fuuladuratti butu. Garuu akkuma haalaafi bifa qormaatichaa irratti hundaa'ee daandii, mana barumsaafi barnoota kaayyoo taasisu akkan filadhu nan murteesse. Yeroo kana egaa, daandiin kaayyoo lafa qabatetti nama geessu yeroo tokko tokko bifa jijjiirratee, kaayyoo illee fakkaatee, daandiin kun kaayyoo kaayyootti nama geessu fakkaatee akka mul'atu ija yaadaanan arge.

Ta'us jalqaba deemsakoof of godhadhee deemsakoo xumuruuf dhumni isaa kaayyookoo isa lafa qabatedha, jedhee ergaan xiqqoo yaadee booda ammas sammuunkoo qormaata

jireenyaan waxalamaa ture gaaffii biraa natti dhale. Kunis qormaata jireenyaa, deemsa fageenya yaadaa kaayyoo bira ga'uuf taasisu keessatti ana qunnaman hunda, moo'ichaan darbee kaayyookoo bira yoon ga'e isaa booda kaayyoo qabaachuuf xumura irran ga'emoo? Kaayyoon biraa ammas fuuladura jira jedheen of gaaffe. Battalumatti gaaffiin of gaafadheef sammuunkoo hiikkaa xiinxala jechootaan dubbisaa oole irraa jireenyakoo darbe waliin wal bira qabee deebii naa erge_ haa galatoomu. Akkana jedhe. Wanti wanta tokkoof xumura ta'e wanta isatti aanee gara fuuladuraatti jiruuf jalqaba ta'a jedhe. Anis itti amaneen kaayyoo tokko qormaata jireenyaa injifatanii biraan ga'uun kaayyoo biraa itti aanuuf karaa soquu jalqabuu yookaan ka'umsa akka ta'e nan hubadhe.

Kanaafuu kaayyoon dhala namaa dhuma hinqabu, garuu seeruma uumaa ta'ee umriin dhala namaa, guyyaan beellamaa wallaalamus, dhuma waan qabuuf ammaan lubbuun jirutti karaa gara kaayyootti, kaayyoo gara karaatti jijjiiruu, seera uumaa gufuu daandii jireenyaa ittiin irra taran kana, waan gochuu hindandeenye itti dhama'ee humnakoo galata muka qoraanii gochuufi waanan gochuu qabu osoo hingodhiin hafee asheeta daraaree osoo ija hin naqatiin caamsaan qaqqabe osoo of hintaasisiin waanan gochuu danda'u gochuuf waadaa ofiif seeneen qabattookoo jabeeffadhee bixxillee xaafii nyaachaa barnootakoo kutaa 11ffaa eegale.

*****

Egaa, durillee yeroon barnoota sadarkaa tokkoffaas ta'e sagaliif kudhan baradhe, lakkoofsaan akka malee hedduummannu illee baay'een keenya ijaan wal beekna_

barattoonni. Naannooma tokkoo dhufne waan ta'eef. Kutaa 11ffaa ergan eegalee garuu akka duraanii baay'inaan hagas hedduu miti. Ta'ullee barattoota daree adda addaa, waliin mana barumsaa barannu keessatti hedduun keenya bifaan illee wal agarree hinbeeknu. Kunis kan ta'eef barattoonni qormaata biyyoolessaa kutaa 10ffaa na waliin fudhatan hedduun isaanii qabxii gara sadarkaa barnoota qophaa'inaatti isaan dabarsu waan dhufuufii dideef, hunduu gara na baasa jedhee filatetti adduma adda faffaca'eera. Kaan gara qonnaatti, kaan gara daldalaa, kan qarshiifi lafa dhabe immoo kaan gara hannaaf saamichaa, kaan immoo isa qabuuf hojjechaa du'aaf jireenya gidduu marmaaru_ gaaf tokko tokkotti kufuun isaaniis hinoolu. Barattoonni qophaa'inaaf dabarres xiqqoo kan ijaan wal beeknu illee daree adda addaatti bittinoofnee jirra.

Warri mana bornootaa biraa kan akka Finca'aa, Jaartee, Haratoo, Saqalaafi Abee Dongoroo irraa carraa akka keenyaa_ qabxii qophaa'ina isaan seensisu argatan, manni barumsaa qophaa'inaa yeroo sanatti iddoo ani itti baradhe mana barumsaa magaalaa Shaambuu malee kan isaanitti dhiyaatu waan hinjirreef, barattoota bakka biraatii fira qaban malee, baay'een isaanii dhufanii galmaa'anii barnoota eegalaniiru. Baay'een keenya egaa keessummaa waan walitti taaneef, garuu manni barumsaa nuyi hundi itti walgeenye immoo dhuunfaatti abbaa manaa akka mana dhuunfaatti waan hinqabneef, kan ka'ee wal haa barru kun abalu jedhama, an abaluun jedhama, dubbadhaa, taphadhaa jedhe tokkollee hinturre. Hunduu ija lafa jalaan hatee hatee wal ilaaluu malee. Barnoota eegallee ji'a tokko erga darbee booda yeroo hunduu akkuma walitti dhiyaatee taa'uun wal taphachiisuu eegalu, anis kan ana cinaa waliin waa'ee barnootaa dur bakka turretti

dabarsinee, taphachuun eeagale. Osuma seenaan barnootakoo darbee madaa qubaa natti ta'uu.

Akka carraa ta'ee barataan ana cinaa taa'e barataa mana barumsaa Haratootti xumure Kifilee Zamanuu jedhama. Maqaas wal barree wal kokkofalchiisaa hasaasuu erga jalqabnee guyyaan bubbuleera. Guyyaama dhufee darbu baay'ee garaa wal barree waa baay'ee waliin taphachuutti kaane. Ajandaa guddicha bara dargaggummaa kan ta'e, waa'ee shamarranii kaasnee erga waliin qoosnee booda, shamarroota mana barumsaa biraa irraa dhufan daree keessaa halaalatti ijaan barbaaduu eegalle. Akkuma tasaa yeroo iji keenya shamarroota sadii kan taa'umsa gara gamaa irra taa'an waliin wal irra bu'us gaduma jennee akka nama qaana'eetti ofii wal ilaallee walitti kofalla_ anaaf Kifileen. Shamarran nuti hannee isaan ilaallu kunis osuma nu arganii akka nama hinagarree sobanii gama gama ilaalu malee qaanii keenya kana nurratti hubachuu hinoolle.

Bulee bubbulee isaanis nu ilaalanii wal ilaalu. Nikokkolfu. Yeroo hundaa deddeebi'anii ijaan nu mil'atu. Guyyaa tokkodha egaa kan yeroo kaan, yeroo hunda, si'an ijaan isaan ilaalu kolfanis callisanis, ani garaakootti kolfee gammadu, waan haaraan kan na mudate. Innis, kolfa shamarreen sun nu mil'atanii kolfan, yeroo hunda iyyuu yerooma ilkaan saaqan ijaan halaalatti agarra malee sagaleedhaan kolfa ishii kamiitu akka bareedus ta'e fokkisu gurraan dhageenyee hinbeeknu. Garuu ijikoo dur gamatti fuula isaanii ilaalee nikolfu, nicallisu jedhee sammuukootti himaa ture, har'a altokkittii baallee ijakoo olqabadhee garuman dur baretti yeroon ibsaa ijakoo ibsu, ijashee bongol gootee xiqqoo na ilaalteeti kan dur ijikoo argu kolfa seeqa ilkaanshee dhiistee calluma jette_ waan haaraa. Ergan ishii ilaaluu jalqabee kan ani argee

hinbeekne nyaara guurtee lafa ilaalte. Anis akka nahuu taheen callisee osoo ijakoo irraa hinbuqqisiin kan durii caalaan ishee ilaale_ ija baasee.

Yeroo kana egaa galma onneekoo irraa ka'ee daandii carara ibsaa ijakoo irra deemee habbuuqqaa jaalalaa geessee osoo ishiitti hinhimiiniifi itti hinkenniin toluma, kolfasheefi seeqa ishii irraa gammachuu kan naa fidaa ture har'a daandii summii hirriba nama dhowwu irra daldalan ta'ee achii as ija babaasisaasaa natti guure_ yaadnikoo.

Anis akka of wareeruu ta'eeni mucaa ana cinaa taa'u kana_ Kifilee, kottu waa wal mari'anna jedheen mataasaa qabee gara kootti ofitti qabe.

Innis gadi natti jedheeti « maali Jaawwaraa har'ammoo dubartootittii yeroo hundaa as nu laaltu kana ijaan illee ilaalteema kolfuu iyyuu irraanfattehoo » na jedhe.

Kifilee… ana dursitee dubbatte malee kaniin mari'anna siin jedhe illee waa'ema kanaati. Kanaan booda, ani har'aa kaasee akka kanaan duraa hunduma isaaniitti ilkaankoo hin yaasu. Garuu isaan keessaa ishii mucaa dhiiraa mataa jigaa sanaafi intalittii diimtuu mataa dheeraa sana gidduu teessu du'een bada malee hindhiisu. Yoo dhuguma hiriyyaakoo taate ammaa kaasii mala naaf barbaadi karaan intala kana itti argadhu jedheen intalittii ijikoo ilaalee sammuunkoo wareere sana kifileetti agarsiifadhe_ mudannoo haaraa har'a na mudatee qaama na rom'isiise of keessa dhoksee.

Kifileenis "duraan dursa garuu Jaawwaraa gaaffii ani sigaafadhu fedhakeetiin dhugaa onneekee keessa jiru naa deebisuuf ati eeyyamamaadhaa ?" jedhee na gaafate.

Eeyyee, waanan beeku hinbeeku, siin hinjedhu. Waan barbaadde sodaa tokko malee na gaafadhu jedheen ija isaa keessa ija jaalalaan ilaale.

Innis xiqqoo lafa hedeeti, “toleka Jaawweekoo” jedhe. Ana gaafachuuf waan afaan banate fakkaateeti achumaan callisee na ilaale.

Maali? maal taate? sin gaafadha jettee na gaafachuu sodaattemoo, maal shakkite? jedheen anis ija isaa keessa ilaale. Haalli fuula isaas kan dur waliin qaaqnu irraa adda natti ta’e.

“Lakki hinsodaanneyyuu. Jaawwee, haa ta’u malee ati hanga har’aatti jaalallee jaalala waliin dabarsite qabdaa?” jedhe. Afaanii baasee na gaafate_ fuulaafi haalaan ani itti himes tapha durii irraa adda waan itti ta’e natti fakkaata.

Lakki, jaalalleen jaalala waliin dabarse hanga ammaatti hinqabu. Garuu shamarran tokko tokko ishuma gaafa gabaatti karaatti wal agarree waliin taphannu malee, jaalallee dhugaa hamma du’aa dullumaatti naa taati, waliinan jireenya biyya lafaa dabarsa jedhee qabadheeru hinqabu jedheen dhugaa onneekoo keessaa osoo hindhoksiin kan natti fakkaate itti hime.

“Ihii … maal maal jette aboo. Jaalallee hamma du’aa dullumaatti ana waliin taatun godhadha jetteetiire, ati amma intala gama teessu kana kan naaf haasofsiisi na jettu” naan jedhe_ Kifileen.

Eeyyeekaa . Kun sii hingallee ? Hamma yoomiittan jaalala karaa irraafi gabaa irraa dabarsa ani Kifilee… jedheen callise.

“Akkas yoo ta’e egaa, haadhookoo osoo shamarreen jaalala karaarraas ta’e gabaarraa waliin dabarsite, kan garaa isaaniifi maalummaa isaanii beektu jiranii, kan jaalala karaa irraafi gabaa irraa waliin hindabarsine intalittii kana jaalala hamma du’aaf dullumaatti waliin dabarsuuf akkamitti filatteree ? Moo… dubartiin ati jaalala akkasii waliin dabarsuuf filattu madaallii kan ati ittiin madaaltu kan addaa qabda ?” jedhe. Ammas gaaffii irratti gaaffii natti dhiyeesse. Silaa dura na gaafadhu jedhee waan eeyyameefiif homaa jechuu hindandeenye.

Xiqquma calliseen akkas jedhe. …..Kifilee ani karaa mataakoo akkamitti akka jaalallee filatani miti jaalalumti mataan isaa hanga har’aatti maal akka ta’eefi akkam akka nama godhus, maal akka namaa godhus, waan tokko illee waanuman beeku hinqabu. Garuu har’ammoo, shamarreema dur ilaallee walitti kofallu sana, ijikoo xiqquma osoo ishiin na laaltuu irra bu’ee yeroo deebi’u, waantuma qaamakoo akka dhallaadduu bishaan keessaa na hoollachiisuufi garaakoo akka nama waa gatee ana bir’achiisu na keessa facaase. Kanaaf, anis hanga har’aatti yeroon jaalala karaa irraafi gabaa irraa dabarsaa turetti akkas ta’ee waan hinbeekneef, kun jaalala isa dhugaa umrii dheeraati ta’aa jedhee shakkeeni sitti himachuunkoo iyyuu jedheen, gaaffiirratti gaaffiin kan inni na mudde dhugaa jiru, kan dura rom’uukoof kirkiruukoo dhoksadhee ture ifa baaseen itti hime.

Bilbilli dhumaa gara manaatti gallu waan bilbilameef, “waan hundaafuu mee ka’imee Jaawwee hanga wal irraa maqnutti odeessaa yaana. Kan hafes bor rafnee kaanee mari’anna” jedhe. Barruulee isaa walitti qabatee na laale _ hiriyyaankoo Kifileen.

Tole, garuu xiqqoo obsi. Intalittiimti kun daree keessaa haa baatu. Duuba isaanii deemnee mana barumsaa kamii akka dhufteefi eessa akka ishiin galtu itti gaafanna jedheen ol ka'ee minjaala irratti barreeffannu irra fuuldura Kifileen taa'e. Akkuma barattoonni dareetii yaa'aniin intala hiriyyaashee daree biraa jirtu intala bareedduu diimtuu tokko cinaa buutee intalittiin dareekoo ani hoollachaafii jiru kun, gara mana ishiitti kokkolfaa qajeelte. Anis hiriyyaakoo Kifilee waliin duuba bu'een qajeele_ akka tikee galgalaan loon galchituu. Duubuma isaanii osoo deemnuu yeroo duubatti mil'attu, ijikoo ija ishiirra bu'e. Ishiinis hiriyyaa ishiitti waa hasaasteeti kikiksanii kolfani.

Anis waanan dubadhu wallaaleen, sombikoo lapheetti ol cufameeti, hafuura baafachuufis fudhachuufis nama aara hubboo keessa seenen ta'e. Muddamuufi cinqiin baay'ee natti dabalaa adeeme. Maalittan duuba jara kanaa dhufe ? Osoon dura darbee galeera ta'e, jedheen of ceepha'aa sodaan ishii irraa qabuun jaalala dhugaa ishiif qabu itti dubbachuu miti ijaajjee deemuuf lukti najalatti sirbe_ of fuulduratti ishii ilaalee.

Kifileenis, calliseetuma ana cinaa deemee waa'eekoo ammaa kana, kanan duratti isatti dubbadhe waliin makee yaadaan buusee baasa. Nu lachuu osuma waan tokko itti hindubbatiin iddoo mana kiraayiikoo geenye.

Hirriyyaankoo Kifileenis "Jaawwee… jedhi egaa mannikee asi natti fakkaata. Waan hundaafuu ani amma duuba isaanii deemeen mana ishiin galtuufi mana barumsaa ishiin irraa dhufte gaafadheen bor siif bareen dhufa. Isaa booda akkuma taanu taanee siif haasofsiifna. Jedhi, galii kitaabakee dubbisi"

jedhe. Gateettiin natti bu'ee teellaa isaanii qajeele, kophaa isaa.

Tole, jedhi nagaatti. Galatoomi! Jedheen dallaa mana kiraayiikootti seene. Dhagaa warri abbaa manaa tuulaniiran tokkorra koree taa'een galaana yaadaa haphaluu eegale.

Amma dhuguma intalli kun osoon gaafadhe tole najettii ? Ani hinbeeku. Ilkaan ishii silaa baddeessaa arfaasaa laga Asattiiti. Yaa uumaa siif safuu! Ilkaan rabbi naaf laate osoon qabuu kan namaa ilaalee yeroo qaamnikoo hoollatu. Ija ishiis ilaali adaraa waaqaa, buutii dhagaa jalaa akka gucaa namatti ibsu fakkaata yeroo ishiin baallee ijashee olqabdee gabatee gurraacharraa qubee funaantu. Rifeensi matichaa silaa maali, ishiinuu beekkattee ol martee gad martee xaxxee hiiteetti malee osoo gadi gadhiistee deemti ta'ehoo Jaawwee ilmi abbaa Milkii yoona qaata maraatteetti.

Waaqayyoof safuudha! Ishii kaanoo kaan funyaan milikkita gumbii fakkeessa, kaan rifeensa mataa xaafii goordanarraa roobni itti caame fakkeessa, kaan hidhii qarqara cumboo Horroo fakkeessa, kaanimmoo ilkaan kalaadaa karkarroo fakkeessa. Kaan immoo deemsa jettee jilbaan lafa gadheessiti. Otuma hamma ta'e qaama alaan hunda tolcheyyuu kaanimmoo amalaan foolii Xirinyii godhee akka namni irraa baqatu, karaa ishiin dabarte akka namni hindabarre godha. Kan ishii kanaa nama ajaa'iba. Qaamaanillee akkuma Mahibuubaa mudaa bareedinaa tokko malee ishii uumeeti, amala isa akka aannanii nama qabbaneessu kana, kan akka asheeta birraa daandiirraa nama waamu. Nama hawwatu kana ishii badhaase. Bohoo! lafumti dhihee naaf haabari'u. Tole jettes jechuu baattus lafa maaltu garagala. Afaankootii baaseen du'a. Maaltummoo na ajjeesa?

Akka ani ishii jaaladhehoo ammuma iyyuu ciicachuun ishii hinhafne.

Garuu maaliif na laaltee hiriyyaa ishiitti hasaastee kofalti? Ishii jaalachuukoo barteeti ana tuffattee kofaltimoo? Akkasidha taanaan kuni fala hinqabu. Kana rabbumatu kuulee sararee uumee, mana barumsaa ishiin barattee harka qabee fidee, ana cinaa kaa'ee na maraachee qullaa na deemsisuuf murteesseera yoo ta'e malee…. Nama dhiba hojiin rabbii! Yerootti baakteeriyaafi vaayirasoonni dhala namaa fixaa turan qoricha argatanii, bara namni fayyaan jiraachaa jiru keessa, nama akka ofii bishaan dhugee fincaan fincaa'uufi midhaan nyaatee udaan hagu, ala isaa ijatti bareechee dhukkuba natti godhee ana ajjeesuufii? Ajaa'iba! Ishii kan alli ishii bareede, qaamni ishii jaalala ishiif dabaleeti kankoo keessikoo jaalala dhugaan bareede onneenkoo dhukkuba naa dabalee? Moo bara fuggisoo dhaladheen jaalalaan miidhamaa? Dhalachuunkoo akeeka rabbii mitii laata? jedhee osoon yaadaan uumaaf uumamaa waliin makuu

"Maali aabbee har'ammoo jedhuma jettee dabtarakee manatti galfachuun illee si jibbisiiseeti barruulee qabattee kan sa'aa jahaatti galte hanga sa'aa kanaa ala teessaa?" jedhee galaana yaadaa keessaa wareersee na dammaqse. Hiriyyaankoo ollaa manakoo galu_ Tokkummaan. Yeroon oljedhee isa ilaalu mucaan dhiiraa fuula haarowaa tokko duuba isaa ijaajja.

Anis xiqqoo uf-f-f…. jedhee hafuura dheeraa baafadheeni, lakkii… Tokkee dhagaan kun taa'umsaaf natti tollaaninii as taa'a malee manakoo jibbeen miti. Kottaa ol seenaa. Shaayii isiniin dhaaba jedheen iddoon taa'uu ol ka'ee dhaabadhe.

“Beenukaa erga jetteemmoo nuu danfisi. Anoo keessummaayyuu qaba har’oo” jedheeti mucaa fuula haaraa duuba isaa ijaajju sana harkasaa qabatee garakootti siqe. “Mee dursa mucaa kana waliin wal bari Jaawwaraa…. Hiriyyaakooti. Daree keessatti wal bira teenya” jedhe_Tokkummaan.

Tole, jedheen itti siqee harka fuudhe. Jaawwaraa naan jedhan jedheen maqaakoo itti hime. Innis “Gaanfuree naan jedhan” jedhee maqaa isaa natti hime.

Kottaaka. Ol seenaa jedheen balbala manakoo furtuun baneen olseenee barruuleekoo olkaayyadhe. Isaanis duubakoo na hordofanii manakootti olseenan.

*****

Silaa bakka taa’umsa keessummaa duraanuu hinqabu. Siree ciisichaakoo ishii muka duudaa irraa akka saqalaa boqqolloo laga ciraatti hojjetamte irra gad taa’ani. Shaayii isinii danfisakaa jedhaa taphadhaa jedhee yeroon cinaa isaanii bakkan taa’ee ol ka’u, “lakki anoo taphaafan siinjedhe malee nuyi manakootii laaqana nyaannee, dhugnee dhufne. Amma suma waliin xiqqoo taphanna jennee dhufne malee waan dhugamu barbaacha miti. Garuu ati waan laaqana hin nyaanne fakkaatta. Yoo jiraate ofiikee fudhuu nyaadhu. Yoo hinjiru ta’emmoo beenu manakoo deemnee bixxillee gogduu nyaatta. Cuuphanni illee waan jiru natti hinfakkaatu” jedhe. Ija keessa nalaale.

Lakkii, Tokkeekoo nyaadheerayyuu. Isin nyaattaniittu taanaan asuma turaa teenyee waliin taphanna jedheen osuma bixxilleen manakoo jiruu, otoo hin nyaatiin akka nama

nyaateeruu ta'eeni fuuldurasaanii ofirra quuphaneen taphachuu eegale.

Gaanfuree ati mana barumsaa kam irraa dhufte? jedheen gaaffe.

"Ani mana barumsaa Finca'aa irraan dhufe" jedhe.

Tokkeen sitti himeera natti fakkaata egaa. Nuyi asuma Shaambutti baranne jedheen anis eessatti akkan baradhe itti hime.

"Eeyyee, natti himeera. Anis kanumaafi egaa manakee Tokkummaa wajjin kanin dhufe . Biyya na barsiistu. Kan akka jaalalleefaa durba Shaambuu keessaa naaf barbaaddu malee waggaa lama hamman as turutti kophaakoo danda'aare ?" jedhee nu kofalchiise_ Gaanfureen.

"Nuyi intala keenya nama intala biyyasaa nuu fideef malee dabarsinee hinlaannu. Yoo barbaadde shamarran biyyakee achitti waliin baratte dafii wal nubarsiisii garaa nu laaffifadhu malee kanaan ala ilmoo kuruphee taatee hafta Shaambu irratti" jedheeti Tokkummaanis qoosaa irratti qoosaa dabaleeti kolfaan mar'ummaan nucire.

Jaalala hiriyyaa saala faallaaf jalqaba ta'uun keenya kunis Gaanfureetiin illee akkuma nama biyya maccaa dhufeetti akka ilaallu nutaasise_ durba biyyakee nuuf fidi jechuu keenya. Akkanumaan tapha nama kokkofalchiisu wal walitti darbachaa turre.

Aduun dhiiyinaan, "ka'een keessummaa kana gara mana isaatti gaggeessee deebi'een hojii manaa tokko hojjedha. Egaa Jaawwee atis xiqqoo qo'adhu" jedhe. Hiriyyaa isaa Gaanfuree fudhatee qajeele_ Tokkummaan.

Tolekaa, deddeebi'ii taphadhu kottuutii achumaan hinbadiin. Jedhaa nagaan bulaa. Halkan gaarii isiniif haa ta'u, jedheen isaan gaggeesse.

Deebi'ee manakootti olseeneen kophaakoo takka taa'e. Ijaan keenyana manakoo fuulduraa hanga duubaatti ilaaleen, achumaan duubaan sireekoo irratti kufe_ osoo hinbeekiin hirribaan dagatame. Osuma uffatakoo of irraa hinbaasiin otoon ciisee yaadaan farda jaalala jalqabaa gulufuu hirribni dhufee ana fudhatee badeera. Hirriba keessaas dammaqee yeroon utaalee ka'u sa'atiin halkan keessaa 11:00 ta'eera. Hamma kanaatti egaa barruuleekoo qaamaan miti yaadaanillee gargar hinsaaqne. Waa'een qoonqoo silaa irraanfatameera. Irbaanni waa'ee intala bareedduu yaaduu taate. Barruuleekoo tokko butadheen of fuuldura kaa'ee dubbisuun eegale. Madaa of dagachuu bara barnootakoo darban keessatti na mudatantu na keessaa bir'atee barruulee na kaasise malee sammuu tasgabbaa'ee qayyabannaaf qophaa'e qabaadheen miti.

Osoo barruuleekoo hindubbisiin yerookoo haga kana gubuunkoo baay'ee na aarse. Anis dafee utaalee ala ba'een fuulakoo dhiqadhee deebi'een dubbisuu eegale. Xiqquma akkan dubbiseen boroon barii borgog jedhee diimate. Laftis bari'e. Anis akkuma durattii cireekoo bixxillee gogduu nyaadhee, barruuleekoo qabadheen gara mana barumsaatti qajeele. Hamman hiriyyaakoo, Kifilee arguttis baay'ee ariifadheera. Waa'ee kaleessa dubbannee gargar baanee sana maal irra akka inni ga'ee bule gaafachuuf. Akkuman mana barumsaa ga'een dafee ariitiidhaan Kifilee bira deemee anumaa itti haasa'uu jalqabu baay'ee natti kolfe.

Maali? maal natti kofalta? jedheen deebi'ee lafa ilaale.

“Waanuma kaleessa hamma kanaa guddifnee taphannetu na ajaa’ibee ana kofalchiisa” jedhe_ kifileen.

Ati fayyaa hinqabduu obboleessakoo? Wanti kana caalaa guddifamee odeeffamu anaafi sii gidduutti akka hinjirre hubadhu. “Ollaan bultee beekaa akkatti bule abbaa beeka” jedha oromoon. Kanaafuu keessakoofi muddamakoo anaafi galgala edaatu beeka. Salphistee hinilaaliin, jedheen fuula aariitiin sagalee jabaa itti dubbadhe.

Kifileenis, “wanta ani jechuu barbaade osoo hinhubatiin jarjartee waan biraa keessa galte malee, Jaawweekoo kan ani siin jechuu barbaade waan biraati” jedhe.

Maali inni biraa immoo? jedheen ammas nyaara itti guure.

“Maal seete Jaawwee, intalittii ati jaalatte sun, kan kaleessa maqaa ishiifi mana ishii baruuf akka waan guddaatti ilaalle, har’a maqaasheef manashee dhiisiitii akka ati ishii jaalatteyyuu itti himee amansiise. Akka ishiin si haasofsiiftus waadaa galcheera. Kanaafi egaa salphisee ilaalee sitti kolfuunkoo. Wanta nuti hineegnetu nuuf mijate waan ta’eef“ jedhe kifileen. Akka inni yaadetti, nan haasofsiisa jechuun ishii, waan tole jette fakkaata.

Dhugumakee jettamoo natti qoosaa jirtaa? kifilee…. Egaa ani kana hinamanu jedheen callisee lafa ilaale.

Kifileenis, “Jaawwee egaa amantes amanuu baattes har’a sa’aa booda mana barumsaatii akka baaneen walin isin qunnamsiisa jedhee waadaa ishii galcheen jira. Kanaafuu, booda waan jettu ammumaa jalqabii itti qophaa’i. Ani waan anarraa eegamu xumuree gara keetti dabarsuuf sa’aa xiqqootu ana hafe” jedhee gara dareetti ol seene.

Anis faanuma isaan ol seene. Barsiisaanis daree seenee barsiisuu eegale. Anis sa'atii sanaa eegalee waanan ishii jedhuufi waanin gochuufii qabu buusee baaseen yaaduu jalqabe_ tole ana jechuu ishii gammadee. Namni ofiifuu waan godhu hinqabne kan bixxillee gogaa nyaatee oolee bulu_ waa'ee barsiisaa dhaggeeffachuu dhiisee. Akkuma barsiisaan jalqabaa daree keessaa ba'een, anis kottee isaa irra ejjedheen utaalee ala bu'e. Fiigichan keessaa fuudhe. Akka jabbiin burraaqe. Akkamitti dareetii akkan ba'es, akkamitti akkan manakoo ga'es hinbeeku. Balbaluma manakootti of arguukoo malee _ gammachuuf naasuun walmakee of na wallaalchiseera. Manakootti olseeneen uffatan qabu hundaa gad guureen ofitti safaruu jalqabe. Kamtu irra caalaa anarraa bareedee intala sana hawwatee gammachiisuu danda'a jedhee filadhee uffachuuf. Namni yookaan hiriyyaan kun sirraa bareeda uffadhu, kun immoo sirraa fokkisa ofirraa baasi kan ana jedhes hinturre. Yaadaan intalli ani jaaladhe kun ka ana cinaa dhaabattee kana wayya, kana dhiisi jettu natti fakkaata ture. Dhugaan jiru garuu kan ilaalus ana, kan ilaallatus ana. Sanuu onnee lafa bir'ateen. Durumaanuu uffata hedduu hinqabu. Ta'us ishuman qabu keessaa ergan filadhee uffadhee fuulattis waa diddibadhe. Gara mana barumsaatti deebi'een akka billaachaa kaadhe. Yeroonis egaa qophaa'i jedhee taa'ee sin eeguutii sa'atii booda inni jedhame, yeroon beellamaa ga'uuf bilbilli dhumaa bilbilamee gara manaatti yaanee qajeelle.

Kifilee… Maqaa ishii barteetta mitii ? Eenyu jedheen ishii dubbisaree? Amma natti himi malee, jedheen osoo hinbeekiin Kifilee gaaffiin sarduu barbaade. Kan dura ishii argachuun samii tuquuf yaaluu natti fakkaatee ture sin haasofsiisa jechuu ishii dhageenyaan lapheen nuugii natume.

“Maqaan ishii illee Kuluulee jedhamti. Garuu ati yeroo harka fuutu maqaankoo abalun jedhama jedhii itti himi. Ishiinis sitti himti” jedhe, Kifileen. Inniin ani barumsa dhiisee galee uffata jijjiirradhee, fuula cululuqfadhee deebi’e garuu Kifilee baay’ee kofalchiiseera. Osuma afaanii baasee dubbachuu dhiiseyyuu.

Tole jedheen hiriyyaakoo_ kifilee waliin balbala galma mana barumsaa irra ijaajjinee eegne. Kuluuleenis hiriyyaa ishii waliin akkuma kaleessa yoonaa kokkolfaa dhufte. Akkuma dhufanii nu bira ga’aniin, “jarana maal taatan? Barsiisaan biraa erga nuyi baanee isinii galemoo? Moo deemsuma dadhabdaniiti boodatti haftan?” jedheeti Kifileen harka isaa gara Kuluuleetti hiixate_nagaa gaafachuuf. Ishiinis akka qaqqaana’uu tokko taateeti callisteetuma harka hiixattee nagaa gaafatte_ hiriyyaa ishii waliin.

“Kun egaa hiriyyaakoo kaniin kaleessa waa’ee isaa sitti himedha. Wal bari Kuullee” jedhe, Kifileen.

“Kuluulee naan jedhan” jettee harka na fuute.

Anis Jaawwaraa naan jedhan jedheen harka hafuura sodaadhaan dafqa dibateen harka fuudhe.

Yeroo yartuuf hundi keenya iyyuu akka callisuu taane. Garaa waan wal hinbeekneef qofa miti wanti wal nu barsiise sun _jaalalli _hunda keenya iyyuu waan saalfachiise natti fakkaata. Warri kuun yoo akkakoo sodaan hollachuu baatanillee. Egaa anis callisuma keenya kana cabsuuf jecha, barnoonni akkamiree kuluulee jedheen ijaan of ishii ilaalchise.

“Gaariidha egaa hanga ammaatti, isa gara fuuladuraa hinbeeku malee” jette. Dubbiin ana jalaa bade. Itti fufee waanan dubbadhun dhabe. Waanan itti qophaa’e hunduu lafa inni bu’en dhabe. Wantin ani dubbii fida jedhee itti dubbadhus jechuma ishiin altokko dubbattuun guduunfama.

Kifileefi hiriyyaan Kuluulee akka nuyi waliin taphannu barbaadaniiti, anaafi Kuluulee dhiisanii qarqara daandii qabatanii akkuma nama nu hinbeeknee lama ta’anii haasaadhaan wal kokkofalchiisaa nurraa siqan. Anis yeroon waanan dubbadhu dhabu iddoo maqa manakoo ga’ee osoo waan tokko afaan ishii irraa hindhagahiin maal jedheen irraa gora jedheen of wareeree akkuma nama gammoojjii Baloo Bareedaa keessaa leencaaf gafarsa ari’uu dafqa xuruurfadhe.

Kuluulee…. ergaankoo si ga’eera mitii? jedheen gaaffe.

“Ergaa maaliiti?” jettee yeroo ija keessa na laaltu ittuu itti caale dafqi fuulakoo irraa roobu. Ishiinis akkan ani ishii saalfadhe hubatteetti. Saalfii sodaa ta’uuf jaalala dhugaa ta’uu isaa garuu adda baafachuu hindandeenye.

Ammas ija keessa na mil’atteeti, osuma ani waan tokko hindeebisiiniifii, “Kifileen waan kaleessa natti hime sanadhaayi?” jette.

Eeyyee, jedheen callise anis _ gammachuu ana haasofsiisuu ishii irraa qabuun.

“Maaliree deebisaa isumatti himeen ture, isarraa hindhageenyee?” jette.

Dhagaheera, garuu afaan namaa caalaa afaanumakee irraa osoon dhagahe na gammachiisa jedhee waanin yaadeefi malee jedheen deebiseef.

“Wanni anarraa dhageessu hunduu na gammachiisa jechuukeetimoo maal jechuu barbaadeeti?” jette.

Eeyyee, Kanumaafi si jaaladhee si gaafachuunkoo iyyuu jedheen akkan ishii jaaladhullee dubbii hiriyyaakoo kaleessaatti dabalee afaanii baaseen itti hime.

“Dhiifama naaf godhi Jaawwaraa…. yeroon amma anis ta’e ati irra jirru, jireenya keenya gara fuuladuraaf kan itti dhagaa bu’uuraa keenyudha malee kan itti jaalala keessa gallee wal takaallu miti. Anaaf yeroon itti jaalala hiriyyaa saala faallaa jalqabnu amma miti. Atis kana beektee osoo waan baay’ee keessa hingaliin meeshaa barri hinjijjiirre kan ittiin dhagaa bu’uura jireenyaa ittiin kaa’aniifi ittiin gamoo jireenyaa ijaaran kana, barnootakee jabaattee barattee bakkaan akka geessu si gorsuun barbaada. Kanaafuu wanni haaraan anarraa dhageessu yoo jiraate, akka obbolummaatti gorsa waan ofiif yookaan obboleessakoof hinbarbaanne siifillee akka hinhawwine sitti himuu qofaadha” jette.

Asitti jalqabe wanti ani yaadee dhufeefi wanni dhugaan ana mudate jireenyakoo irratti qumaaraa taphachuu. Sodaan anaan dafqa firiirsise, waa’ee tole jechuusheefi dhiisuu ishii adda baasuu osoo hintaane, waa’ee tapha dubbii jaalala hiriyyaa faallaa wallaaluukooti. Dubbiin ganamaan daree barnootaakoo keessaa ana baasee uffata sagal na jijjiirsisee dibataan fuulakoo cululuqse waan uffata anarraa baasee awwaara natti uffisee qullaa na fiigsuuf ka’e fakkaata. Akkan dubbii afaan Kuluulee irraa dhagahetti. Addunyaan jireenyaa uffata gurraachaan kan ana marse yero kana egaa.

Maaloo Kuluulee, inni ati jette akkuma jirutti ta’ee, yeroo kanatti hiriyyaa qabachuun waan jireenya namaa sakaalu natti

hinfakkaatu. Hiriyyaa keenya miti kan nuu gadiiyyuu yeroo ammaa kana hiriyyaa lama sadii qabu. Tokko qabatanii waliin jiraachuun garuu rakkoo qabaatee natti hinmul'atu. Akkamitti sitti akka fakkaate hinbeeku malee. Kanaafuu gorsa yaadakee kana irra deebii ilaali. Baay'een sijaaladha. Siwaliin jiraachuufis onnata guddaan qaba. Jaalala ani siif qabu naaf hubadhu. Ati jaalala jalqabuun jireenya sakaala jetta. Ani garuu jaalalakee dhabuutu jireenyakoo sakaala jedhee shakkiifi sodaa guddaan qaba. Maaloo Kuulleekoo naaf beeki jedheen mata duree yaadee hindhufne taphachiisuu eegale.

"Yoo gorsakoo fudhatte, yaadakee jijjiirrattee nama jireenyaa taatee barnootakee akka seeraan barattu abdiin qaba. Yoo fudhachuudhaa baatte garuu ani yaadakoo hinjijjiiru, karoorakooti waan ta'eef. Inni ati har'a jireenyakoof furmaata ta'a jettee yaadde bor fixeensa ta'ee akka wucoolee gogorrii barrisee siharkaa badee, weennii gabaa keessatti mukarraa buute sigochuu danda'a waan ta'eef kunillee akka jiru beekii jiraadhu. Yoo ana waliin ta'uudhaa baatellee akka amma jechaa jirtutti shamarra biraa waliin jaalala jalqabuunkee waan hinoolleef. Kanaa booda ani yeroo barnootakoo duwwaadha karoorfadhee kan ani qabu. Kanaaf hojii manaa ani hinkaroorfanneefi yeroo kanatti hinbarbaanne irra deddeebitee akka karoorakoo ana jalaa hingufachiifneefi har'a sibeellamee dhugaa jiru fuulaaf fuulatti sitti himuu kanan barbaadeef. Kana hubadhuutii ana waliin jaalala jalqabuuf karoora yoo qabaatte anas ta'e mataakee osoo hinmiidhiin ammumaa kaasii dhaabi" jette, Kuluuleen.

Boqonnaa Lama

Hiriyyaankoo Kifileenis akkanatti hin yaadne ture gaafa ishii jaalachuukoo itti hime. “Lakki, ani waan akkasii hinbaarbaadu” gaafa ishiin jettu, amaluma dubaraati yeroo duraa altakka ofmi’eessuun jedheema waan yaade natti fakkaata. Irra deddeebi’ee gaafa jaalala ani ishii jaaladhu baay’ee ulfeessee ishiitti himu, ishiinis “yoo dirqamatu sitti kennameera ta’e mucaama sijaalate jettu kanallee fuulaaf fuulatti haasofsiisuu nan danda’a, baay’ee odeessuu hinbarbaachisu” jette. Si’a ishiin kana dubbattu waan tole jette itti fakkaate. Innis hedduu gammadeeti “yoom wal isin qunnamsiisaree?” jedhe. “Yeroo beellamaa dheeraa hinbarbaachisu. Yoo barbaadde bor sa’aa kanatti yeroo mana barumsaatii baanu haasofsiisuu nan danda’a” jette. Jecha ishiin isatti dubbatte kana keessatti jecha shakkii kan isatti uume tokkollee hinturre. Kanaafi egaa innis dubbii jaalalaa jaalallee waliin nama tursutti akkan qophaa’u naaf hime malee dubbii jaalalaa jaalallee barbaadan amansiisutti akkan qophaa’u naaf hinhimne.

Gaafa guyyaa lammataa ganama yeroo ana argu maal akkan jedheef maal akka ishiin ana jette afaankoo irraa dhagahuuf hedduu waan ariifate natti fakkaata. Akkuma daree seeneen anatti siqeeti “obboo maali callisuu barbaaddehoo? Waan barbaadan yoo argatan akkanuma galgala tokkotti amala namaa jijjiira jechuudhaa?” jedheeti natti qoose. Hedduus natti kolfe.

Anaan garuu aariifi shakkiin dubbii Kuluulee kaleessaa mataa na bokoksee funyaan waan nadhiitessee jiruuf, akka inni

kolfeen deebii kolfaa hindeebisneefii. Callisuurrayyuu darbee fuulakoo dukkaneesseen nyaara isatti guure. Takkaa qofaa garagaleen isa ilaale. Innis kolfa isaa dhiiseeti homaa osoo naaf hindeebisiin darbee bakka isaa taa'e. Waan natti gadde fakkaata. Deeggarsa naaf godheef galata dhorkachuukoo. Dubbiin jiru akka inni yaade irraa edana galgala fagaattee akka bulte hinshakkines. Callisneetuma walcinaa teenye malee maliif akkan nyaara guure innis irra deebi'ee ana hingaafanne. Anis maaliif akkan itti bifa jijjiiradhe afaanii baasee itti hindubbanne. Osuma waa waliin hinqaaqiin erga oollee yeroo galmaaf yaanu hiriyyaankoo_ Kifileen akkana naan jedhe.

"Maali Jaawwaraa? Nama ati jaalattee argachuuf kaleessa guyyaan deemsa hurrii Adoolessa keessaa sitti taate har'a waliin siqunnamsiisuunkoo akka ati dalga ana ilaaltu sitaasiseey?" jedhe.

Guddaa galatoomi hiriyyaakoo. Waan deemsa hurrii Adoolessaa keessaa gara deemsa ifa birraatti ana ceesisteef jedheen anis ifirraa callise.

"Garuu anaaf hingalle Jaawwaraa, haalliifi akkaataan ati har'a dubbiikoof deebii kennaa jirtu. Yoo rakkoon jiraate ifa baasii natti himi. Kan rakkoon hinjirre yoo taate ofumaafuu akkanatti bifa hinjijjiiratiin" jedhe.

Ani garuu kan siin jedhu, ati kaleessa Kuluuleen tole siif jetteetti kan anaan jette ana gowwoomsuufimoo of gowwoomsuu yaaddeeti jedheen aarii garaakootii ka'een akka Kuluuleen tole ana jechuu didde itti hime.

"Jaawwaraa…. walumaan dubbannee mitii ani ishii beellamsiisee kan siwaliin wal agarsiise. Ishiinillee

haasofsiisuu nan danda'a ana jette. Yeroo waliin qaaqxanis waan walii galtan anatti fakkaate. Hamma sirraa dhagahuttillee hedduu ariifadheen ture. Osoo tole jechuu baattes duraanuu walumaan mala dhoofnee jalqabne waan ta'eef ammas walumaan mari'annee deemsa keenya ammaa jijjiirrannee karaa biraan amansiisuu yaalla malee waan biraan jira jettee yaaddaa kan akkana aariin ofrakkitu. Anillee tole jettes jechuu baattes akka hiriyyaa tokkootti waan gochuu qabu gochuuf of hinqusanne. Osoo ta'ellee galata naaf ta'a malee akkana ana cufuu hinqabdu" jedhe Kifileen.

Jechisaa garaa na nyaateeti, dhiifama Kifilee. Tole sijetteetti jettee waan ati duraan dabarsitee anatti himteef gaafa ishiin yaada biraa naaf deebistu keessikoo gaddinaani malee gochaa hiriyyummaakee shakkeen miti. Yeroo hedduu dubartootni iddoo dubbatan dhaabachuu akka hindandeenye osumaan beekuun jechashee amanee hedduu yaadaan of miidhe malee… jedheen isaan hiriyyaakootti fuula jijjiiradheef qalbii jijjiirradhe.

Ana qofaas miti dubbiin Kuluulee kun hiriyyaakoos waan ajaa'ibe natti fakkaata. Nuyi lachuu erga irra deddeebinee taphannee booda ammallee ishiitti deddeebinee dhugaa jaalalaa jiru akka ishiitti haasa'uu qabnu murteessine. Akkuma jenne yeroo hunda qaawwaa argannetti fayyadamnee yaadaan ishii rakkisuu itti fufne. Ba'a ishiittis, gala ishiittis rakkoo ishii jaaladhee dhabuun anarraan geessisaa jiru itti himnee garaa nyaataa itti naqne. Yeroo kana ishiinis jechaa anaafi hiriyyaankoo ishiitti darbachaa turre duubatti deebitee xinxaluutti kaate. Guyyaa tokko osuma akkuma durii daandii qaqal'oo da'oo keessatti eegnee akka ishiin tole naaf jettuuf dubbii jaalalaan kadhataa jirruu akkana naan jette.

“Ati Jaawwaraa niyaadatta yoo taate guyyaa ani karoora akkasii ammatti hinqabu siin jedhe sana, ati hiriyyootakee miti dargaggoon quxisuukee ta’anillee hiriyyaa lama sadii akka qaban naaf himtee turte. Hiriyyoonni quxisuunkee umrii sanatti hiriyyaa saala faallaa lama sadii qaban eessatti baraniiti atimmoo umrii kanatti hanga yoonaa tokkollee dhabdee osoo hinqabatiin turteree? Moo ati ammallee ana gowwoomsitee kaayyookoo irraa nakaasuuf halkaniif guyyaa hiriyyaakee waliin ana hordoftaa?” jette.

Wantootaafi jechootaa nuyi yeroo hundaa ishii amansiisuuf fayyadamnu waan hedduu garaa ishii nyaateef haala dhugaa jiruu adda baastee waan tole jechuuf garaa ishii keessatti murteessiten se’a. Ammas osuma gaaffiishee duraaf deebii hinkenniin itti dabaltee akkana naan jette.

“Garuu ati si jaaladha jettee gaafduraa kan Kifilee natti ergite amma immoo kan lama taatanii ana duukaa buutan sababni isaa inni dhugaan maal akka ta’e har’a irra deebii naaf himimee Jaawwaraa. Jaalalleekee waliin ni waldhabde yoo ta’es, hanga yoonaati jaalallee osoo hinqabaatiin jirta yoo ta’es” jette. Waan nagafataa turtes, waan ana gaafataa jirtus waan walii wallaalten se’a.

Lakki, Kuluulee. Ana amanuus dandeessa amanuu dhiisuus dandeessa, garuu ani hanga har’aatti waanuma jaalallee jedhamtu iyyuu qabaachuu miti afaaniifuu dubartii kan jedhamte gaafadhee hinbeeku jedheen callise_ ishii gabaafi karaatti dabarse of keessa dhoksee.

Xiqqoo ofirraa ergan callisee ammas irra deebi’een akkana jedhe. Kuullee yeroo ammaa kana jaalallee saala faallaa waliin dabarsuuf yeroosaas ta’e namasaa kan murteessu akka

durii maatii qofa miti. Isa yeroo durii maatiin umriikee ilaalee ofii siif barbaadee fidu miti. Anaafi ati waan biyya lafaa bara keenyaa kana irratti ta'aa jiru walqixa beekna natti fakkaata. Hunduu dabtara qabatee gara mana barumsaatti waan deemuuf kaayyoon isaa barnoota qofaa sitti fakkaatee? Waanuma maatiin isa deeggaruu qabu barnoota dhiisuu isaatiin akka irraa hindhorkanneef qofa bartoonni dabtara baatanii ganamaan ka'anii ciree isaanii nyaatanii manaa ba'an hagam ta'u jettee yaadda?

Kanaafuu "hunda hindubbatanii dugda hindhungatanii" akkuma jedhamu sana, dubbiin jaalallee qabaachuuf dhabuu waa'ee quxisuufi hangafummaa isa umrii irratti hundaa'e qofaa akka hintaane hubadhu. Hangafummaan waan baay'eetiin ta'uu danda'a. Anis warreen quxisuukoo siin jechaa ture akka umrii keenyaatti ilaaleeni. Garuu karaa jaalallee saala faallaa qabaachuu isaantu angafakooti jedheen jechoota garaa nama nyaachisan fuuldura ishii naqe.

"Jaawwaraa, egaa dhuguma hojiinkeefi keessikee akka afaankee yoo ta'e aniif ati jaalala dhugaa A B C D ... jennee waliin jalqabuun keenya hinoolu. Anis waan kanaaf haaraa waanan ta'eef. Garuu keessikeef dubbiin afaankee wal hinargu taanaan osoo hinjaalatiin ati jireenyakoof ani jireenyakeef gufuu bara dheeraa walitti ta'uu dandeenya. Nama jireenyaaf akeekaan uumamne osoo taanee jirruu. Namoota baay'ee, waliin jalqabanii erga jaalala baranii kan jaalalli isaan wallaale, kan akka kaalsiifi paantii dhiirri dubra, durbi immoo dhiira jijijjiiruu jalqabanii, galmi kaayyoo jaalalaa fuuldura isaaniitii dhibee hamma gaafa foon ijoollummaa fuularra jiruutti olii gad burraaqanii sanaan booda warra akka harree cabdee kan namni irraa goree darbu yoon ijaan xiqqoo argellee gurraan baay'ee dhagaheera.

Anillee sodaa kanaafi, ejjennoo cimaatiin waan kana kanaan hedduu irraa dheesseef. Har'a ati ejjennoo yaadakoo kana ana jijjiirsistus" jettee sagalee ani dubartoota irraa dhagahee hinbeekne gorsa lafee cabsee nama seenu dubbatte, Kuluuleen.

Baay'ee gammadeeni, maaloo Kuulleekoo ani waan jaalalaaf haaraadha. Homaa ana hinshakkiin. Waan hundaafuu guyyaa biraa bal'inaan irratti taphannee waadaa waliif gallu qabna. Inni guddaan ani gammadee gammachuudhaan ibsuu hindandeenye ati qofaan tole ana jechuukeeti. "Manni ariitiin ijaarame ariitiin diigama" waan jedhamuuf, jedheen harkashee qabadhee cinaa bu'ee qajeele osuman gammachuudhaan hoolladhuu.

Ishiinis "waan hundaafuu ani tole siin jedheera. Duraanis yeroo kanatti karoorakoo akka hintaane qofaan isinitti hime malee, sirumaa jaalalleen saala faallaa ana hinbarbaachisu hinjenne. Jedhikaa….. egaa guyyaa biraa wal agarra" jettee gara mana ishiitti kutte. Anis sa'aa kanaa eegalee keessikoo gammachuun guutame. Gabaa kennuufi fudhachuu jaalalaa keessatti yaadaan taatota jaalalaatti makame. Akkuma dubbannee addaan baane erga deebinee wal agarrees waan jiru hedduu waliin marii'anne.

*****

Erga walitti dhufeenya riqicha jaalalaan jiraachuu eegallees ji'oota lakkoofsisneerra._anaafi Kuluuleen. Osuma jaalalaan jiraannuuti egaa guyyaa tokko jaalalleenkoo Kuluuleen rifannaa bir'ata garaa ishii ka'umsa isaa hinbeekne kan anatti himte.

“Jaawwee har’a garaankoo nahi nahi naan jedha. Maalin argamoo maalin dhagaha tayinna?” jette.

Homaa miti, waanuma gaariidha dhageessa. Yoo sitti tola ta’emmoo sa’atii booda gara manakoo kottu. Waliin taphannee galgala sin galcha jedheen ofitti qabee maddii ishii keessa dhungadhe.

“Toleka Jaawwee…. manakoo ga’een deebi’ee dhufa” jettee ana biraa deemte_osoo mana barumsaatii galaa jirruu.

Akkuma jettetti manashee geessee yeroo dhuftu, manakootti ol seennee, amaluma duratti wal barsiifne, afaan keessa wal xuuxuufi morma jala wal dhungachuu, siree irra wal gangalchaa taphachuu eegalle.

Baay’ee waliin taphannee yeroo biiftuun calalaqxu “maaloo Jaawweekoo na gaggeessi malee aduun natti dhiya” jettee mormakoo jala na dhungatte. Keessikoo silaa osoo halkaniifi guyyaa ana waliin ooltee bulteyyuu ishii quufuufi nuffuu hindanda’u.

Garuu seerumti rabbii dukkanni, tokko hirribaa kaasee bobbaasee tokko manatti galchee raffisee waan adda adda nama baasuuf, anis ishii galchuuf manakootii ba’een Kuluulee cinaa bu’ee qajeele. Daandii magaalaa keessa keessaa qabannee osuma taphataa gara mana Kuluuleetti adeemnuu Hoteela Seenaatti baane.

Kuullee koottu xiqishuu ishii as teenyee shaayee dhugaa taphanna jedheen harkashee qabadhee gara bitaatti goreen balbala hoteelichaatti olseene.

Ishiinis “osoon si duukaa ture illee baay’ee natti tola, garuu aduutu dhiyeera. Jaawweekoo xiqqooma teenyee kaana malee” jette.

Anis tole dafnee yaana jedheen shaayee wayii ajajannee walitti garagallee taphachuu eegalle. Tapha walitti mi’aawu waan qabanne natti fakkaata. Gidduutti kunnee shaayee keenya dhugna jennee yeroo burcuqqoo shaayee ol fuunee afaanitti unannu shaayeen akka cabbii qorreera_taa’ee dadhabee.

Nutis wal ilaallee kofalleetuma xiqishuu ishii irraa unneeti manaa gad yaane_gatii shaayee isaanii kaffallee. Gara mana Kuluuleetti qajeelle. Jaalala waliif qabnu kan shaayee caalaa nutti mi’aayee yeroo waliin qabnu osoo hinbeekiin nu saamaa jiru, xiqqaachuu yerootti gaddaa mi’aawuu jaalalaatti gammadaa. Garuu yeroon tokkoof baay’atee tokkoof xiqqaate seera uumaa keessa hinjiru. Jaalaluma waliif qabnutu nu sobee nutti fakkeesse malee, yeroon abbaa itti beekee fayyadameef nama kamiifuu qabeenyaa loogii tokko malee waaqa biraa walqixaan kennamedha.

Balbala mana ishii akkuma geenyeen, “kottu ol seeni. Irbaata nyaadhuu gali” jette. Harkakoo qabdee ol naharkifte_ gara mana ishiitti.

Lakki, Kuulleekoo. Boru yeroodhaan dhufeen si waliin nyaadha malee amma aduun natti dhiheera. Dafeen yeroon gala. “Kan galeef haati hinboossu” jedhani jedheen barruu harka ishiifi adda ishii altokko lapheekootti qabee dhungadheen duubatti garagalee gara manakootti qajeele.

Ishiinis “jedhi egaa nagaatti buli, borummoo akkuma amma jette irbaata waliin nyaanna Jaawwee” jette.

Tole nagaatti buli jedheen deeme of irra garagalee_ dukkana gargar nu baase yaadaan abaaraa.

Osuman ofitti odeessaa gara manakootti deebi'aa jiruu, akkuman mana Kuluulee irraa xiqqoo siqeen sagalee nama naasisu tokkotu dugda duubaan gurrakoo seene. Yeroon 'bigig' jedhee bir'adhee of duuba ilaalu nama ta'e tokkotu uffata gurraacha dheeraa uffatee dargaggoo ta'e tokko reebuutti jira. Anis dhaanicha ulfaataa kana rifadheen bakkuma ijaajjetti fajajee hafe. Sagaleen nama dhaanamee iyyaa jiru kanaas sagalee hiriyyaakoo_ Tokkummaa natti fakkaate. Kun immoo ittuu rifannaakkoo kana anatti ulfeesse. Namni iyya isaa dirmachuuf balbala banatee gad ba'es, kan karaa irraa itti gores tokkollee hinturre. Innis osuma iyyuu namichis osuma duukaa bu'ee dhaanuu lachuu sila dhufanii faana miilakoo jalaan ga'an. Anis nama qawwee rarraafatee hiriyyaakoo Tokkummaatiin lafa irra gangalchee dhaanaa jiru yeroon jalqaba ijakoon argu, kan duraa caalaa baay'een rifadhe. Irratti bu'ee hiriyyaakoo irraa faccisuuf qawwee inni rarraafatee jiru argeen sodaadhe. Dhiisee baqachuufis hiriyyaakootu akkanatti dhaanichaan du'uuf jira, osoo ijikoo arguu. Waanan godhus ana wallaalchise.

Namni nama ta'ee dhala namaa daandii gubbaa irratti akka kanaatti, bara harreen kabajamte, akka harreetti rukutu nama keessaati hindhalannemoo eessaa dhufe namni akkasii? jedheen itti fiigee maaloo obboleessa kiyya ana duraa hinajjeesiin jedheen harka bal'isee kadhadhe.

Tokkummaa dhiiseeti, natti garagalee "dafii jilbeeffadhu" jedhe. Shiingaa gurraacha akka Laanqisoo namatti maramu dugdarra na buuse.

Maaloo maalin si godhe? Obboleessako adaraa na hindhaaniin. An nama seera eegee daandii irra deemaa jirudha. Hinhanne, hinbutne. Maal goonaan dugda na kutta? jedheen waa'ee hiriyyaakoo dhiiseen waa'eekoof kadhadhe. Hammanumatti waa'ee hiriyyaakoo dhiiseen waa'eekoof olii gadi waakkadhe.

"Tambarkak si jechaan jiram" jedheeti ammas mataatii gadi natti cire_kadhaakoof garaa laafuu didee.

Jaawwee waa'ee seeraa dhiisii jilbeeffadhu. Maaliif duuta? jedhe hiriyyaankoo_ Tokkummaan.

Anis keessakootti tole jedheen, furmaanni amma jiru kanaan ala waan natti hinmul'anneef afaankoo qabadheen awwaara keessa jilbeeffadhe.

"Eenyu maqaankee?" jedhee ana gaafate.

Jaawwaraa'n jedhe.

"Lekkaa ihii… ihii.. Jaawwaraa Caattoo sii guu. Bexaam xuruu…. Amma raajiikee argita egaa" jedhe. "Ka'aa lamaan keessan iyyuu" jedhe ammas.

Nus lachuu kaanee dhaabbanne. Ani egaa yeroo kana itti iyyachuu barbaadeeni namoota nagaa uummataa eegan _poolisoota magaalaa, ijaan halaalatti barbaaduu eegale.

"Kottaa deemaa fuuldurakoo" jedhee magaala keessa daandii qalloo tokkorra nu qajeelche.

Nuyis, nama qawwee qabu waan ta'eef sodaanneema faana buune malee eessa akka nu dhaqatu hinbeeknu, hingaafannes. Osuma nu oofuu naannoo waajjira qajeelcha poolisii yeroo

geenyu UU.UU jedhee iyyuun barbaade. Nagaa eegdonni yookaan poolisoonni akka nuuf dirmataniif. Otuun iyyuu… dhiisuu… iyyuu… dhiisuu.. jedhuu balbala dallaa waajjira qajeelcha poolisiitti "seenaa ol" jedhee kophee kaskisiitiin hudduu jala nu koobe. Nuyis ol seenne. Hudduu sukkuummachaa.

Akkuma namicha nu tume kanaa uffata gurraacha dheeraa kan uffatan namoonni sadii waajjira poolisii keessaa achii as nutti dhufan. Egaa yeroonsaa aduu dhiya booda, sursura galgalaa waan ta'eef bifa isaanii adda baasnee beekuu hindandeenye. Itti iyyachuufis uffanni isaanii namichuma nu tume kana waliin waan wal fakkaatuuf bitaa nu galeeti sodaannee callisne. Osoo dhugaa dubbannu qabnuu waan dubbannu dhabne.

Garuu kanaan dura guyyaa guyyaa yeroon achiin darbu namoota baadiyaa biyya keenyaa tokko tokko balbalichatti nan argan ture. Maaliif dhuftaniittu? Yeroon jedhu kaan maatii waliin wal dhabee, kaan lafa qonnaa irratti wal dhabee, kaan machaa'aan daandii irratti rukutee dhimma isaanii hojjettoonni nageenyaa akka furaniifiif akka himachuu dhufan isa natti himan nan yaadadhe.

Maali? Anatu of wallaalemoo? Maalinni dubbiin akkasii? Ammas yaadaan deddeebi'een of falme. Qaama gurmaa'ee biyya dhaanutu galgala kana magaala weeraree buufata poolisii booji'eera tayinnaa? jennee garaatti shakkuun keenyas hinhafne. Moo guyyaa guyyaa rakkina furuuf halkan halkan rakkina uumuu qabu Kan jadhutu seerri isaaniif jira tayinnaa? Yoo seerri akkasii isaaniif jiraate, kun dhugumaan seera jedhamuu danda'aa? Seerri tumamu tokko uumama yakkaaf sababamoo bu'aadhaa? Warri seera tumaniif warri

seera hojii irra oolchan wal hinbeekanii laata? Moo waa'ee seeraa isaan kana malee namni biraan hinbeekuu laata? Kanaaf tayinnaa namni biyya keenyaa seera wallaalee mirgaaf dubbatee kan adabamu. Moo mirgaaf dubbachuun seeraa? Namoonni baadiyaa rakkoo isaa furachuuf qaama rakkoo uumutti himatu kunimmoo maali? "Rakkataan ulfa fuudha" isa jedhan sana filannoo biraa waan hinqabneef ta'aa laata? Garuu maaliif filannoo dhabuu? jedheen gaaffii deebii hinqabneen mudannoo nu qunname waliin of burjaajesse.

Jarreen sadan sunis nutti siiqaniiti "maalinni kunimmoo? Eessaa isaan fidde?" jedhanii isa tumee nu fide gaafatan.

"Kuni lamaan warra mana barumsaa jeequuf barattoota qindeessaa jiranidha. Amma iyyuu dirqama fiigichaafi bu'aa ba'ii meeqaan bosona irraa bosonatti na dabarsanii deeggarsa caasaa keenyaan gidiraa akkamiinan qabee fide" jedhe.

Lakkii…. obboleessako, daandii irraa nu fiddee bosonaan fide nuun hinjedhiin. Maaloo maal si goone? jedhee osoo ani afaankootii hinfixatiin jarreen sadan suni akka rooba yandoo ji'a Adoolessaa, dullaa harkaa qaban nurratti roobsan.

"Afaankee qabadhu" naan jedhan. Wal malee nama biraa dhaggeeffachuuf waan yeroo qaban hinfakkaatan.

Dura miti kana booda ture egaa wanti hundi kan bitaa nutti galte. Jireenyi addunyaa kanaa biyya irratti dhalanne keessatti qaawwa limmoo keessa hulluuquu nutti taate. Jarri kun nagaa uummataa eeguuf jecha mootummaan miindaa kaffalee kan gad bobbaase natti fakkaata, akkaan dur yeroo waa'ee poolisii barsiisan dhagahetti. Yeroo barnoota Siiviksii yookaan Lammummaa barannu "ga'een poolisii inni guddaan nagaa uummataa eeguudha" jedha. Akkasi taanaan jarri kun maaliif

reebanii nu ajjeesu? Garuu uummata jechuun maal jechuudha? Nuyi lakkoofsa uummataa keessa hinjirrumoo? Maal jechuudhaa? Akka mootummaa biyya kanaatti uummata jechuun dargaggoo hindabalatu jechuudhaa? Moo uummata jechuun warra uffata gurraachaafi buburree kana uffatan duwwaadha? jedheen ammas irra deddeebi'ee mudannoo keenya kana waliin yaadaan raata'e.

Biyyeen isatti haasalphattu malee, gorsa akaakayyuukoo yeroo ijoollummaakoo durii keessaa tokko yaadadheen xiqqoo gochaaf jecha poolisoota kanaa dinqisiifadhe. Innis, "sareen tokko dhugumaan saree kan jedhamtu yoo lafa raqaa dabartedha" jedha ture. Edaa saree dhugumaan saree kan taasisu eegee olqabattee deemuu, hudduudhaan quxuuxxattee taa'uu, bifa saree qabaachuu, suksukaan deemuufi foon nyaachuu osoo hintaane, "sareen abbaan guddifate funyaan ishii foolii raqaa foon ishii nyaachisu caalaa foolii hattuu mana abbaa guddisa ishii eegsisu suufa" jedha akaakayyuunkoo. Kana jechuun, dubbii funyaan sareetu foolii raqaa hinharkisu jedhu miti, garuu foolii sareen suuftu hunduu saree ishii hintaasisu jechuudha malee.

Kanaafuu nama tokkos nama kan taasisu yookaan poolisii tokkos poolisii kan taasisu hojiif itti gaafatamummaa itti kenname akkaataa qajeelfama seera waltaawaan hojii irra oolchuudha malee, akkaataa haaloofi gadoo haala yeroon hojjechuun yookaan uffata seeraa poolisii uffachuu qofaan isaa, saree funyaan dhadhaa bukaa'e dibamte nama godhee osoo hinbeekiin barootaaf gorduuba nama naannessa malee ofiifis biyyaafis fuuladuratti nama hintarkaanfachiisu jedheen gochaa poolisoota kanaa yaadaan of keessatti gorsaan goolabe.

Poolisoonni sunis xiqqoo walitti hasaasaniiti “ka’aa ol seenaa” jedhanii mana fooliin fincaanii funyaan nama duuchu tokkotti nu galchan. Manichis “kan kuftu irratti kan dhuuftu” akkuma jedhamu kan ajaa’a isaa irratti ibsaa waan hinqabneef dukkana isaa iji wal hinargu.

Erga dubbiin akkana ta’ee uummanni nagaa isaa eeggachuuf warra nagaa uummataa booressan yoo qe’ee isaa irraa balleessuu barbaade eenyu waliin eenyurratti akka duuluu qabu gaaffii natti ta’e. Kan nagaa uummataa booressu miindaa nyaachaa seeraan booressuuf qacaramemoo, isa jarri kun jedhan bosona irraa bosonatti warreen darbanii maqaa adda addaatiin moggaafamanidha? jedheen funyoo yaadaa kan mataaf miilla hinqabne ofitti naannesse. Nutis dukkanichuma mana ajaa’aa kanatti galuu keenya iyyuu yeroo sanaaf baay’ee gammanne_ reebicha harree hora didde nu godhan sana keessaa boqochuu keenya qofaaf.

*****

Nuyis, lamaan keenyi iyyuu erga manicha seennee balballi alaan nutti cufamee booda, xiqqoo yaada dhuunfaa keenya waliin wal irraa gargar yaane. Yeroo yartuu boodas yaada keenya dachaafannee waliin qaaquu eegalle.

Tokkummaa…. ati maal goote garuu Kan akka kanatti si dhaanan? jedheen harkaan mataa isaa susukkuumaa gaafadhe.

“Dhiisi Jaawwaraa. Waanuman kana jedhee sitti dubbadhus hinqabu. Maaltu akka ta’eefi akkam akkan ta’es waanuman beeku hinqabu. Afaankee narraa qabadhu. Osoo akka namaa yeroon baatee yeroon galta ta’e, maalitti dhiigni keenya akka

dhiiga saree daandii gubbaatti dhangala'a" jedhe_ Tokkummaan.

Maali Tokkeekoo, ati ana barbaacha manaa baatemoo? Maaloo adaraakee maaliif akka si dhaane natti himikaa. Maaliif akkana aariin of muddita jedheen ammas irra deddeebi'een isa sossobe.

Tokkeenis, osoo imimmaan lakkuufi dhaanquu lolaasuu, "anoo kaniin ganama barii barraaqa barruuleekoofi uffatakoo qabadhee as godana laga Bashaargoo iddoo uffata miiccaa sana bu'e, uffatakoo miiccadhee afadheen achuma cinaa kichuu filii baargamoo keessa ciiseen barruuleekoo dubbisaa oole. Aduun galgalaa'e jennaan uffatakoof barruuleekoo guurradhee gara manakootti ergan galee booda, qofaan waan ana jibbisiiseef si duukaa taphadhee deebi'a jedhee gara manakee dhufnaan ati mana hinjirtu" jedhe.

Ajaa'iba rabbii! Ganama baatee galgala kan galtu nyaata fudhattee deemtemoo akkanumaan hagabuu oolteree? jedheen itti deebise osoo inni gaaffiikoo duraaf deebisee naaf hinxumuriin_ gidiraa nuyi amma argaa jirruufi iddoo inni oolee dhufe lachuu waan garaa nama nyaatuuf.

"Lakki…. haga kanayyuu ana hinbeelessine. Ganamas bixxillee galgala hafteettu tokko ciniinee ba'eera. Kanarratti immoo barruuleekoo dubbisaa waanan tureef yaadnikoo qayyabannaatiin qabameera. Waanuma garaa iyyuu hin yaadanne. Yeroo biiftuun qaaritu akkuman manakoo seenee uffatakoofi barruuleekoo olkeeyyadheen waanuma argamte si biraa nyaadhee xiqqoo taphadhee dadhabbiikoo dagadhee deebi'a jedheen gara manakee dhufe. Yeroon achi ga'us ati mana hinjirtu. Akkuma amalakee mana Kuluulee deemteetta

tayinnaa jedheen daandii karaa magaala jalaa karaa mana obbo Gabbisaa sanarra goreen gara mana Kuluulee dhaqe. Yeroon achi ga'ee balbala duuba dhaabadhee Kuluulee… Kuluulee… Kuullee… jedhee ishii waamu, ooko jettee mana ishii keessaa gad baate. "Eenyu? kan na waamu" jette. Ana Tokkummaadha. Kuullee…. jedheen bakkuma ijaajjee ishii waamaa turetti callise. Ishiinis fiigdee dhuftee balbala bante. "Kottu ol seeni. Tokkee, maali baay'ee wal irraa bannehoo. Anamoo situ wal dagate?" jettee ofitti qabdee harka na fuute. Osuma ani jecha tokko hindubbatiin wal walirratti jecha komii narra naqxe. Anis dhiifama naaf godhi Kuullee. Har'a baay'ee dadhabeera waan ta'eef dafee galee ciisee boqochuu barbaadeera. Amma Jaawwaraa manaa waanan dhabeef si bira dhufeera tayinnaa jedheen si gaafachuu dhufe malee ol hinseenu. Guyyaa biraan dhufa" jedheen, ati ishii bira jiraachuukee gaafadhe. "Wayyoo! Ammuma kana karaa isa olii kanarra na gaggeessee gara mana isaatti kute. Yoona iddoo manicha bareedaa, isa kan namicha bulchaa sanaa hindarbu. Dafii qaqqabadhu" na jette. Tole… jedheen harka fuudhee nagaatti buli jedheen duubatti ofirra deebi'e. Yeroon karaa ati irra deemte jedhame sanarra qajeelu, egaa Tokkee har'a hintaa'u erga jettee boru Jaawwee waliin koottaatii waliin taphanna anaan jette_ Kuluuleen. Tole… ni dhufna jedheen, si qaqqabuuf daandii ati irra sokkite na jette sana qabadheen daddafee deemuutti ka'e. Kanuma gidduutti osoon deemaa jiruu akkuma bakakkaa karaa duubakoo si'uma akka harree na dhuukkalu isa jalqabaa duwwaan beeka malee isaa booda akkam akkan ta'es akkam akka ana godhes hinbeeku. Isuma ofiikee dhaabattee ijakeen agartedha mitii" na jedheeti bo'ichasaa irqinfatee imimmaan lolaase_ obsuuf qabachuu dadhabee.

Akkamitti inni ana booda ka'ee karaa ani nagaan irra darberra dhufee uggura kanaaf saaxilame garuu ana ajaa'ibeeti homaa osoo hindubbatiin xiqqoo ofirraan callise. Dukkanni isaa silaa imimmaan isaa akkan argu miti qaamuma isaa iyyuu ana hinargisiisu. Garuu sagaleedhuma irqinfuu bo'icha isaa yeroo gurrikoo dhagahu waan ta'e garaatii na ka'e. Anis imimmaankoo isa amma kumbulloo ga'u fuulakoo irra gad darbachaa, mormakoofi lapheekoo tortorseen bishaan sochootuu lafa raatuu keessaa fakkeesse_ imimmaaniin. Waan biraa akka deeggaruu hindandeenye waan hubate natti fakkaata sammuunkoo kan ajaja biraa dhabee ajaja bo'ichaa narratti labse. Bo'ichakoo kololaasee yeroo naa gamee imimmaan ana keessaa dhume, iji na gogee libsachuun dadhabe. Fuullikoofi hidhiinkoo waan ashaboo dibame fakkaate. Awwaara reebichaan irra na gangalchan makatee harree daaraa keessa gangalatte na fakkaate_ yeroon ija yaadaan of arge.

Hunda caalaa immoo kan gubee na waade hiriyyaankoo Tokkeen anaaf jecha beeluudhaan mar'ummaan isaa hidhatee, osoo garaachiifi dadhabbiin mo'oo buustee jirtuu ana barbaacha dhufee kan akkasitti kaskisiin, uleefi dukkanni irratti wal ga'an yaadeeni. Egaa ammas boqochuu hindandeenye. Isa baddaafi gammoojjii yaadaan buusee baase. Garuu namni nama ta'ee daandii irraa qabee dhiiga si tufsiisu, lafee si cabsee eelaa bara baraa si keessa kaa'u nama akkamiiti? Nama nama keessatti dhalatee guddatedhaay? Gumaa durii kan namni hinbeeknetu jira tayinnaa? Kan akkas nuuf nahuu didan. "Hidda malee xannachi hindhiigu" jedhama. Jarri kun alagaa fagoo ta'uu qofa miti, nyapha cimoo ta'uu danda'u yoo afaan oromoo dubbatanillee.

Yookaan nama hinbaranne afaaniifi uffataan nama barate fakkaatee kan alagaaf ergamu ta'uu danda'u_ shakkiikooti.

Akkuma nama gumaa baasuu daandii gubbaarratti caccabsee gototee mana hidhaatti nu naqaa? Isayyuu immoo bosonaa bosonatti fiiganii gidiraattin qabe jedhaa? Yaa gooftaa waaqa jiraataa! Abbaa dhugaa! Kana hundaa ati inagartas, inbeektas, indeebistas, deebisuufis akkakoof akka hiriyyaakoo humnas ta'e beekumsi si hinhanqatu. Nama akkas nama dhaanus, nama akkas dhaanamus situ uume jedhee osumaan ofitti gumgumuu halkan waariin qaari'ee gara bariitti waan dhiyaate fakkaata sagalee korrisa weenniitu dhufee gurra na seene.

Seera uumaa halkan waariin namaaf rafuu kan ture_ hirribakoo dhiiseen, kan hinhaamamneefi hindhahamne oomisha yaada fincila diddaa gabrummaa osoon oliif gad afarsuu korrisni weennii keessaa na baase. Tokkeenis galaana yaada isaa keessaa dammaqee ka'e.

"Jaawwee amma osoo lafti bari'e eenyutti himanna? Maal jenneetimmoo itti himanna?" jedhe.

Dhiisi rabbi jira. Waan himannaa miti osuma lafti bari'eyyuu waan tokkodha jedheen sodaafi jibban dukkanicharraa qabu gad baase.

"Ati immoo isa kami jetta, kun seera uumaati. Ifaafi dukkana osoo hindagatiiniifi osoo hinirraanfatiin yeroo isaatti wal jijjiiruun, hojii rabbiiti. Kan nu sodaachise hojii namaa isa akka kanaa dukkanatti nama cuqqaaludha malee" jedheeti uf-f-f….. jedhee hafuura dheeraa baafate_Tokkummaan.

Inni ati jette illee dhugumakeeti Tokkeekoo. Garuu lafti yoo bari'e waan hundaafuu jarri kun waan dhufaniif, waanuma isaan nuun jedhan dhageenya malee amma yoo mari'annes wanti nuyi murteessuu dandeenyu hinjiru. Rabbi inni dhugaa beeku nuyiif haa murteessu malee jedheeni, yaadaan galaana Didheessaa daakuu eegale. Yeroo kanatti waan nu gochuuf harkaa qabnu tokkollee waan hinjirre natti fakkaannaan.

Garuu jechii Tokkummaan jedhe dhugaadha jedhee deeggaruukoof sammuunkoo ana falmuu eegale. Ifaaf dukkana jijjiiruun hojii rabbii ta'uu isaa yoon shakkuu baadhellee, namni nama ta'ee waan ofiif hinbarbaanne namaaf hawwuu irra darbee humnaan akkanatti si ugguru kun gorsa abbaakoo isa gaafa tapha jimmaa jimmiitee Birraa yeroo nyaata asheeta boqolloo ta'uu danda'a jedheen shakke. Hudhaalee jireenya dhala namaa daangessan keessaa "fe'umsa fe'amee hinhiikamne" jedhanii kan abbaankoo nu gorsan sun amala namni yookaan sabni tokko amaleeffatee yeroo hedduu raawwatu akka ta'e nan hubadhe.

Poolisoonni kunis gochaan reebichaa isaan raawwatan kun baroota jireenyaaf mootummootaa isaan dura turan keessas waan tureef, yeroo ammaa kanatti namaa namattiifi mootota irraa moototatti tarkaanfatee waan dhufeef gochaan dhaanichaa kun amala itti ta'ee, sabootatti laga riqicha hinqabne ta'ee argame. Kanaaf natti fakkaata sabni oromoo illee "amalliif tulluun hingodaanu" kan jedhuuf.

Kan hedduu ana ajaa'ibe garuu mootonni biyya keenyaa riqicha dhaanichaaf gidiraa ta'anii, wal eelessuu darbe deebisanii dhalattuu godhanii saba biyyaarratti biqilchuu isaanii qofa osoo hintaane, irrattillee guddisuuf yaaluu isaaniiti. Kana qofaas osoo hintaane seenaan mootota

darbanii madaafi godaannisa isaan kaa'aniin malee misoomaaf nageenya mirkaneessisaniin kan maqaa dhahaman haga har'aatti biyya keenyaaf abjuu ta'uu isaati. Mootonni waljijjiiranis, karooraaf sagantaa haaloo godaannisa mootota darbaniin kaa'amaniif deebii godaannisaa kennuu amaleeffatanii guboo saba mootii darbee adamsuuf kufanii ka'aa jiru. Kan anaafi hiriyyaakoof gaaffii jireenyaa ta'e garuu sabni Oromoo seenaa darbe keessatti mootii ta'ee, sabaaf sablammoota biyyaaf eelaas ta'e seenaa kaa'eeru waan jiru natti hinfakkaatu, garuu nuyi maaliif osoo waa hingodhiin akka waa taane wallaalle.

Tokkummaanis jecha ani deebiseef sagalee tokkollee osoo natti hindeebisiin galaana yaada mataasaa keessa seenee culluxii fagaate. Osuma karaa karaa keenya irra mudannoo akka bakakkaa tasa nurra bu'e kana jalaa ba'uuf farda yaada furmaataa gulufnuu, lafti bari'ee simbirroon wacce. Nuyis farda yaadaa irraa buunee ifa karaa qarqara cufantaa balbalaatiin seentee nurra buutu jala teenyee, ija ija keessa wal ilaaluu jalqabne.

Qorri irraaf jalaan nu waadaa bulus, ifni karaa qaawwaa galtu kun akka waan nu ho'isuu dandeessuu osoo hinbeekiin, waan irratti wal saamne natti fakkaata. Jarri uffata gurraachaafi buburree galgalaa sun barii barraaqa kana osoo namni ka'ee oliif gadi hindeemiin dhufani. Balbalas nutti banani.

"Ka'aa gad ba'aa qulqullaa'aa. Yoo fincaan isin qabeera ta'e" jedhanii balbalarra dhaabatanii ija nutti babaasani. Nutis akkuma "namni bofa arge maagaa dheessa" jedhamu sana, eda galgala waan taane waan beeknuuf daddafneetuma tole jennee gad yaane.

“Elaa! mana qorqoorroo fuuldura keessanii sana seenaa daddafaa ba’aa” jedhe. Isaan keessaa tokko, qawwee gombifatee akkuma nama biyya saamee qabame eeguutti nutti siqee ijaajje.

Nutis silaa waan irra ciifnu miti waan uffannee bullu iyyuu waan hinqabneef qorri simintoo jalaa irraa ol nu waadaa buleefi reebichi ulee isaanii wal ga’ee, akka bishaan kottolleessaa keessaa walitti kottoonfachiisee waan nu hadoocheef, fincaan nu qabuu isaafi nu qabuu dhiisuu isaallee waa’ee ajaja qaama miiraa keenyaa wallaalleerra.

Fincaan nu qabuu isaa wallaallus sodaa reebichaa irraa kan ka’een, ajaja isaanii fudhannee mana fincaaniitti olseenne. Yeroo xiqquma mana fincaanii keessa seennee ofirra gad teenyu, “hinbaatanii jara nana” jedhee sagalee jabaa dubbate_ poolisichi ala ijaajjee nu eegaa jiru sun.

Nutis wareerreeti, daddafnee kofoo dhiigaan bulbulame ofitti harkisaa mana fincaanii keessaa gad yaane. “Seenaa ol” jedhee ol nu seensise. Balbalas nutti cufe.

Boqonnaa Sadii

Egaa kaleessa galgala yeroo qabamnee dhufne guyyaan isaa Sambata guddaa ture. Har'a immoo Wiixata waan ta'eef jaalalleenkoo Kuluuleen akkuma durii ganamaan kaatee mana barumsaa dhaqxe. Yeroo kutaa seentee iddoo ani dur taa'ee baradhu ilaaltu hiriyyaakoo Kifilee malee, ani akka hinjirre agarte. Callisteetuma hanga boqonnaatti baratte. Hanga boqonnaan ga'utti baay'ee ariifatteetti; maaliif akka ani mana barumsaa hafe gaafachuuf. Garuu Kifileenis ishii gaafachuuf baay'ee ariifateera. Akkuma bilbilli boqonnaa bilbilameen daftee fiigdee dhaqxee Kifilee cinaa teesse.

"Kifilee har'ammoo maa kophaakee teessa?" jettee gaafatte.

"Lakki.... Kuullee …. maaliif akkan kophaakoo taa'u iyyuu hinbeekne. Garuu si gaafachuuf waanin qajeele dhuftee ana dursite malee" jedhe innis.

Bitaa ishii gale. "Jaawwaraa waliin wal hinagarree?" jette.

"Lakki erga gaafa Jimaataatii halaalattuu isa argee hinbeeku" jedhe.

"Toleka, waan hundaafuu hiriyyaa isaa mucaa isa ollaa isaa Tokkummaatiin gaafadheen dhufa" jettee Kifilee biraa gad baate_ gara daree Tokkummaa dhaquuf.

Iddoo daree Tokkummaa geessee gara kutaa keessa yeroo ol ilaaltu barattoonni hunduu gad yaa'anii ala jiru_ dareen dabtara barattootaa malee barataan tokkollee keessa hinjiru. Namtokkollee daree keessa hinjirani. Duubatti deebitee barataa balbala fuullee dhaabatu tokko itti siqxe.

"Obboleessa dareenkee asii?" jettee gaafatte. Silaa amalliifi dubbiin ishii hundatti mi'aawa.

"Eeyyee asi, garuu maal barbaadde?" jedhe, baratichi balbala fuullee dhaabataa ture. Waan danda'u yoo ta'e ishii gargaaruuf kan ka'e fakkaata.

"Lakki…. homaa miti. Mucaa dareekee_Tokkummaan iddoo taa'u natti agarsiifta jedheen malee" jette.

"Iddoo taa'umsa isaa illee sitti agarsiisuu nan danda'a, garuu Tokkummaan har'a mana barumsaa wan hindhufneef qaamaan isa argachuu hindandeessu" jedhe.

"Akkasii…. inni hindhufne taanaan guyyaa biraa isa argachuu nan danda'a. Guddaa galatoomi" jettee biraa deemte.

Gara daree ishiitti deebitee xiqqoo yaadaan bir'atte_ yaa garaa jaalalaa. Waan bare fakkaata gidiraa ani keessa jiru. Mana barumsaa ishii ooltee galgala yeroo galtu karaa manakoo gortee ana gaafatte. "Lakki….. innoo balbala kana hinmul'atu" jedhan warri mana naaf kireessan.

Silaa duraanuu manakoo malee mana Tokkummaa waan hinbeekneef ofirra garagaltee gara mana ishiitti kutte_Kuluuleen. Durumaanuu bor irbaata waliin nyaanna jennee beellama walii waan qabnuuf erga galtee xiqqoo boqottee booda irbaata hojjechuu eegalte. Tokkummaanis isa

waliin dhufuu danda'a jettee waan shakkiteef irbaata nama sadii ga'u mi'eessitee hojjechuuf olii gadi kurkuraa oolteetti.

Yeroo aduun dhihuu jala ga'e waan hunda qopheessitee ammamoo amma dhufu jettee sagalee keenya eeguuf alatti osuma gurra qensituu lafti dukkanaa'e. Ishiinis erga wal barree jaalala waliin jalqabnee asitti guyyaa ani dhufa jedhee hafee beeku, yoon hafes ergan hafee sa'aa beellamaa sana dabarsee, ariitiin dhaqee sababaan itti hafe ishiitti himu beekti malee, waan akkanaa kaniin ishii mudachiisee beeku waan hinjirreef baay'ee natti mufatte_ garaa ishiitti.

"Mucaan kun maal jechuu isaati? Irbaata waliin nyaanna na jedhee cirumayyuu mana barumsaa hafee oolee ammas manakoo hafuu isaatii?" jettee ofitti odeessiti. Isa gaafa jalqabaa keessikeefi dubbiin afaankee yoo tokko ta'e waan gargar nu baasu hinjiru jette yaadatte.

Deebitee immoo jaalala anaafi ishiin waliif qabnu waan dhamdhamtee beektuuf, "garuu dhuguma hanga ammaa Jaawween anaan beellamee mana ormaa taa'a natti hinfakkaatu. Mucaan kun nagaa miti tayinnaa?" jettee osuma yaadaan battee dhootuu halkan waariin ga'ee hirribni fuudhee bade_ osuma waan kurkurtee qopheessaa oolte afaaniin hinqabiin.

Boqonnaa Afur

Anaafi hiriyyaankoo Tokkummaanis kaleessa dukkana galgalaa sodaannee lafa bari'ee ifu hawwaa turre. Kunoo har'as ifa mo'atee dukkanichi nutti dhufeera. Har'a garuu dubbiin akka kaleessaa miti. Dukkana kaleessaa, kan galgala keessa bulle miti, har'a guyyaa ifa qabullee yeroo xiqqoof osoo balballi nutti hinsaaqamiin oolle. Erga ganama fincaaniif nu yaasanii eegalee. Kutaa manaa nuyi keessatti hidhamne keessa hidhamaan biraa waan hinturreef, namtokkollee hidhamuu keenya kan beeku hinjiru. Kan nyaata nuu fides hinturre. Jarris homaa nuuf hinlaanne.

Yeroo kana egaa, harka nama namaaf hindiinnee gallee yeroo beelliifi qorri, dukkanniifi sodaan nurratti wal ga'ee waxxee qormaata jireenyaa nutti waxxisuu eegalu, isa kaleessa Kuluuleen irbaata waliin nyaanna jette yaadadheen garaankoo na baabba'e, na boora'es. Yoona nyaata hojjettee ana eegdee yoo dadhabde maal na jetti ta'a? jedheen yaadaan gara mana ishii beellamakoo dheengaddaa dhaqe.

Garuu kan ana ajaa'ibe, osoo gidiraafi sodaan gocha badii malee anaafi hiriyyaakoo dararaa jiruu, yaadnikoo kana cinaatti dhiisee, waa'ee jaalalleekoo_ Kuluulee mana ishii siree ishii irra ciisaa jirtuu cinqamuuti.

Yaa jaalala dhugaa! Ati teessoonkee eessaa? Lafa hagamiitu si ga'a? Yaa jaalalaa… ati uumaamoo uumamaadhaa? Kan

daangeffamuu hindandeenye . Safuu! Gammachuun si hindaangessu, gaddi si hindaangessu, fageenyi si hinmurteessu, ifaaf dukkana hinfilattu, ati uumaankee maalii? Ammas safuu! As mana fincaaniifi tafkii keessa taa'eellee takkuma waa'een Kuluulee hamman mana hidhaa kana keessaa ba'utti sammuukoo keessaa hinirraanfatamuu? Kan asitti ana faana mana fincaanii keessatti rakkatu maaliifi? Yaa jaalalaa…. ati ajaa'iba uumaas taatu uumamaa, jedhee osoon waa'ee jaalalaa sammuu wareereen forocuu halkan guyyaa lammataa waariin baate.

Yaadakoo galaana jaalalaa horfu kana duubatti dachaafadheen hiriyyaakoo ana barbaacha dhufee ofii barbaacha dhabe kana_ Tokkummaa harkaan qaqqabeen, silaa hirribaaf ciisuu maaltu jiraa miti, Tokkee… Tokkee… jedheen waame.

Innis akkuma nama rafuu xiqqoo ana jalaa calliseeti, "maali? maal taatee ana waamta?" jedhe sagalee dallansuu tokkoon.

Lakkii…. anoo dukkana kanaaf ijikoo waan fuulakee hinargineef osoo teessuu hirribni si qabee jedheen shakke malee waan biraaf miti. Garuu yoo si qabeera ta'emmoo anaan waan hinqabneef as natti siqii mataakee gudeedakoo irra hirkifadhuu xiqqoo shillib jedhii ka'i, jedheen jilbakootti gad gombifameen taa'e, quxuuxxadhee_ qorra keenyanichaa dugda na gubaa jiru baqachuuf.

"Lakki…. anaanoo hirribni hinqabne. Ati dur sa'atii kana inteessa turtemoo? Wanti sirra ga'e kun siin aarsee hirriba si dhoowweeti, anaan gammachiisee hirriba natti naqe jechuu keetii?" jedheeti, sagalee gumgummii tokko dhageessise.

Akkas jechuukoo miti Tokkee… garuu “sodaa du’aa hirriba malee hinbulani” jedhama mitii. Waan taanewoo sila taanee. Teenyee yaadaan osoo namoota kaartaa nurratti taphatan ilaalluu osoo hinbeekiin hirribni nu fuutee baduu dandeessi jedheeni malee, jedheen sagalee laafaan isa jajjabeessuu barbaade.

Xiqqoo walirraa callifnee akkuma turreen akkuma kaleessa yoonaa sagalee korrisa weennitu gurraakoo seene. Maaloo yaa gooftaa! Har’as kan hirriba dhabnu irratti osuma yaadaan lafa qarmii hinqabne qonnee qofforruu lafti nutti bari’ee? Yoo bari’es maal nuuf godha? Akkanumaan akka hantuuta gannaa walitti butamnee teenyee karaa qaawwaa ifa hawwuu irraa kan hafe, jedheen ofitti odeessa.

Hiriyyaankoo Tokkummaanis isan ani dhagahee yaadaan buusee baasaa oole_sagalee korrisa weennii, marii tokko malee waa’ema kanaa waan yaadaan akka maraa gundoo naannessaa ture natti fakkaata. Gidduumatti, sagalee akka wareeruu ta’e tokkoon na waame.

“Egaa nuti asuma keessatti tortorree duunee banna jechuudhamoo, maal jechuudha?” jedhee ana gaafate_ akka ani waa furuu danda’uu. Dabalees, “fira cimaa abbaa aangoo kan dubbatee dhageessifatusoo hinqabnu. Fira nuti qabnuhoo akka jirutti hundumtuu baadiyaa keessaa qonnaa qota. Qonnaa isaa dhiisee osuma midhaan ciniinnu illee isiniin fida jedhes haga inni deebi’ee galutti iyyuu jaldeessiifi booyyeen midhaan fixa. Maal wayya? Maal malanna? Garuu osuma booyyeefi jaldeessi midhaan isaan dhama’anii oomishan kana garanaaf garasiin butanii ishuma hafte haammachuuf iyyuu yoo hidhamuu keenya dhagahan qofaadha kan midhaan nyaataallee nuu fidan” jedhe_ Tokkummaan.

Anis laficha abbaankoo qotee nu jiraachisu sana nan beeka. Gaaf gaaftokko yeroo nuyi galgala walitti naannofnee jimmaa jimmiiteef hibboo taphannu, erga miilla isaa dhiqatee booda rakkoo bineensi isarraan ga'aa oolan nutti hima ture. Lafichis oomishaaf oomishtummaa dabaluu irratti akka mudaa hinqabne indubbata ture.Yoo Qamadii facaaste qamadii irraa guurta. Yoo barbaadde boqqolloo, yoo barbaadde xaafii adiif diimaa, yoo feete Garbuu, feenaan immoo Mishingaa, yoo barbaaddes kuduraaf muduraa kan barbaadde facaaste akka barbaaddetti siif biqilcha.

Garuu, maal godha biqilchuun, yoo haammatanii dhahatanii galchatan malee. Kan abbaakoo yeroo hundumaa hojiin isaa qotuu, qofforuu, meesuufi aramuu qofa akka ta'e nutti hima. Karaa Kaabaa tulluu, dhagaafi holqa, dachee bineensa saamtuuf tolu tokkotu jira. Jaldeessiifi dhaddeen da'oo kana argatanii abbaan qabeenyaa abbaankoo inni qotee qoffore osoo ijaan ilaalee hinquufiin, asheeta osoo bilchaatee haamaaf yookaan cabsaaf hinga'iin hundeetti buqqisuu eegalu. Kanarratti iyyuu abbaankoo halkan miti guyyaa iyyuu nama bira dhaabatee midhaan isaa irraa bineensa haay jedhu hinqabu. Guyyaa saafaa jaldeessi boqolloo seenee yoo hodhee dadhabe boqolloo corqaa guuree holqatti naqee yaabee irra ciisaa oola.

Ijoolleen wasiillankoo dargaggoo ta'an kan naannoo laficha abbaakoo oolan immoo yeroo jaldeessa kana argan baay'ee gammadu. Maaliif yoo jette, yeroo jaldeessi midhaan seenu, abbaako abaluu jaldeessi karaa Kaabaa midhaan fixe jedhanii abbaakoo jaarsa eeguufi ariisaan jaldeessa Kaabaa dulloomse waamanii itti himu_ akka waan isaaf ooganii oo'anii. Yeroo kana dhagahu abbaankoo jaarsi maanguddoon kun ulee isaa dhadhaabbatee gatantaraa maasii isaa gara Kaabaatti fiiga.

Jarreen kaleessa dhalatan, dargaggoon dhiigaan finna keenya ta'an kun seenaa waa'ee jireenyaa yeroo lafa higiggiraa bosonaafi harangamaa ciranii baasanii har'a lafa warqee hunda sooru godhanii kana waan hinbeekneef, waan beekne itti fakkaatee abbaakoo jaarsuma waamanii ariisaa jaldeessa Kaaba maasii isaatti bobbaasan kana duuba deebi'anii karaa Kibbaa, Lixaafi Bahaa, isaanis corqaa boqolloof mishingaa kana gadi ciruutti ka'u.

Kan nama ajaa'ibu keessaa garuu yeroo jaldeessiifi booyyee wallaalaan bineensi bosonaa baree daqiiqaafi sekoondii midhaan seenetti osoo ati duukaa fiigduu boqolloo muka tokkos ta'e lama butatee fiigee ba'u, isaan uumamaan nama ta'an kun immoo jaarsa duuba deebi'anii yoo boqolloo seenan, midhaan isaa irraa cabsanii jaldeessaaf lafa buusu. Agadaa isaa kan harreef fardi nyaattu achi keessa ciisanii hamma garaan isaanii guuttutti cuunfaa oolu. Yoo garaan isaanii guutte akka waan waggaa tokko lama midhaan malee jiraatanii, waan sa'atii tokko lama hincaalle gidduutti kan udaa'anii fincaa'aniif gammadanii afaan sukkuummachaa boqolloo keessaa yaa'u_ harka qullaa.

Abbaankoo jaarsi du'aa fakkaatu kun garuu yeroo dargaggoon fira dhiigaa, kaleessa haala mijate keessatti dhalatan kun isa gowwoomsanis numa beeka. Innis ijoollee dargaggoo akka isaanii kaleessa dhalatanii har'a akka jabbii calacoo burraaqan kanas dhalchee of jalaa qaba ture. Garuu inni kaan lafichuma warqee kanarratti jaldeessa Kaabaa midhaan corqaatti kolaasee fixe kana osoo arii'uu yeroo jaldeessi waan itti dhalatteefi guddatte jireenya lafa dhagaa, utaaltee holqa irraa gophootti, gophoo irraa dhagaatti dabartu inni immoo utaalee dhagaa gidduu gophoo keessatti hafe_mataan galagalee, nama lafaa hirkisee kaasu dhabee.

Inni kaan immoo jaldeessuma kana laga ceesisee holqa ishiitti galchuuf ganamaa galgala mudhii hidhatee osoo faccisuu, huddu duubaa namumti fira ta'ee fira hinbeekne waan itti hammaateef, humna jaldeessa faccisuufi humna nama fira ta'ee fira hinbeekne barsiisu barbaacha hanga har'aa jooree jaawwaraa jira; baddaaf gammoojjii lafa alagaa keessa. Guyyaa tokko akka dhufee galus abdii guddaan qaba. Waaqas nan kadhadhaaf.

Waan hunda caalaa garuu ishuma har'a warri keenya nyaatanii bulaniifi ishuma as lafa mana kiraayiikootti akka qallabaatti anaaf ergan kana iyyuu qabatuma jaarsa kanaan arganna. Innis maal seete, abbaankoo jaarsumti jarri saamtuun sun akka nama humna hinqabneetti ilaalan kun gaaf gaaf tokko aaree, saqalaa boqolloo yaabee taa'ee osuma ulullee afuufuu, jaldeessi dhuftee boqollootti naqamti. Achii aaree kaanaan, saqalaa boqolloo irraa bu'ee gara Kaabaatti fiiguu isa hinbarbaachisu. Achumarra dhaabatee, furguggee isaatti dhagaa hidhee, hoomaa jaldeessa Kaabaa boqolloo corqaa fixu kanatti yeroo furguggisu, keessaa tokko adda dhahee akkuma boqolloo corqaa ciniintetti lafa ishii ciniinsisa. Yeroo kana egaa namoota fira ta'anii fira hinbeeknes ta'e jaldeessonni Kaabaa boqolloo corqaa fixan kun, onnee naasuutiin torbee tokko lama turu_ osoo karaa midhaanii hinba'iin. Egaa jaarsi osuma bulee bubbulee aariidhaan ka'ee, ija nyaattuufi saamtuu tokko tokko jaamsuu ishiin hafte corqaan kun bilchaattee kaan haamuuf, kaan immoo cabsuuf geessi. Kanaani egaa jaarsi otuma hambaa jqaldeessaafi booyyee walitti coruu nu nyaachisee lubbuun nu tursaa jira, jedheen waa'ee jireenya keenyaafi oomisha midhaan maasii keenyaa hiriyyaakoo Tokkummaatti hime.

Innis otuma ana dhaggeeffatuu anis osuman seenessuu iyyi lukkuu waca sinbiraatti nu ceesiseeti lafti bari'e.

*****

Silaa balballi karaa alaan waan nutti cufameeruuf namoota diidaa dudubbatan sana, addaan baasnee beekuu hindandeenye. Sagaleema namaa dhagahuu irraan kan hafe abalutu alaa dubbata hinjennu. Callisneetuma osoo sagalee namaa dhaggeeffannuu sagalee dubartii wahii dhageenye. Lachuu hafuura baafachuu dhiifnee alatti gurra qensine_abaluu ishii adda baafachuuf. Ammas xiqqoo turee, sagalee dubartii boossuu gurra keessa nu seene. Osuma nuti walii ishii hinbariin yeroo yartuuf dallaa waajjira poolisii keessatti takka boossee gara mana ishiitti deebitee galte.

Garuu intalli alaa bo'aa turte kun jaalalleekoo_ Kuluulee turte. Ishiinis isa gaafa bor galgala irbaata waliin nyaanna jennee wal beellamnee gargar baane sanaafi irbaata qopheessitee nu eegdee dadhabde sanaa kaasee, aarii qabdi ture. Har'a garuu aariin ishii duraa kun waan biraa ta'ee argameera. Kuluuleen akka lubbuu ishiitti ana jaallattuufi akka lubbuukootti ani ishii jaalladhu, har'a isa irbaata qopheessitee beellama irratti na dhabde osoo hintaane, isa guyyaatti si'a kudhan manakoo dhaqxee yeroo hundaa balbala manaa cufaatti dhaqxuufi mana barumsaa dhaqxee yeroo hundaa daree keessaa anaafi hiriyyaakoo_ Tokkummaatiin dhabdutu gaaffii jireenyaa itti ta'ee halkaniif guyyaa ishii maraachaa jira_hammam akka barnoota keenyaaf iddoo kenninu waan beektuuf. Waan taane wallaaltus nagaatiin hagana akka ishii irraa hinfagaanne hubatteetti.

Kana irraa ka'uudhaanidha egaa har'a kan waajjira poolisii ishii fidee imimmaaniin booresseeru. Ishiinis ol baaftee gad buuftee yaaddee dadhabdeetti. "Ijoolleen kun garuu nagaatiin barnoota isaaniifi manakoo irraa hincitan" jettee waajjira qajeelcha poolisiitti beeksisuu dhufteetti. Akkuma dhufteefiis, seentee irqinfuufi imimmaan lolaasaa osoo boossuu itti beeksifte_ sababa hinbeekamneen lafa buuteen keenya akka dhibame.

Poolisoonni ishii arganis "ijoolleen ati badan jettu kun maalkeeti?" jedhanii gaafatan_ imimmaan ishii waan garaa isaan nyaate natti fakkaata. Ishiinis dhugaa jiru tokko osoo hinhambisiin itti himte. Ajajaan waajjirichaas "ammaaf illee wanti quba qabnu hinjiru, garuu sa'atiifi guyyaa ati nutti beeksifte kanaa eegalee hordoffii barbaachisu hundaa ni goona. Waan hundaafuu maal irra akka geenye ati deddeebi'ii nu gaafadhu" jedhe. Afaan dhadhaa dibatee. Akka nama ishiif oo'eetti jecha of sobuutiin laaqame dubbatee ofirraa ishii gaggeesse_ akkuma nama nuun hinagarre of fakkeessee.

Ishiinis "tole… tole….adaraa maaloo ijoolleen kun lachuu ijoollee bakka hintaane buluu miti sekoondii tokkoof illee bakka hintaanetti argamuu hinbarbaadnedha. Ijoollee baay'ee barnoota isaanii jaallatanidha. Jabaadhaa naaf hordofaa" jettee qajeelte, ofduuba garagaltee.

*****

Dhufee nu bira ga'eeti, balbala mana keenyaa 'qosqos' godhe. Nuyis duraanuu afuura sodaan waan guutamnee jirruuf, har'ammoo maaltu galgalaan nutti dhufe? Sa'atii kana nu baasanii eessa nu geessuufi? Gadi yaasanii nu tumuuf jiru

tayinnaa? jennee garaadhumatti yaadaan battee dhoofnee jalaa callisne_ ati eenyu jechuu didnee.

“Jarana… har’ammoo yeroomaan raftammoo? Maa ana jalaa hinqabdan?” jedhee balbala nutti bane_ osoo nuti homaa jalaa hinqabiin.

Lakki…. rafnee iyyuu miti. Akkanumaan abbaa isaa waan hinbeekneef callisne malee jenne. Lamaan keenya iyyuu akka nama qaana’e tokkoo wal ilaallee lafa ilaalle_ bilicii ibsaa keessa.

“Waan hundaafuu amma isin lachuu ka’aa mana keessaa gadi ba’aa. Intalli tokko isin dubbisuu barbaaddee ala kana dhaabachaa jirti” jedhe. Akkuma inni kana dubbatee afaanii buufateen, dugdikoo bakka lamatti na qurxame. Dubbachuufis afaankoo na saamsame. Ol ka’uufis mogoleenkoo na laafe. Achuma akkan taa’etti ija ija poolisichaa keessa osoon ilaaluu afuurrikoo dhufee deebi’uu dide.

“Maaliree…. ka’ikaa Jaawwaraa…. ni rifattemoo? Homaa miti hinna’iin. Ka’ii gadi ba’ii jaalalleekee dubbisi” jedhe poolisichi. Ammas homaa deebisuun dadhabe.

Hiriyyaankoo Tokkummaan fuuldurakoo bilicii ibsaa alaa ol galtu jala taa’ee achii as na laaleeti akka ani ta’uufi fuulakoo argee osoo hinbeekiin sagalee tokko malee imimmaan isaa fuularra akka lolaa lolaase. Anis jecha namicha kanaa fudhee osoo of hinamansiisiin calliseetuma jilbakoo jabeeffadheen osuman hoolladhuu olka’ee ijaajje. Gadi ba’uufis tarkaanfachuun yaale_ mogolee beelliifi qorri, dhaanicha jaraa waliin wal makee laaffiseen.

“Ka’i atis Tokkummaa…. garuu lachuu harka harka wal qabadhaatii wal cinaa bu’aa gad ba’aa” jedhe_ poolisichi.

Nutis harka wal qabannee tirachaa, mana keessaa gad yaane. Yeroo nuti mana keessaa gad yaanu, ani ganaa dallaa ala baana jedhee waanan yaadeef takkaa illee ol jedhee fuuldurakoo hinilaalle. Calliseenuma suuta tirachaa fuulduratti qajeele. Garuu Kuluuleen fuuldura keenya ijaajjitee waan jirtuuf yerooma nuti manaa gad baanu ija naasuufi dukkana sursuraan walii keenya adda baasuu dadhabdeeti xiqqoo gad nutti siqxe. Ol jedhee gaafan fuuldurakoo ilaalu Kuluuleetu anatti adeemaa jira.

Ku… Kuu…Kuulleekoo… jedhee yeroon afaan banee imimmaankoo lolaasuutti jalqabu, ishiinis bakkuma jirtutti akkuma sagaleekoo dhageesseen nama elektirikiin qabee dhiiga keessaa fixe taatee gogdee hafte. Imimmaan lolaasaa walitti siqnee si’a qaamaan walitti marminee nagaa wal gaafannu, nuun lachuu akka walitti marminetti, hiriyyaa keenya Tokkummaan akka lamaan keenyatti marmetti gaddi gargar baanee turuu keenyaafi gidiraan oolaa malee agarre walitti dhufee irqinfuu bo’ichaafi lolaa imimmaanii nu daaksise.

“Amma dhuguma si argee? Ati Jaawwaraadhaa? Jaawweekoo… maaloo maalin si gaddisiise? Maalin sitti balleesse? Yoodhuma kaan hafe illee afaaniin akkan dhufee isin dubbisuuf maal ta’a akkuma hidhamtaniin osoo nama natti ergitee jiraatte? Jaawweekoo… maaliif adabbii natti cimsite?” Yakkikoo hammuma kanaa cimaadhaa? jettee afaan afaankoo keessa hidhii imimmaaniin tortoreen ‘lamphas lamphas’ gootee na dhungatte.

Dhiisi hinboo'iin Kuulleekoo…. Ani sitti ergachuu jibbeen yookaan irraanfadheen miti. Siin malees asii naman itti ergadhus ta'e himadhu hinqabu. Sitti himachuus ta'e ergachuun anaaf filannoo miti. Waanan siin walbira qabee keessaa si filadhus hinqabu. Ati anaaf jaalalaafis ta'e fira dhiyoo namaaf oo'u tokkittiikoo biraqabaa hinqabnedha. Garuu…. jedheen afaankootti hambifadhe. Haala isaa ibsuufii barbaadeen poolisicha nu cinaa dhaabatu sodaadhe.

"Waan mari'attan dafaa mari'adhaatii ol galaa. Ishiinis osoo aduun itti hindhihiin yeroodhaan gara mana ishiitti haa deebitu" jedhe_ poolisichi. Silaa akka ilaalcha jara kanaa hubannetti maal gochuu dandeenyaayi maal mari'anna miti. Callisneema walitti bo'uu keenya itti fufne sadanuu. Yeroo yartuuf akkuma walitti boonyeen booda, wal irraa ol jennee ija ija keessa wal ilaaluu eegalle.

Ishiinis "maaloo Jaawweekoo maal gootanii hidhamtan? Amma kanaa booda immoo akkamittan isin arguu danda'a?" jette. Waadaa poolisichaaf galte waan beektuuf_ dubbichi akka dhoksaa cimaa ta'e. Waanan dubbadhu wallaaleeni, imimmaan boolla ija ishii keessaa burqu ilaalee fajajeen hafe.

"Sittan dubbachaa jiraam? Jaawweekoo maaloo adaraa waaqa jaalalaa, yoo mana hidhaa kana keessaa ba'uu dandeessu ta'es yoom akka baatan, yoommoo asuma turtu ta'e akkamitti akkan nyaata isiniif fiduu danda'u natti himikaa? Maa callistee ija keessa na laalta?" jette, ammas dabaltee.

Kuulleekoo ati akkamiin akka nuyi as jirru dhageesse? jedheen ajaa'iba dhagahamuu hidhamuu keenyaa gaaffe. Gaaffiisheef osoo deebii hinlaatiin_ ani icciitii jiru waan

hinbeekneef. Waan hunduu alaa waa'ee hidhamuu keenyaa odeessu natti fakkaate.

"Egaa namni akkuma uumamaan fuulli isaa adda addaa, garaan isaas adda addaa" jettee jalqabde. " Waajjira kana isin barbaacha dhufeen ture. Garuu isin argachuu hindandeenye. Booda garaa kutadhee ba`uuf yeroon ka`u poolisichi kun imimmaan koo argee nawaame. Yerooma ani balbalaa gad bahu duukaakoo ba'ee nawaame. "Maali? Maaltu si dhaane? Maaliif boossa?" jedhee nagaafate. "Lakki… namatu na dhaane miti. Hiriyyaakoo kaniin baay'ee jaaladhutu hiriyyaa isaa tokko waliin lafa isaan seenan dhabeen bo'a malee" jedheen itti hime. Irra deddeebi'ee dubbii na qore. Akka ani jaalala dhugaa si jaaladhus jechakoo irraa hubate" jette.

Humni jaalalaa silaa hinmadaalamu. Nama itti beekeef sibiila baqsa. Nama itti wallaaleef immoo cabbii itti maqsa.

Poolisichis waan garaan boora'e fakkaata. "Booda waajjirri sa'atii 11:30 tti cufama. Atimmoo isaa booda xiqqoo turii kottu. Ijoolleen lama bakka ta'e tokkotti hidhamanii jiru kan jedhu odeeffannoo waanan dhagaheeruuf, iddoo isaan jiran qulqulleesseen sitti hima. Deemtee adda baasuu dandeessa" jedhee na gaggeesse" jettee qarqara icciitii dhaga'amuu hidhamuu keenyaa natti himte .

Haaluma kanaan amma yoon dhufu waa`ee keessan tokko tokkoon nagaafte. "Maqaan isaanii eenyu eenyu jedhamu? Bifni isaanii maal fafakkaatu?" jedhee sammuukoo qoraa oolee, "waan hundaafuu ijoolleen kun naannooma kana jiru. Amma waameen si dubbisiisa. Dursa garuu waadaa anaaf galtu qabda" jedhe_ sodaa iccitiin ba'uu danda'a jedhu waan qabu fakkaata. Silaa isaafis dubbii buddeenaati.

“Tole… Waan barbaadde yoo narraa feete waanan qabutti hanga lubbuukootti waadaan siif gala. Ati qofaan ijoollee kana ijumaan ana agarsiisi malee” jedheen.

Innis “waadaan ati anaaf galtu baay’ee salphaadha. Erga nama wabii lubbuutiin waadaa seenu taatee, ani waadaa wabii lubbuukee miti waadaa wabii arrabakeen barbaada” na jedhe.

“Maal jechuu keeti? Anaaf hingalle” jedheen_ deebiseef.

“Ijoollee kana lamaan, isa ati barbaaddu, ijaan nan si agarsiisa. Afaaniinis dubbistee yeroo murtaa’eef waliin mari’achuu dandeessa. Garuu, asii baatee booda ijoollee kana argeera , dubbiseera jettee yoo dubbatte anaafis buddeena waan ta’eef tarkaanfiin isaan irratti fudhatame kun si irrattis akka fudhatamu hindagatiin. Kanaafuu, eegamuun iccitii kanaa yoo lamaan keenya fayyade iyyuu, eegamuu dhiisuun isaa lamaan keenya hinmiidhu siin qofa malee. Ofiif jecha iccitii kana sirriitti eegi” jedhe.

Anis, tole! Akka ati na jettetti icciitii kana nan eega, homaa na hinshakkiin jedheen.

Kana booda egaa, bakka taa’uu ol ka’ee qawwee isaa gombifate. “Mee ati asuma ijaajji ammaaf” jedhee gara mana amma isin keessaa yaatanitti gad qajeele. Kanumaan sababa poolisichi garaa naalaafeeef walarguu dandeenye. Kanaafuu, ammaa boodahoo akkamitti walarguu dandeenya?” jettee nagaafatte.

Akkana yoo ta’ehoo, nuyi maal murteessuu dandeenyaree? Waa’ee deebinee wal arguu keenyaa. Atumti karaa dandeesseen nu hubadhu malee Kuulleekoo jedheen akka

nuyi wal arguu keenyaaf ga'ee taphachuu hindandeenye ishiitti hime.

Poolisichis "kana caalaa jarana kottaa ol deebi'aa. Anaafis buddeena" jedhee gargar nu baasuuf nutti as adeeme_ bakka ijaajjee jiruu.

Ishiinis haalli isaa waan ishiif gale natti fakkaata. "Tole" jette. Haaluma har'aa kanaan guyyaa biraas suuta jettee nu arguuf garuma ishiitti murteeffateeti, maddiikoo isa harree daaraa keessa gangalatte fakkaatu asiif achiin 'lamxas lamxas' goote. Ana dhungattee imimmaan lolaasaa duubatti siqxe.

"Jedhaa… waaqayyo abbaan jaalalaafi abbaan dhugaa inni humna qabu isin waliin haa ta'u. Jaawweekoo sin jaaladha. Obbo poolisii isinis baay'een galateeffadha. Tokkummaa egaa jajjabaadhaa" jettee imimmaan ishii dhangalaasaa gara mana ishiitti qajeelte.

"Homaa miti waan hundaafuu waan jenne akka jennetti eegi. Dubbiin akka dubbatani qalqalloon akka hidhani. Jedhi nagaan buli" jedhe_ poolisichis. Nutis ofirra deebinee mana keessaa baanetti ol seenne. Poolisichis duubaan nutti cufee gara teessoo isaatti deebi'e.

*****

Guyyaa galgala sanaa eegaleeti egaa sammuunkoo onnee qulqulluufi jaalala dhugaadhaan dirqisiifamee waa murteessuuf kan kutate. Anas ta'e hiriyyaankoo_ Tokkummaan yakka dalagne hinqabnu. Waan balleessines hinqabnu. Barnoota keenya ni jaalanna, ni hordofna_ wal nama hingaafachiisu. Ragaas hinbarbaachisu. Biyyatu ragaa nuuf ba'a waan ta'eef. Garuu osoo hinjaalatiin borsaa dabtara

keenyaa akka nama irraa du'ee fannisne. Barnoota keenyaaf jaalleen keenya akkasumas maatii keenya irraa adda baane. As mana fincaaniifi tafkii keessatti nama osoo hinjaamiin iji hinagarreefi osoo hinduudiin gurri hindhageenye waliin teenyee dararamuurra, waa fala dhahachuu wayya jedheen garaakootti yaade.

Maatiis ta'e jaalallee, barnootas ta'e fira keenya osoo hinjaalatiin addaan baanee daangaa du'aaf jireenyaa gidduu jiraachuun dirqama ta'eera. Akka ilaalcha jara kanaa hubannetti_ warra waajjira seeraa banatee dhala namaa akka harree dhaanu kana. Kana taanaan maaliif as keessatti dargaggummaan burkutoofna? Humna dargaggummaa kana fayyadamnee mana kana cabsinee baanee baduu qabna. Osoo beelliifi dhaanichi jara kanaa mogolee laaffisee akka daa'imaa harkaaf miillaan nu hindeemsisiin. Osuma cabsinee baanehoo eessa dhaqna? Nama beeknusoo hinqabnuu. Waan fedhe haa dhufu ergan mana kana keessaa ba'ee. "Kutataan fira hindhabu" jedha oromoon. Rabbi fira nuuf arguu danada'a dhugaa keenya waan beekuuf. Cabsineema baanee gara rabbi nu oofetti joorree jaawwarra, jedhee osumaan jedhuu…. dhiisuu… jedhuu…dhiisuu, jedhee yaada yeedaluu garaakootti yaadaan murteesse.

Yeroo kana sa'atiin gara halkan waariitti siqaa jira. Tokkummaanis waan hirribni isa qabe miti. Taa'eema yaada mataa isaa duukaa taphata. Tokkee … nuti ilmoo dhiiraa mitii? Maal inni? Maal taaneeti akka dubartii dugdi citee osoo boonyuu, akka nama harkaaf luka hidhamee teenyee du'a eegganna. Amma kaanee foddaa kana cabsinee ba'uu qabna, jedheen gara jabinaan kan garaankoo murteeffate itti gad baase.

“Kan dhufe gad haa dhufu. Kana caalaa wanti nutti dhufus hinjiru. Du’a yoo ta’e malee. Du’a immoo teenyee eeggachuurra osoo kufnee kuffisnuu du’uu qabna. Ka’i inkaana” jedhee yaada murtoo yaadakoo tumsu naaf deebise_ hiriyyaankoo Tokkummaan.

Nuyis akkuma dubbannee walii galle, kaanee suuta jennee foddaa jallisne. Keessa baanee qajeelle. Egaa yeroonsaa halkan waarii ture. Durumaanuu bubbuttaafi dhaanichi jaraa beelaan wal makee qaama nu butuchee jira. Xiqqoo manicha hidhaa keessaa yaanee magaalarraa akka siqneen afuurri dadhabbii haalaan nutti naqamte. Xiqqoo muka tokko jala teenyee aaragalfanne. Ammas kaanee tirachuu eegalle.

Yoo lafti bari’e poolisichi roondii eegu sun mana hidhaa sana keessaa nu dhabee nu duukaa bu’uu danda’u jennee shakkine. Nuyis dadhabbii butucha reebichaafi beelli garaa qullaa guyyaa hedduu mar’ummaan walitti nu gogsee deemsa waan nu dhorkeef, tirannaa keenya dhiifnee dukkana cillimiitiin jirma Birbirsaa tokko jala ciciisne. Shakkiin nuti qabnus poolisichi waardiyyaa waajjirichaa guyyaa har’aa kun, ganama erga lafti bari’ee mana keessaa yoo nu dhabe poolisoonni kaan nu hordofuu danda’u kan jedhudha malee, halkan kana poolisichi iddoo ciisuu ka’ee nu ilaalee akka nuti jirruufi hinjirre nu hubachuu danda’a kan jedhu shakkii hinqabnu ture.

Garuu dubbiin ganamuma nuyi nama nagaa jiraatu akka yakkamaa bara mootummaa abbaa irreetti harree hora didde nu goosise, nama yakkamaa lubbuu namaa ajjeesee qaama namaa hir’isuuf immoo, waraqaa eenyummaa nagaa eegaa kennee uummata miskiina keessa bobbaase sun, ammas

wanta nuti hineegneefi hinshakkine akka galaana sunaamii duubaan nurra yaase.

Aniifi hiriyyaankoo beelaafi qorraan qaamni nu waxalamee sagaleen nu du'eera. Xiqqoo erga gad ciifnee yoo lafti bari'e garam akka deemnuufi maal akka goonu erga mari'annee booda xiqqoo walirraa callisne_ dubbiin. Rafuu barbaannee miti, baay'ee walitti dubbachuuf sagaleen nu keessatti duunaan malee.

Silaa hirriba maaltu jiraa miti. Jireenya nuyi amma keessa jirruufi akkamitti jireenya suukkaneessaa kanatti akka galle duubatti deebinee yeroo yaadnu, yaadniifi gaaffiin yeroo sanaaf furmaata hinqabne baay'ee nutti hedduumate_ beela qoonqoo mar'ummaan nu guduunfuuf deemu dabalatee. Yaadni gaaffii jireenya keenyaas lafa dhihee bari'u lakkoofsaafi hammaan dabalaa adeeme. Kan kaleessa karaa kam mana kana keessaa baana jennee yaadaan of raatessaa turre, har'a yakkamaa mana hidhaa cabsee bade taanee dhimma biraan barbaadamuun keenya dhugaa keenya dhoksee miilla akka fageeffannu nu dirqisiiseera.

Maal godharee, isa boruu miti, dubbiin qoonqoo ammuma iyyuu beellama marii nu dhorkate. Kaanee deemuuf mogoleen nu mudhukaa'eera. Callisnee ciisuuf poolisoonni kun dugda duubaan nu hordofuu danda'u jennee shakkine. Jidduutti yaadaan akkuma amala keenyaa joonjofne_ waan murteessinu wallaallee. Osoo kaanee luka dheereffanna jennee tattaafannuu sagaleen qawwee akka boqqolloo fandishaa xaaxa'u gurra keessa nu seene. Nuyis duraanuu shakkii waan qabnuuf bibir'annee ol kaane. Dhaabannee gurra qeensine _ kallattii sagalee baruuf.

“Hulaa hulaatti….. hulaa hulaatti…. Malkaa cufaa… hidhattoonni mataa maraa… yakkamtoonni mana adabaa cabsanii badaniiru” jedheeti sagaleen nama tokkoo osoo wal irraa hinkutiin iyyee iyya labse_ uummata gamaa gamasiitti. Naasuun kunis nu lamaan nama ija midhaanii osoo hinargiin guyyaa sadii buleeru, humnuma midhaanii nuuf ta’e. Osoo hinbeekiin yaa miilakoo lubbuu na oolchi jenne_ deemsa keenya itti fufne. Laga irraa lagatti qaxxaamurre. Dukkanni limixiin lafa argaa waan nu dhorkeef humnuma sodaa keenyaan akka jaldeessaa dhagaa irraa dhagaatti buune.

Osuma gufuun miilla nu cirtuu tulluu Gurraachaa qaarinee deemsa karaa fagoo deemne_ hamma lafaafi biyya geenye wallaallutti. Xiqqoo tasgabboonee, gara duuba keenyaa yeroo dhaggeeffannu sagalee simbira halkaniifi waraabessaa irraa kan hafe kan ‘xas bac’ jedhu hinjiru. Mukoota qilleensaan raafaman qofatu altokko tokko walitti bu’anii nu wareersu malee. Yeroo mukti qilleensaan socho’u, garaan gad lafa ciisnee suuta jennee halaalatti ilaalla_ hamma iji arge. Qomonyoofi mukoonni gaggabaaboon biroo maasii qotee bulaa keessa dhaabatan kan nu godhan reebichi namoota uffata gurraachaa iyyuu nu hingoone. Yeroo gad jennee ilaallu ni socho’a. Kunoo jarri dhufanii mataa nu maranii jiru jennee kallattii jijjiirrannee muka irraa mukatti dabarra. Safuu dubbii lubbuuf! Ammas karaa biraa xiqqoo deemnee yeroo waa ‘xas kash’ jedhu gad jennee garaa waaqaa irratti ilaalla. Dhaabadhaa booji’amtaniittu, harka keessan ol qabaa waan jedhan seena_ qomonyoof muka gaggabaaboo fuuldura keenyaa qilleensaan raafamaa jiran.

Osuma akkanaan muka qilleensaan raafamu dheessinuu lafti bari’e. Lafti bari’us gandi kun eessa akka ta’e, ganda maalii akka jedhamu wanni beeknu hinjiru. Muka wareerree waan

biyyaa fagaanne fakkaata. Sodaafi beelli lafaan nu maree lafti nuun garagaleera. Waliin qaaquus dhiifneerra.

Osoo teenyee ija ija keessa wal ilaalluu jaarsa maanguddoo tokkotu fardeen yaasanii gara goodaa bishaan Finca'aatti oofanii dhufan. Nuyis bishaan Haroo Finca'aa ijumaan of cinaatti ilaalla malee karaa kallattii kam akka jirru hinbeeknu. Karaa Ganjii Qeexalaa haa ta'uu, karaa Qixiibaa haa ta'uu, karaa Coomman haa ta'uu, karaa Waayyuu haa ta'uu, karaa Haratoo haa ta'uu, karaa Laga Gomboo haa ta'uu, karaa Gooda Doonjee haa ta'uu wanti nuyi beeknu hinjiru. Baqaaf manaa baanee garatti baqannu iyyuu kallattiin nu harkaa badeera. Hoomaa poolisootaa nu hordofan gidduu harkumaan ofii deemnee galuu dandeenya jennees sodaanne. Of baasuufis jecha yeroo tokko tokko of nyaachisuunis waan jiru natti fakkaata. Kanaafi egaa maanguddoo faradoo yaasu kana gaafachuun furmaata filannoo hinqabne kan nutti ta'e_ lafti nuyi geenye kun eessa akka ta'e baruuf.

Abbaa …. Nagaa bultanii? jedheen itti siqee harka fuudhe.

"Nagaa bultanii ijoolleekoo" jedhan. Harka nu fuudhan. Fuulaafi uffata keenya dhiigaan bulbulame ilaalaniiti akka nu shakkuus, akka nu sodaachuus barbaadan.

Abbaa …. Waa isin gaafanna dhiifama wajjin, jedheen biyyi kun ganda maalii jedhama? Aanaa kam keessatti argama? jedheen walfaana waan lama gaaffe.

"Ganda Duunee Kaanee jedhamti. Aanaa Jimmaa Gannatii keessa. Ofii isin eessaa dhuftan? Garam deemaa jirtu? Kan karaa hinbeekne eessaa kaataniiti sa'atii kana kan as geessan?" jedhanii gaaffii irratti gaaffii dabalanii, shakkii nurraa qaban nutti ibsan.

Silaa jaarsoliin uumamumaan kennaafi dandeettii dhugaa hubachuu waan qaban fakkaata. Nuyis deebii dhabne. Dhugaa jiru itti himuuf sodaanne. Dhiisuufis beelaan socho'uu dadhabneerra. Waa jennee garaa laaffifannee waliin gara mana isaaniitti gallee waa nyaachuu barbaanne.

Boqonnaa Shan

Kuluuleenis eda galgala hidhamtoonni mana hidhaa cabsanii badaniiru jechaa oduu ganamaa ollaa irraa dhageessee turte. Ganama yeroo hirribaa kaatu. Garuu warri badan jedhaman sun eenyufaa akka ta'an waan dhageesse waan hinjirreef isaantu bade jettee amanuus dhiisuus hindandeenye. Adda baafachuuf ganamaan kaatee gara waajjira poolisii deemte_ poolisicha kaleessaa gaafachuuf. Fuula lolaa imimmaan jaalalaan dhiqameen daalachooftee bifa ashaboo fakkaatteetti. Yeroo balbala waajjira poolisii geessu, poolisii tokko gaafa duraa yeroo ishiin baduu keenya beeksisaa turte biiroo hogganaa waajjirichaatti ishii argee turetti dhufte.

Osuma ishiin waa hinjedhiin "intalaa.... eessa deemaa jirta?" jedhe, faara walitti gubee.

"Yeroo darbe dhufee dhimma wayii himadheen ture. Maal irra akka ga'an gaafadha jedheeni" jette. Osoo dubbattee afaan ishii irraa hinfixiin, akka bakakkaa rukuteeti waajjira poolisii keessatti kaballaadhaan lafa ishii ciniinsise_ Kuluuleetiin.

"Malaan karaa gurrakee haa yaa'u. Tokko sii kan dargaggoo sana akka korma abbaa warraa nurratti goobsaa jiru. Amma waan gaafattu hinqabdu. Karaakee irra bu'ii gara manakeetti

gali. Kanaan ala atis gatiikee argatta" jedhe_ aarii mana hidhaa keessaa baduu keenya irraa qabuun.

Ishiin waan isaa wallaaltu iyyuu "mallikee mala dubartii, humnikee humna bishaanii haata'u" akkuma jedhamu, Kuluuleenis shakkuun ishii hinoolle. Aariin akkas isa raasee fuula kana fakkaatutti harka ol kaasee kaballaa itti naqsiise waa'ee ishii wajjin hidhata akka qabu hubatte. Namoonni badan jedhaman kunis anaafi Tokkummaa ta'uu akka danda'u shakkite.

Yeroo kana egaa, Kuluuleen duubatti deebitee ija yaadaan ilaalteeti, gatii hanga har'aatti jaalalaaf jecha kaffalte xiinxaltee hiikkaa jaalalaa wallaalte. Ishiin gaafa anaan waadaa galfatte, gochaankoof keessikoo akka dubbii afaankoo yoo ta'e jaalala dhugaa waliin habbuuqachuu akka jalqabnu isa afaanii baastee natti dubbatte yaadatte.

Jaalala dhugaa jettee kan ishiin guyyaa san afaanii baastee dubbattes, namni wal jaalate lamaan gochaan isaaf yaadni garaa isaa akka dubbii afaan isaa yoo ta'e gidiraafi gaddi jireenyaa waan nama mudatu hinseene_ gammaachuufi boqonnaa jireenyaa malee. Kanaafis natti fakkaata hiikkaa jaalalaa wallaaltee raata'uun ishii. Maal godharee kankoofi kan Kuluulee jaalalli dhugaan gaddaaf gidiraan marfame.

Kuluuleenis, "yaa waaqayyoo jaalala malee jiraachuun nidanda'amaay? Yoo danda'ama ta'e erga jalqabanihoo keessaa ba'uun nidanda'amaa? Ani yaa gooftaa dhalli namaa jaalala malee akka hir'uu ta'ettan beeka. Jireenya waliin dabarsa jedheen nama hedduu ana barbaadan keessaa tokko filadhe. Jaalalas waliin jalqabee jireenyikoo gidiraafi gaddaan guutame. Jaalallee ani filadhes waan anatti balleesse irratti

hinagarre. Maaltu akka ta'eefi maaltu akka ta'uu qabu anaan marii'achuufis lafa inni jiruhoo lafa gidiraaf gaddaati malee lafa itti nama alaa mari'atan miti. Moo jaalala jalqabuuf eeggataa qabaachuutu gaaridha tayinnaa? Silaa yoo inni tokko gidiraaf gaddaan qabame inni tokko jireenya gammachuu yoo qabaate isa waliin turuun nidanda'ama. Kanaafi tayinnaa shamarreen bara kanaa dhiira meeqa of duuba hiriirsanii siin du'a! siin gaggaba! kan jedhan. Kun filannoo yeroo jireenya gaddaaf gidiraa tayinnaa? Kun dhugumaan filannoo taanaan dhiirri akkasiis jira tayinnaa? Yoo jiraatehoo innis gaafas sana anaan dhiisee ishii gidiraaf gadda hinqabne bira deemuu danda'a. Garuu namni nama ta'ee gidiraaf gadda malee jiraatu jiraayi? Kan gidiraaf gadda hinqabne biyya lafaa irra yoo jiraate silaa namuu nama kana barbaada ture. Garuu nam jireenya barbaadu kamuu namuma akka isaa jireenya barbaadu barbaada malee nam jireenyaafi gadda addaan ilaalee barbaaduhoo argees dhagahees hinbeeku. Kanaafuu jaalala dhugaa isa namni hundi hinqabne jaalalleekoof qabaadhee gidiraafi gadda jaalalleekoo hirmaachuunkoo iyyuu jaalalleekoof jireenya gammachuuti. Anaaf akkamitti gadda ta'a? ani nama ta'ee osoon kaayyoo jireenyaaf harka rabbiin uumamee jiruu, maaliif nama akkakoo dirqama tokko malee fedhakootiin jaaladhee jiru rakkoofi gidiraa jireenyaa keessatti dhiisee deemuuf yaadaan mala dhahaa? Gochuu hinqabu. Hamman du'ee biyyeetti makamutti jaalalleekoo biraa hindheessu" jettee osoo yaadaan yeedaltuu kaballaa ana barbaacha dhuftee gurratti fudhatte, baattattee mana ishiitiin baate_Kuluuleen.

Boqonnaa Jaha

Aniifi hiriyyaankoos, akkuma "raata'aan raatuu hindheessu" jedhamu, maanguddoo faradoo yaasaa turan kanatti haala keenya xiqqoo beeksifnee duukaa gallee gaggaba ooluun gochaaf jecha filannoo hinqabne nutti ta'e. Yoo lubbuun barfachuu barbaanneef. Nuu lachuu nama dhaanichaafi gufuuf gufaata dukkana limixii darbinee dhufnee as geenye, kunoo har'a dubbii qoonqoo darbuuf karaa hulluuqqii dhabne. Dubbiin qoonqoos, gorsa abbaakoo bara jimmaa jimmiitee yeroo nyaata asheeta boqolloo Birraa sana keessaa, laga deemsa jireenya dhala namaa daangessan keessaa "qara qaramee hindoomnetti" akka fakkeeffamu beelofnee midhaan dhabnaan hubanne. Ofii waa harkaa hinqabnu. Nama waa harkaa qabu agarree akka bira hintarre hubanne.

Maaloo abbaa…. nuyi lafa kana hinbeeknu. Adaraa keessan nu gargaaraa jenne.

"Maal taatan? Maal akkan isin gargaaru barbaaddu?" jedhan_ maanguddoon faradoo yaasaa turan sun. Akkan fuulaafi dubbii isaanii irraa hubadhetti haalli keenya waan isaan gaddisiise natti fakkaata, osuma garaan isaanii maalummaa keenya shakkaa jiruu.

Elaa… maal seetan abbaa … nuyi barattoota mana barumsaa olaanaa Shaambuuti. Garuu amma dhimma barachuuf barachuu dhiisuu osoo hintaane, dhimma du'uuf jiraachuutu

mormatti nu hudhee jira. Kanaaf ammallee akka nu gargaartan adaraa isin jenna jenne.

“Maalinni waansaa? Maaliif barnoota dhiistanii asii deemaa jirturee?” jedhan.

Asii barataadha ofjechaa, achiin immoo gargaarsa daangaa du’aaf jireenyaa gidduutii nama baasu gaafachaa itti siquun keenya, maanguddoon faradoo yaasan kun waa’ee maalummaa keenyaa hubachuuf akka isaan rakku taasise.

“Mee amma isin barataa erga taatanii maal hojjechuu Shaambuu baatanii haga kana dhuftaniree?” jedhan. Osoo isa duraaf hindeebisiin gaaffii irratti gaaffii nuuf dabalani. Nuyis gaaffii isaaniif hamma ta’e deebisuu yaalle.

Nuyi barattoota mana kiraayii teenyee barachaa jirrudha. Garuu akkuma tasaa ta’ee poolisoonni magaalaa daandii irraa nu qabanii mana hidhaatti waan nu galchaniif, mana hidhaa keessaa baanee baduutti jirra. Poolisoonni sun immoo duubaan nu hordofuutti jiru. Erga mana hidhaa seennees ija midhaanii agarree hinbeeknu. Beeluun mogolee nu buusteetti. Gara mana keessaniitti nu geessaa waan nyaatamu nuuf kennaa jenne.

“Garuu maal goonaan isin hidhani poolisoonni?” jedhan. Waan nuyi baay’ee ibsuu hinbarbaanne nu gaafatan. Ibsuufis waan hubannoo hedduu qabnu natti hinfakkaatu_ waa’ee sababa hidhamuu keenyaa.

Jechuma poolisichi nu qabe sun nuun jedhe sana nuyis deebisnee jaarsatti himne. “Gowwaa altakka arrabsi isaa booda innuu of arrabsa” akkuma jedhamu. Barattoota qindeessanii warra mana barumsaa jeequuf jiranidha jedhanii nu hidhan jenne.

“Boo! ijoolleekoo … isinittihoo hinhafne. Bara durii yeroo mootichi Haayilasillaasee biyya bitaa turellee barataan waan hingoone hinqabu. Seenaa Itoophiyaa keessattillee warra gurmaa’anii jijjiirama fidan keessaa, sochiin fincila qotee bultootaaf barattootaa adda duree ture. Maal godhuu miti, jijjiiramicha seenaa barreeffamumaan yoo waraqaa irra taa’eera ta’e malee sabni Oromoo waan jireenyaan arge miti. Waan nuyi yeroo sana itti cichinee mormine, ittuu itti caale jabana kanoo. Akka durii yoo ta’uudhaa baatellee haala isaa jijjiirrate malee inni ammaa isa afaan nama ukkaamsu ta’e. Keessumaa immoo nama baratee bor bakka guddaa ga’uufi nama har’a baratee beekumsaan bakka guddaa jiru adamsanii galaafachuun dubbii araada amaleeffatamee hindhiifamne ta’eera. Ijoolleekoo…. waraanaan osoo taate gaafa goodaa Imbaaboo, gaafa Oromoon fardaaf gaachanaan duulee dhiiga nyaphaan afaan lulluuqqatee, miilla itti dhiqatee biyya bilisa baase, barumaanuu barri alagaan bulan dhufti jedhee kan yaade hinturre. Maal kana qofaa, achii gurmuun fincila diddaa garbummaa Baalee irraan kaate qawwee Shulkutiifi Filibeeriin xiyyaara nafxanyaa samii irraa gad harcaaste. Teessoo jeneraalaafi koloneelaa_Helikoopteriif Jeettii, goodaa hurufa oolmaa loonii keessatti akka baala harbuu harcaasee, teessoo iddoo tapha tikee loonii taasise. Harargeen meencaaf eeboo guuree yaa’e, gaafa Calii Calanqoo hanga akka qamadiif ingirdaadaa calalee addaan qoodutti duubatti biraa hindachaane. Arsiinis gaafa ijibbaata Aannolee, osoo harkiif harmi muramuu diina oofee laga ceesise. Oromoon bilisummaa isaa gonfachuuf takkaa rafee bulee hinbeeku. Asuma gama kanattillee kunoo Abiishee Garbaa osoo quba nyaatuu tulluu Kokor irraa konkolaate. Diinni Qotiyyoodhaan lafarra harkiftee biyyaa baafte. Gootni bilisummaa Oromoof jecha aarsaa lubbuu kenne kun har’a lafa itti reeffi isaa

awwaalamerree hinbeekamu. Qaaniin gabrummaa kana caalu jiraare ijoolleeko? Inni baratee biyyaaf bu'aa ta'a jennee eegaa turres kunoo ollaa kanaa ilmi Obbo Garbaa_ Alamaayyoo kan jedhamu tokko, digirii isaa dura reeffa isaatu dhufe. Biyya bilisa baate ofumaa deebisanii harkatti kennani" jedhan_ maanguddoon faradoo yaasan kun.

Eenyutu biyya dabarsee harka diinaatti akka kenne garuu anaaf hingalle. Seenaa sochii fincila diddaa gabrummaa bara sanaa keessatti jaarsi ga'ee ofii gumaachuurratti waan gaabbii qaban natti hinfakkaatu. Dhimmi ga'ee ofii ba'uu sochii fincila diddaa gabrummaa kunis eenyu bira ga'ee akka inni laamsha'e anaaf hedduu ifa hintaane. Dubbii maanguddoon kun yeroo xiqqoof dubbatan kun ribuu nu seenee hirbuu nu keessa kaa'e.

"Amma ka'aa gara manaatti yaana ijoolleekoo" jedhan. Nuyis kaanee duukaa buune. "Dubbiin nama keenyaa waan harka rabbiin qabamten se'a. Hamma harka rabbii lakkifamtutti isa qabame dhiisaatii isa hinqabamne barnoota keessan baradhaa" jedhan.

Hireen keenya harka Waaqaatti haaqabamtuu yookaan harka namaatti haarakkattuu, aniif hiriyyaankoo keessaa tokko filachuu hindandeenye. Garuu amantaa rabbi hiree ofii manatti namaaf fiduu danda'a jedhu hinqabnu. Hiree ofii harka galfachuun aarsaa akka gaafattu nu lachuu beekna. Akka yaada maanguddoo kanaa hubannetti barattoonni sochii fincila diddaa gabrummaaf jecha olii gad kan kaataa jiran jedhanii waan fudhatan fakkaata.

Maanguddoon kunis osuma takka nuuf seenessanii, altakka takka immoo osuma nu gorsanii mana isaanii biraan baane_ faradoota goodaa qarqara bishaan Haroo Finca'aatti dhiisnee.

Yeroo balbala mana maanguddoo kanaa geenyu dallaan isaanii qe'ee 'Abbaa Oofaa' fakkaata. Ganna yeroo lafti hunduu magariisaan uwwifamu miti, bona qaamuu walakkaa, yeroo wanti hundi gogullee dallaa isaanii jala handaaqqoon hulluuquu hindandeessu. Qe'ee nama guddaa isa balballiif boroon ulfina qabudha.

Maanguddoon kunis fuuldura keenya bu'anii balbala dallaa mana isaanii bananii olseenan. "Ijoolleekoo….. kottaa olseenaa" jedhan. Nuyis duukaa isaanii olseenne. Erga manatti olseennee, balbaluma manaa irra teessuma dalgee xiqqoo tokko irra gad teenye.

"Maal taatan ijoolle…. teessuma daa'imaa irra teessuu? Ka'aa oldarbaa" jedhan.

Lakkisaa…. nuuf ta'eera. Ulfaadhaa jennee didne_ bakka teenyee ka'uu.

"Ayyaana abbaakootii! maal kan afaan balbalaa irra teessan. Ka'aa malee…" jedhaniiti harka qabanii nu kaasan. Oldabarsaniis gararraa teessuma manaa nu teessisan.

"Haadha Margaa…. haadha Margaawoo…" jechaa gara golaatti olseenan.

"Ooko, abbaa Margaa …… na waamtanmoo?" jedhan jaartiin gola keessaa.

"Eeyyee si waamaan jira. Mee as ba'i" jedhan.

Jaartii maanguddoon yeroo dinqa keessaa as ba'an harka mirgaa isaanii of fuulduratti qabatanii dhufan.

"Mee ijoollee kanaaf waan ciniinan kenni" jedhan.

"Tole! tole!" jedhaniiti nutti siqanii nagaa nu gaafatan. Jaartiinis dulloomanii iji diduu jalqabdeetti.

“Kukummaan kun kan eenyuuti?” jedhan. Nulaalanii waan nu hubachuu dadhabaniif.

“As ijoollee Shaambuuti” jedhan_ maanguddoon abbaa manaa.

Jaartii maanguddoon haati manaa kun yeroo jaarsi maanguddoon abbaa manaa faradoo yaasuu deeman, duuba ka’anii ciree hojjechuu jalqabaniiru. Haati manaa kunis bixxillee bixxilanii ho’aa isaatti osoo dhadhaa irra dibaa jiraniiti, kan gidduutti jaarsi waamee golaa gad baase. Harki jaartiis namuma gaagurtee damma baasaa jiru fakkaata_ dhadhaan harka irraa gara ciqileetti yaa’aa jiru. Kanaafi harka isaanii fuulduratti qabatanii kan gad nutti ba’an. Nuyis yeroo dhadhaa harka irraa cophu agarru afaan keessi nu dafqe. Harka irraa arraabuu malee kan nu hafe hinjiru.

Jaarsi maanguddoonis gola keessaa duubatti as deebi’aniiti intala mana isaanii teessu tokko waamani. “Giddumee…. Giddumee.. mee kottumee. Hamma haati Margaa ijoollee kanaaf waa hojjettutti godoo keessaa jabbii booqee gad baasii, mee aannan elemiifii” jedhan.

Erga mana sana seennee gochaan ta’aa jirus, dubbiin dubbatamaa jirus nuu nama beelaan waxalameeru dharraadhaan baay’ee nu gomjaasise. Osuma baay’ee hinturiin bixxilleen dhadhaan irra dibamee jaarsa maanguddoo abbaa manaaf qophaa’e, aannan booqee waliin okolee isa guuboo midhaanii fakkaatutti nu jala taa’e.

“Ijoolleekoo…. jedhaa egaa… ishii kana ciniinaa. Aannanis itti unadhaa” jedhan.

“Uleen harkakee malli garaakee” akkuma jedhamu, silaa namni beela’e quufa hinse’u, namni quufes beela’a hinse’u, anaafi hiriyyaankoo_ Tokkummaanis harka bitaan bixxillee

dhadhaa dhuge baxarraqaa harka mirgaan aannan booqee habbuuqne. Jaarsi maanguddoon nu fudhatanii galan kunis haalli nyaata keenyaa waan isaan ajaa'ibe natti fakkaata, harka isaanii areeda isaanii jala godhatanii callisaniituma hubatanii nulaalu. Yeroo nuti akkuma nama abidda dhaamsaa oolee, bixxillee maxax goonee afaan haxaawwannee teenyu, "maaloo haadha Margaa bixxilleenkee hinhafnee? Ijoolleenoo dhumaniiruu" jedhan.

"Anaan biyyeen haanyaatu. Anoo akka ati nama qabdu hinbeekne. Kunoo waanan suma qofaaf hojjedhedha. Mee xiqqoo ishii naaf obsaa nan bixxilaafii" jedhaniiti gola keessaa as nutti ba'an.

Dhugaa Waaqaa lafaati. Nuyi akka kanaatti erga dhalannee iyyuu quufnee nyaannee hinbeeknu. Waaqayyo isin haa eebbisu. Quufaa! Sooromaa! Waan laattaniif waan nyaattan hindhabiinaa! jenne. Beelofneema ijaa nyaanneef jenne malee garaagartummaan beela'uuf quufuu iyyuu maal akka ta'e beekuuf guyyaan itti beela hamaa shaakalle hinturre, seenaa jireenya keenyaa darbe keessatti.

"Erga quuftaniittu ta'ewoo gaariidha. Amma xiqqoo asuma balbala kana taa'aa boqodhaa. As gajjallaa kana bu'een midhaan tokko ilaaleen deebi'a" jedheeti maanguddoon ciree isaaf qophaa'e dabarsee nuuf kenne, osoo homaa hin nyaatiin dallaa mana isaa keessaa ba'ee qajeele. Lafa maasii midhaanii isa kan akka abbaakoo jaldeessiif booyyeen itti hammaattu waan qaban se'a.

Boqonnaa Torba

Kuluuleenis, erga gaafa nubarbaacha waajjira poolisii deemtee kaballaa fudhattee, yaadaan boqottee raftee bultee hinbeektu. Ganamaa galgala yaada yeedaluun hojii idlee imaanaa jaalalli ishiitti kenne ta'e. Asiin baastus achiin buustus iddoo nuyi geenye baruun abjuu hiikuu ishiitti ta'e. Jiraaf du'aa keenyas wanni quba qabdu tokkollee hinjiru. Waan gootu gaafa dhabdu, osuma dubbiin jaalalaa hirriba keessaa dammaqsee ishiitti hasaasuu, barnoota ishii itti fufte. Maqumaaf akka barnoota addaan kutteetti hinjedhamneef ooltee galti malee, seera qabeessaan barsiisaa hordofuufi barruulee qayyabachuu dhiisteetti.

Barattoonni hiriyyummaa keenya beekanis bulee ka'ee lafa dhihee barii'u, dhaabiif taa'ii ishii dhorkataniiru. "Hiriyyaankee Jaawwaraan maaliif barnoota dhiise?" jedhanii yeroo maraa madaa garaa ishii keessaa tuttuqu. Silaa nami hedduun jaalala nulachuu waliif qabnu waan hubatan se'a, kan ija qobummaan ishii ilaalee gaaffii hiriyyaa jaalalaa ishiif dhiheesses hinturre. Dubartii heerumtee abbaan manaa irraa du'e taate, dhalattuun kaayyoo jireenyaaf cichitu osoo jaalala hiriyyaa ganamaa unattee hinquufiin. Ishiinis baastee hindubbattu. Namnis ishii gaafachuu hindhiisu_ waa'ee barnoota addaan kutuukoo. Ofumaa osoo dhoksattee garaatti gubattuu inni keessaa alatti ba'uu jalqabe. Fuulli ishii dur

burtukaana bilchaate fakkaatu suutuma suutaan sibiila biyyee keessa awwaalame fakkaachaa dhufe. Kana cinaan immoo kan dur dhiqqaa naqabaa jettee, meeqa of dibdee, of miidhagsitee dhuftu, guyyaadhaa guyyaatti akka nama ofirraa bahee of gataa dhufte.

Duraanuu firakoos ta'e hiriyyaakoo kan ishiin beektu yoo jiraate Tokkummaaf Kifilee qofaadha. Kanaafuu nama ishiin gaafattee oduu waa'ee keenyaa irraa dhagahuu dandeessu tokkollee hinjiru. Nama itti himattee waliin nu barbaaddus hinqabdu. Carraa ishiin itti hafte ganamaa galgala waaqayyotti imimmaan ishii dhangalaasuu qofaadha. Ta'us carraa hedduu jiru keessaa hunduu cufaa fakkaatee kan waaqa wajjinii yoo baname waan cufame hunduu akka banamuu danda'u ifaadha_ nama waaqaan beekuuf. Kuluuleenis kan amantaa akkanaa qabdu natti fakkaata.

Boqonnaa Saddeet

Aniifi hiriyyaankoo_ Tokkummaanis, erga bixxillee xaafii dhadhaa dhuge aannaniin unannee, mar'ummaan keenya ka'uu jalqabeera. Jaarsi maanguddoon afaan nama bineensaa keessaa nu baasanii gaggaba nu oolchan, har'as haga dubbiin walii baramtutti akka nuyi gola mana isaanii keessaa hinbaane nu akeekkachiisaniiru. Akkuma amala isaanii takka loon, takka fardeen, takka jabbilee maqaa dhahatanii dachaa goodaa Finca'aaf mana isaanii gidduu marmaaru. Kan gidduu kanaa garuu fardeeniifi loon qofa miti, kan maanguddoo sagal gad baasee oldeebisu. Namoota nuun hordofaa jiranis halaalatti eeguun hojii dabalataa, dirqama dhiigni oromummaa itti kenne ta'eera.

Guyyaa tokko garuu akeekkachiisa jaarsaa cinaatti dhiisnee, dhokannee gara dachaa fardeeniitti yaane. Golatti waan dhokannaa poolisootaan ukkaamamneef qilleensa fudhannee xiqqoo boqochuu barbaanne. Dubbiinis waan irraanfatamaa dhufe nutti fakkaate. Ijoollummaa hubannaa sochii fincila diddaa gabrummaa waan qabnu natti fakkaata, dubbii kaleessa lubbuu nu keessaa baasuuf mormatti hudhee nu qabe sana, akkamitti dheessinee akka jalaa baane dagannee, har'a mana dhadhaaf aannan walitti unatan dhiisnee gara bakkeetti yaane_ akka nama bilisummaa qabuu qilleensa unachuuf.

Jaarsi maanguddoon kunis akkuma amala isaanii faradoo isaanii galchuuf jecha gara dachaatti dhufan. Dachaa fardeenii kana cinaatti yeroo nu arganis hedduu rifatani.

“Maal ijoolleekoo….. maal taatanii bakkeetti baatan?” jedhan.

Nutoo qilleensuma fudhanna jennee gad dachaa kanatti dhufne. Namuu nun agarre jenne.

“Lakkisaa ijoolleekoo…. Nuyi nama hinagarre jedhaa malee namni nu hinagarre hinjedhiinaa. Bara kana jireenyi galagalchoo ta’ee akka nama rakkise isin hinhubannee? Hiriyyaan icciitii qilleensa ta’eera. Kan nuyi erga dhalannee abbootii keenyarraa dhageenyees, agarrees hinbeekne kunoo ta’ii jireenyaa bara kanaa hinagartanii? Kan hinmul’annetu argama, waan hindubbatamnetu dhagahama, qulqulluutu yakkama, yakkamaatu muudama, jaalalleetu wal wallaala, seenaatu hatama, barataa budooma, bineensa firooma, finnatu alagooma, kormatu sangooma, kaayyootu seenaa diiga, seenaatu kaayyoo ijaara, ijatu dhiiga boo’a, dhiigatu aannan rooba, mirgatu sarbama, mijuutu darbama, biyya gurgurama, sabatu uggurama, eelaatu olkaa’ama, aadaatu qeeqama, shiratu beekama, sareetu dheekkama, egereetu wallaalama, ekeraatu fuudha, seexanatu heeruma, reeffa cidha sirba, dureessa wayyaa erba, harreetu dhiqata, garbittii dibata, leencatu baqata, lugnatu ari’ata, dargaggoo kadhata, karaatu nama nyaata, qoraattiitu nama baasa, aannantu garaa nama kaasa, eebichatu dheebuu nama baasa, eenyummaatu halluu ta’a, abbaa biyyaa baqata, harreetu iddoo qabata, hoolaatu qonnaa qota, jaldeessatu aramata. Maal jedheen maal dhiisa waa’ee jireenya fuggisoo bara keessanii kana? Dargaggoon jabana kanaa silaa duubaaf fuuldura isaa

ilaaluun hinjiru. Kanaafuu amma ka'aa daddafaa gara manaatti deebi'aa. Jarri keessan kun duubaan isinirra yaa'anii, anaanillee qe'eekoof maqaakoo xureessuu danda'u" jedhan.

Nama bilisummaa hinqabneef qilleensi gabaa bittaaf gurgurtaa hinbarbaanne illee hagas qaalii akka ta'e homaa nuuf hingalle ture. Jireenyi bara keenyaas akkana akka mataan miila ta'e waan hubanne miti. Mul'istuu bara keenyaa maanguddoon kun miira ho'aan nuuf tarreessanis akka of bir'annus, akka of ilaallus nu taasise.

Nuyis tole jennee jaarsa maanguddoo waliin gara manaatti qajeelle. Yeroon isaas aduu dhiha sa'atii galchaa looniiti. Osuma fagoo hindeemiin dargaggoo ta'e tokkotu borsaa wa'ii rarraafatee daandii irraa 'luf' jedhee nutti ba'e. Nuyis naannoo kanaa namni nu beeku jira jennee hinshakkine. Hinsodaannes. Fira keessummaa fakkaachuuf yaalle. Garuu dargaggoon borsaa rarraafatee deemu kun akka nu bira ga'een callisee nu bira hindabarre. 'Gem' jedhee dhaabate. Xiqqoo ijaajjee nulaaleeti borsaa isaa ofirraa lafatti gad darbe.

"Ijakootu na sobamoo ati Jaawwaraadha?" jedhe. Ofirra garagalee yeroon isa mil'adhu, akkuma weennii mukarraa, utaalee mormatti na marme.

"Maaltummoo biyya kana si fide haadhookoo? Lubbuun numa jirtaa garuu?" jedhe.

Eeyyee nan jira. Galata rabbii haata'u yoona ga'eera. Ofii ati akkami? Nagaa qabdaa? Barnootakee jabaattee hordofaa jirtaa? Akkami barattoonni daree keenyaa hunduu nagaadha mitii? jedheen anis morma isaatti marme. Dargaggoon kunis hiriyyaakoo daree barnootaa dubbiin buddeenaa walitti nu

fidee, dubbiin hiree fuggisoo si'anaa gargar nu yaase_ Kifilee Zamanuu ture. Anarraa utaaleeti ammas Tokkummaatti marme.

"Jarana isin lachuu kan barnoota addaan kuttan maaliifi? Hiriyyaa jechuun ammanumaa Jaawwaraa?" jedhe. Dallansuu sababa barnoota addaan kutuukoo duraan dabarsee itti himuu dhiisuukoo fakkaata_ komeen inni dubbii dhukaan natti darbatu. "Garuu maal taatani?" jedhe, ammas dabalee.

Haala uffata keenyaafi cululuqa fuula keenyaa kan dur beeku waliin kan inni amma argaa jiru hedduu waan itti jijjiirameef, ifatti nu gaafachuu waan qaanfate fakkaata. Osoo hinbeekiinis miilaa hamma mataatti nalaaleeti imimmaan lolaase_ Kifileen. "Kan nyaate nama hin nyaatu" isa jedhamu sanan se'a waan lafa oromiyaa irratti dhalatee guddateef. Moo kan nu nyaatee nu fixe iyyuu isaanii? Namni amala sanyii isaamoo, amala maatii keessatti guddateemoo, amala naannoo keessatti guddatee dhuunfata gaaffii jedhuuf garu yerootu deebii laata.

"Jaawwee maali garuu…. anaanillee dhiisi, hiriyyaakee Kuluulee illee rabbumaaf jecha nagaa itti yoo dhaamte maal qaba? Ilmoo dhiiraa taatee, ilmoo namaa ishii hanqaaquu fakkaattu jaalalaan sakaaltee saree qamalee nyaatte fakkeessitaa?" jedhe.

Waan ani of sobee of sossobee, aduu dhiisisee bariisisaa jiru garaatii na kaase. Keessikoo waadamee waxalamee, affeelameera. Ta'us ani akka duraanii miira ho'aan bo'ee harquu dhiiseera. Yoon bo'es garaakoottin bo'a. Garaa jaalalaatu ana keessatti jabaate miti, hirbuufi booree ta'ii

gocha badii maleen na uggure falmatutu na keessatti saqqii jabeeffate malee.

Inni homaa miti Kifilee…. Yookaan hireekootu kana, yookaan immoo hiree ishiitu kana. Yookiis immoo hiree jaalalaatu kana ta'uu danda'a. Waan hundaafuu ati amma eessaa garamitti deemaa jirta? jedheen isatti deebise.

"Anoo Shaamburraan dhufaa jira. Gara maatiikoottan galaa jira" jedhe.

Edaa manni maatiikeetii asiinii? jedhee osoo ani afaanii hinfudhatiin……

"Manni keenya kunoo qorqoorroo dallaa baargamoo tutaa sana keessaati. Hinargituu? Mana obbo Saaqqataafaa bukkeedha" jedhe. Obbo Saaqqataa jechuun jaarsa maanguddoo nu cinaa dhaabataa jiranidha.

Maanguddoo dhadhaaf aannaniin nu simatan kanas qabatuma Kifileetiin maqaa isaanii barre malee, nuyis gaafannee hinbeeknu, isaanis nutti himanii hinbeekan. Waan darbe kaasnees dubbii baay'ee waliin haasofne_ Kifilee waliin. Osuma haasa'aa yaanuu mana obbo Saaqqataa biraan baane.

"Obbo Saaqqataa…. Ijoolleen kun fira keessaniiy?" jedhe_ Kifileen.

Obbo Saaqqataniis firakooti jechuufis, lakki firakoo miti jechuufis, waan jecha dhaban fakkaatu. Akka of wareeruu ta'aniiti, "ii…..iiii…. maal jette Kifilee?" jedhan. Akka nama hindhageenyee godhatani, osoo dhagahanii. Osoo Kifileen gaaffii isaa irra hindeebi'iin, "chee…chee….. bulloo…" jedhanii gara fardeeniitti nurraa siqan. Baqa deebii gaaffii dubbii Kifileef malee fardeen oofuuf waan nurraa siqan

hinsee'u. Kifileenis irra deebi'ee hingaafanne. Nuyis kun akkana, sun akkasi hinjenne. Waa'ee obbo Saaqqataa dhiifnee, waa'ee keenya wal harkaa fuunee oduu xaaxessine.

"Mee jedhaa…. mana seenee mi'akoo olkeeyyadheen dhufa" jedhe_ Kifileen.

Obbo Saaqqataanis "ijoolleekoo kottaa olseenaa. Ilma mammiree Zamanuu kana waliin eessatti wal beektu?" jedhan.

Waliin baranna ture. Osoo nuyi barnoota addaan hinkutiin dura daree keessatti walcinaa teenya ture jedheen dhugaa jiru itti hime. Kan anaafi Kifilee wal barsiises kanarra darbee hinturre, erga walbarree yoo jiraatellee. Osoo nuyi jaarsa maanguddoo beelaafi afaan du'aa keessaa nubaase_ obbo Saaqqataa, waliin odeessaa jirruu Kifileen 'tuf' jedhee nu biraan ba'e. Obbo Saaqqataanis hubataa jaarsaa waan turaniif, ganaa haala deemsa jireenyaa nuyi keessa dabarre waan baay'ee nu gaafachuuf kan qophaa'an fakkaatu. Jaarsi nama bilchinaafi cimina namaa fonqolchanii keessaaf alaan madaaluu danda'anidha. Haalli amma jiru garuu isaaniif mijataa hintaane, waa hunda nu gaafachuuf.

Kifileenis hedduu afuura nu kute. "Amma ka'aa na duukaa bu'aa. Ana waliin galtan malee du'een argama" jedhe. Waan garaa jaalalaan nuuf oo'en se'a.

Obbo Saaqqataanis homaa hindubbanne. Callisaniituma haala hiriyyaa keenyaa kana waan taajjabaa jiran fakkaatu. Lakkisaa…… duukaa hingaliinaa jechuufis egeree dubbii kanaa hinbeekani. Deemaa….. dhaqaa waliin galaa jechuufis, duuba dhaqanii deebisanii nu fiduufis yookaan achuma mana mammiree Zamanuutti nu dhiisuufis karaan ifaa ta'ee tokko

filachiisu sammuutti isaan hindhufne. Waan fedhes ta'u akkuma wawwaate mana mammiree Zamanuutti nu fudhatee gale_ Kifileen.

Yeroo faana Kifilee buunee manatti olseennu, maanguddoo uffata gurraacha dheeraa, mataa hanga miilaa ofitti naqe tokkotu qoobii mataa irra kaawwatee taa'a. "Olseenaa! Nooraa!" jedhee bakka taa'uu olka'e.

Taa'aa…. Taa'aa… jennee, nafa nafa suksuknee nagaa gaafachuuf jecha mataa gadi qabannee harka lamaan itti hiixanne. Harka nutti hiixachuu dhiiseeti, dhuka isaa keessa harka galchee fannoo mormatti rarraafateeru, isa amma waanjoo ga'u gad baasee nutti qabe. Anas ta'e hiriyyaankoo_ Tokkummaan erga dhalannee haga har'aatti waan akkasii nu qunnamee hinbeeku. Garuu yeroo tokko tokko, yeroo barataa turre karaa bataskaana madaanaalamii Shaambuu si'a deemaa turre, namoonni tokko tokko uffata balee adii bitaaf mirgatti oolbatanii gaafa qeesota dubbisan akka fannoo dhungatan ijaan agarree beekna.

Ta'us fannoon kallattii afur qaba. Kallattii kamtu dura dhungatama, isa kamtu lammaffaatti dhungatama, isa kamtu sadaffaatti dhungatama kan jedhu wanni beeknu tokkollee hinjiru. Durumaanuu yeroon manatti olseenee nama uffata gurraachaa argu, kan manaa nu baasee nu joonjessaa jiru, gochaan poolisoota uffata gurraachaa waan sammuu keessatti na bocamee jiruuf, naasuun na keessa ka'ee ture. Anis naasuu kanaan wal makee akkan ta'es hinbeeku. Fannoo harkatti qabeen calliseenuma gadi gombifameen si'a sadii dhungoo fannoo keessaa fuudhe.

Hiriyyaankoo Tokkummaanis osuma ofirratti rom'uu fannoo dhuka jaarsaa keessatti leelee dammaa fakkaate itti culuullatee dhungate. Waan jaalala guddaa itti agarsiisu fakkaata, nama hubatee ilaaleef. Namni waan argee hinbeekne jaalataa gaaffii jedhuuf garuu anii deebii hinqabu.

Abbaan hiriyyaakoo mammiree Zamanuunis baay'ee ajaa'ibsiifate. "Ijoolleen kiristaana ta'anii fannoo dhungachuu hinbeekne, kan qeesii harkaan dubbisuuf itti fiigan kun eessaa ba'aniiru" jedhee ofitti odeessa.

"Akkami isin kiristaana mitii?" jedhe.

Lakkisaa……. nuyi Oromoodha jenne.

"Ihii…… ihiii…… kiristaanamoo musliima isin jechuukooti malee gosa keessan isin hingaafanne" jedhe. Garaa isaa keessatti maal ijoolleen joonjoftuun kun, kan gosaaf saba adda baastee hinbeekne jedhee waan ofitti hasaasu fakkaata. Akka yaada isaattis erga kiristaana yookaan musliima ta'anii dhalatanii waan gosa ofii filatanii ta'an se'a. Nuyis waan deebisnu wallaalle. Eenyummaa keenya beeknu kan rabbi nuuf kenne dhiifnee, eenyummaa mammireen nuuf kennan kanaan of ibsuu eegalle.

Garuu addunyaa kanarra kiristaanaaf musliimaa ala sabni hinjiru jechuudhaa? Kiristaana jechuun nama saba musliimaa hintaane jechuudhaa? Moo warra fannoo mormatti rarraafatan yookaan warra fannoo dhungatan qofaadha? Kiristaana keessa musliimni jiraay? Musliima keessahoo namni kiristaanni jiraay? Musliimas ta'e kiristaana, tahanii dhalatumoo dhalatanii tahuu? Wanni kun hidda dhiigaa waliin kan walqunnamtu yoo taate tokko ta'uuf furmaanni isaa tokko. Innis rabbiin kadhachuu qofa. Namni amalaafi

akeeka isaa malee dhiiga isaa jijjiirachuuf ga'ees ta'e hiree waan qabu natti hinfakkaatu. Yoo erga dhalatanii kan argatan taate garuu madda garaagarummaa ta'uu hinqabdu. Namuu irratti waliigalee furmaata soquu qaba jedheen anis mudannoo haaraa har'a na qunname waliin yaadaan ofitti hasaase.

Wanni hunduu, gaafachuunis, gaafatamuunis darbee mana Mammiree Zamanuutti nyaanni nuuf dhiyaate. In nyaannes. Jaarsi mammireenis nu waliin taphachuuf keessi isaa waan eeyyameefii natti hinfakkaatu. Akkuma nyaata nyaatee ka'een harka isaa dhiqatee gara gola ciisicha isaatti darbe.

Hiriyyaankoo_ Kifileen garuu nu waliin taphatees, odeessees quufuu dadhabe. Mana jala siree teephaa tokkorra ciisnee, halkan guutuu sadii taanee akka odeessinutti bulle. Asiin haasaan haasaa fidee, achiin oduun oduu fixee, akkamitti akka barnoota keenya addaan kunnes itti himne. Icciitii jiru hundaa gad itti jigsine. Kifileenis abaluu isaanii wallaaluyyuu, namoonni lama waajjira poolisii keessaa mana hidhaa cabsanii akka lafa buuteen isaanii dhibame gurra isa buteera. Garuu gaaftokkollee Jaawwaraaf Tokkummaadha jedhee yaadees, shakkees hinbeeku.

Yeroo lafti bari'u, mammiree Zamanuun sursuraan ka'anii, balbala taa'anii macaafa bicuu tokko kan afaan Gi'iiziin barreeffamte dubbisu. Si'a nuyi waa'ee poolisoota duubaan nu hordofaa jiranii oduutiin laaqnee bukeessinu, jaarsi mammireen nu cinaa taa'ee gurra qensa. Oduu keenyas dhugee quufeera.

"Lekkaa….. ijoolleen kun dubbii barattoota bara Atse Haayilasillaasee natti fiddee lafa keenya dabarsitee

garbootaaf kennuuf deemaa jirtudhaa laata?" jedhe. Isa yeroo bara mooticha Haayilasillaasee, habashaa abbaa lafaa jedhanii, oromoo hedduu hojjechiifataa turan waan hawwe fakkaata_ mammiree Zamanuun.

Boqonnaa Sagal

Kifileenis, boqonnaa guyyaa lamaa xumuree, gara mana barumsaa isaatti deebi'uuf mana keessa qophaa'aa jira. Haati isaas galaa wa'ii naqxeettiifii.

"Egaa….. adaraa keessan mana kana keessaa hinba'iinaa. Rakkoo jiru maras abbayyeekoo haasofsiiseera. Dubbii jiru hundaa haala danda'ameen qoradheen odeeffannoo isiniif fideen dhufa. Yoo haalli isaa rakkisaa ta'es, garamitti akka deemuu qabdan walumaan marii'annee murteessina. Hagasitti garuu asuma maatiikoo waliin turaa. Torbee lama sadii dabarseen dhufa" jedhee gara mana barumsaa isaatti sokke_ Kifileen.

Guyyaa sadan tokko erga bullee booda, mammiree Zamanuun nutti siqanii nu haasofsiisuu eegalani. Jechi dubbii mammireen dubbatuufi jechi anaaf hiriyyaankoo_ Tokkummaan dubbataa jirru hagas wal hinfudhanne. Nus ta'e mammiree Zamanuu bitaa gale.

"Maal isinihoo dubbii iyyuu hinbeektanii? Faranjiima baargamaa dhufte taatanihoo…. isin ijoollee habashaa mitii?" jedhe_ Mammireen.

Lakkisaa ……nuyi faranjiis habashaas miti jenne.

"KKKKKK……" jedheeti kiksee nutti kolfe. Mata dureen dubbii, yaadni keenya yaada isaa waliin irratti wal dhiites

waanuma ajaa'ibaa inni dhagahee hinbeekne itti ta'e_ habashummaafi faranjummaa.

"Isin ilmoo namaa mitii? Faranjiis miti, habashaas miti jettan. Maal ofjechuu feetanree?" jedheeti ammas kolfa qasa'e.

Dhimmi habashaaf faranjii kun, anaanillee yeroo baay'ee sammuu keessa na dhufee seenaa dhugaa waliin mataa na cabsa ture. Yeroo hedduu nyaata faranjiimoo nyaata habashaa, loon faranjiimoo loon habashaa, barsiisaa faranjiimoo barsiisaa habashaa, sanyii faranjiimoo sanyii habashaa jedhamee eenyummaa namaafi, ga'ee hojii yookaan abbaa qabeenyummaa namaa ibsuuf filannoon habashaaf faranjii malee akka hinjirre, biyya Itoophiyaa keessatti, qotee bulaa hanga beekaaf barataa yunivarsiitiitti, bal'inaan dubbatama. Bal'inaan haadubbatamu, haadhiisus, kuni homaa miti. Garuu, qabeenyaanis faranjiif habashaa, sanyiitiinis faranjiif habashaa, ga'ee hojiitinis faranjiif habashaa jedhanii nama addunyaa kanarraa mara, biyya tokko keessatti qofaa, bakka lamatti qooduun kun eessaa jalqabe? Ammaan tanahoo eessatti jedhamaa jira? Eenyutu jechaa jira? jedhanii adda baasuun barbaachisaa natti fakkaata_ mul'istuu eenyummaa dhala namaa hedduu keessaa isa tokko dhugaan hubachuuf.

Habashaa jechuun nama gogaa halluu gurraachaa, faranjiin immoo nama gogaa halluu adii akka ta'e biyya Itoophiyaa keessatti hedduu lafa qabateera. Baratti dhaloonni sanyii isaa barsiifatee, seenaa sanyii isaa katabee, osoo dhugaa hinjallisiiniifi dhugaa hinhambisiin dhaloota dhufuuf dabarsuun, pilaanetii biraa irra qubachuu caalaa ulfaate kanatti, warri seenaa dhugaa ukkaamsanii seenaa sobaa waltajjiitti baasan kun carraa maalii akka isaan argataniifi fayyadaman hedduu ana ajaa'ibeera.

Osoo habashummaan yookaan faranjummaan halluu gogaa taate, galata tekinooloojii haata'u malee, namni gogaa halluu gurraachaa, keessa gogaa isaa garagalfatee, adiitti jijjiirratee faranjii ta'uu danda'a. Jireenyaaf qabeenyaanis ta'e beekumsa barnootaan, durattis ta'e yeroo ammaa kana olaantummaa pilaanetii dachee kanaa waan to'ataniif malee, sanyiin nama gogaa halluu adii sanyii nama gogaa halluu gurraachaa irra wayya kan jedhu hinjiru_ seera namaa yoo ta'e malee seerri waaqaa. Osoo uummanni sanyii nama gogaa halluu gurraachaa, qabeenyaaf beekumsaan warra gogaa halluu adii caalaa olaantummaa gonfatee jiraate, uummanni warra gogaa halluu adii kun gara warra gogaa halluu gurraachaatti jijjiirrachuu yaalu ture_ yoo kan danda'amu ta'e. Silaa kan bareedu waanuma nama waa qabuuti. Kanaaf natti fakkaata geerartuun Oromoo, "qabaatan mucaa ta'uu hunduu nama dhungataa yoo dhaban budaa ta'uu hunduu nama tuffataa" kan jedhuufii.

Dhugaan jirtu garuu, habashummaas ta'e faranjummaan ibsituu eenyummaa ta'us, halluu gogaa waliin kan walqunnamtii qabdu miti. Habashaa jechuun, akka uummanni Itoophiyaa hedduun jedhanitti nama gogaa halluu gurraachaa hunda bakka bu'a miti, hinibsus. Faranjummaanis nama gogaa halluu adii hunda bakka hinbu'u. Biyya dhugumaan mirgiif eenyummaan dhala namaa keessatti kabajame keessatti, nama gogaa halluu adii faranjii jettee waamtee, yookaan nama gogaa halluu gurraachaa habashaa jettee waamtee, seeraan gaafatamuu qofa miti adabamuunillee jira. Habashaa jechuun guboo dhiigaafi afaan waliin kan walqabatee dhufe malee, guboo halluu gogaa waliin kan walqabate miti. Namoonni yeroo ammaa kana habashaa jedhamanii beekamanis, saboota afaan gurguddoo Afrikaa keessaa garee Afro-eeshiyaatik jedhamu jalatti kan

ramadaman ta'ee, saboota afaan gartuu Semetik jedhamu dubbatanidha.

Akka gosaattis, sabni Itoophiyaa keessaa guboo dhiigaaf afaan gartuu Semetikii irraa dhufan, kan akka Amaaraa, Tigiree, Guraagee, Adareefi Argobbaan isaan gurguddoodha. Isaan kunis walumaagalatti sanyii habashootaa jedhamu. Maqaan habashaa jedhu kunis kan isaaniif moggaafameef akkasumaan miti. Bara durii yeroo akka har'aa kana lafti addunyaa keenyaa kun hundi namaan hinqabamiin, sanyii arabootaa 'Habish' jedhamantu biyya arabaa irraa godaananii karaa yeroo amma kana biyya Yemen jedhamtee beekamtu kana, gaanfa Afrikaa irraan gara biyya yeroo ammaa kana Itoophiyaa jedhamtuutti seenanii qubatan.

Biyyumti amma Itoophiyaa jedhamtee addunyaa irratti beekamtu kunillee yeroo sana maqaa kanaan beekamuu miti daangaa kanaan illee hinbeekamtu ture. Hiikkaan dhufaatii maqaa biyyittii kanaas afaanota yeroo ammaa kana Itoophiyaa keessatti dubbataman wajjin walitti dhufeenya akka hinqabne hambaaleen seenaa tokko tokko ni ibsu. Saboonni Itoophiyaa baay'een illee akka eenyummaa sobaan (false identity consciousness) of hubatan yookaan ofbeekan kan taasise raacitii godaantota kanaa akka ta'e ragaaleen haftee bara mootummoota abbaa irree ni mul'isu. Jabana sana waan dhagaa bu'uuraa buufate natti fakkaata, inni yeroo ammaa kana rakkoo guddaa guddina uummattoota Afrikaa ta'ee sabaaf saba wal nyaachisaa jiru, seenaa sobaa barreessuuf barsiisuu (historical transformation) irraa kan madde.

Garuu yeroo ammaa kana gosa sabaaf sablammootaa 86 ol ta'an kan biyya Itoophiyaa keessa jiraatan qofa miti, saboonni gogaa halluu gurraachaa kutaalee biyyaa ardiilee adda addaa

irraa dhufanii, Itoophiyaa keessa jiraatanis ta’e hojjetan, akka habashaatti ilaalamu. Ilaalamuu qofas miti, abalu habashaadha, abalu faranjiidha jedhu halluu gogaa isaatiin. Osoo eenyu akka ta’eef eessa akka dhufe isaan hindhibiin.

Wanni eenyummaa kun, kan walitti hindhufne walitti fidanii, masara mootummaa galchuun, waan eenyummaa dhugaa immoo dhoksanii sabaan saba waamuun, eessaaf maaliif akka jalqabee hanga har’aa waltajjii qabatee ijaajju, namoonni adda baasanii beekan baay’ee bicuudha. Saba tokko saba biraan waamuun, saba tokkoof daangaa beekamtii babal’suu, saba isa saba biraan waamamuuf immoo labsii badisa isaa irratti labsuudha jedheen, seenaa sabakoo hatamee mataa na cabsaa jiru hamma ta’e yaadakoo ibseen hiriyyaakoo_ Tokkummaaf qoode. Yeroon ani isa baddaaf dakaa walitti fidee, uggura seenaa sabaan saba waamuu kana, miira aariidhaan Tokkummaaf seenessu, jaarsi mammireen gola keessaa gurra dhaabee mataatii bokokaa jira.

Boqonnaa Kudhan

Aadaa oromoo keessatti, bara rakkinaa namni firattis ta'e hiriyyaatti baqatee bara dabarfachuun kan baramedha. "Baraaf murxuxxee gad jedhaniiti ofirra dabarsu" akkuma jedhamu, oromoonis bara rakkinaa wal oolchuu aadaa godhatee, walharkaa fuudhee fide. Aniif hiriyyaankoo_ Tokkummaanis, beeknees ta'e osoo hinbeekiin aadaan kun sammuu keessa waan nu jirtuufi mana maatii hiriyyaa keenyaatti baqachuun keenya. Garuu firummaan yookaan hiriyyummaan afaan haataatuu dhiiga, wanni adda baafannee beeknu hinjiru.

Erga gaafa gola keessa taa'ee, dubbii uggura seenaa eenyummaa ani Tokkummaaf seenesse dhagahee, abbaan Kifilee_ mammiree Zamanuun, nutti dhihaatee taphachuun baay'ee dabale. Seenaa sanatu isa gammachiisee? Moo nama afaan dhadhaa isa garaa madaati? Waaqxiif lafti haabeeku malee, homaa wanni nuyi beeknu hinjiru. Waan shakkines hinqabnu. Hedduu nu kofalchiisa. Ofii illee hudduutii garagalee kolfa.

"Waaqa addaataa roobuuf nama kolfaa nama miidhu hinbeekkatani" akkuma jedhamu, kolfa dhugaa haata'uu kan sobaa, nuyi hinbeeknu, waan mamnes hinqabnu. Jaarsi kun waan hedduu nu jaalatan seena. Osuma ganamaa galgala

jaarsa cinaa teenyee kolfa qasaanuu, guyyoota murtaa'e dabarsine.

Jaarsi mammireen kun bulchaa bataskaana Maaramii Qadiidaati. Waanuma tokko yoo dubbatan, dhugaa jettuu…. jennee yeroo dubbii isaa jalaa qabnu, "maaramii qadiidaa" jedha. Maaramii qadiidaa jennaan… soba dubbachuuf shira maruu miti, waan bishaan liqimsan hinseenu.

Guyyaa tokko garuu waanuma addaa tokkoon nu keessumsiisani. Akkuma guyyoota muraasa dabarsine, har'as ganamaan kaanee karaa boroo balbalatti gad yaane. Biqiltuu geeshoo jala barcuma buufannee teenye. Mammiree waliin haasaa keenya wal harkaa fuunee walaasne.

Erga gaafa mana obbo Saaqqataatii baanees namni nu argee hinbeeku. Nu arguu dhiisuu isaaniif garuu gorsa obbo Saaqqataa gaafa dachaa goodaa fardeenii, galagalchoo mul'istuu bara keenyaa kana irraanfanneerra. Akka yaada keenyaatti, mana mammiree Zamanuu jiraachuu keenya kan beeku obbo Saaqqataafi waaqayyo qofaadha.

Balbala boroo teenyee osuma haasaa keenya jaarsa waliin walaasnuu, fooliin dhadhaa mana nyaata bilcheessan keessaa gad burqu, bakkeetti lafaan nu mare_ dharraatiin. Hamma ka'aa olseenaa… laaqana nyaadhaa… jedhanitti hedduu sardamne. Akkuma ta'u ta'ee yeroon laaqanaa nuyi muddamnee eegaa turres qaqqabe. Harka dhiqannee olmanatti seenne. Har'a silaa akka durii nyaadhaa…. kutadhaa….. jechuun illee waan barbaachisu natti hinfakkaanne_ osuma nyaanni dhiyaatee nu bira hinga'iin iyyuu foolii fuunee waan afaan mi'eeffanneef.

Nyaanni dhufee dhiyaates, hamma nuyi fooliidhaan bakkeetti dharraanee eegnee gad miti. Ittoo handaaqqoo isa funuuna giiftii fakkaatu distii sibiilaa keessaa itti nuuf jigsani_ anaafi Tokkummaaf. Mammiree Zamanuufis distii suphee keessaa itti buusaniif. Nyaata akkas urgaawu kana takkaa qofa afaan kaawwadheen osoo lammata afaan hinkaawwatiin, akkuman harkakoo gabatee buddeenaatti ergetti, sagalee iyya saree gurra nama duuchutu balbalaa dhagahame. Dubbiin sagalee guddaa dhagahuu kun anaaf sodaa erga ta'ee bubbuleera.

Buddeena cabsee afaan kaawwachuuf akkan maree qopheeffadhetti gabateerra buuseen alatti gad fiige. Yeroon saree kana bira ga'u narraa siqxee dhaabattee nalaalte. Ergamtuu du'aa haataatuu, ergamtuu waaqa jireenyaa, rabbi malee ani hinbeeku. As ilaallaan, achi ilaallaan homtuu hinjiru. Doomi! Dhorami! Rabbi ayyaana si haaqabu! Saneen si hinga'iin! Bita keenya fudhuu dhaqi! jedheen abaaraa olseene.

Silaa durumaanuu ittoon har'aa raajiidha. Hiriyyaankoo dukkanaaf ifa waliin daaknee har'a asiin geenye, waan taa'ee na eege hinfakkaatu. Hamma ani iyya saree balbalaa birmadhee deebi'utti, nyaata mi'ooftuu kana si'a lama sadii waan afaan ka'aten se'a. Yeroon bakka taa'umsakootti oldeebee harkakoo gara gabatee buddeenaatti hiixadhu, harki Tokkummaa buddeena cabsachuuf as diriire osuma hindacha'iin gabatee nyaataa dhahee lafatti dabaleeti, ofii lafatti diriire. Anis wayyoo haadhookoo……. jedheen irratti lafa dhahe. Mataa isaa olqabee yeroon ija keessa isa ilaalu, akkuma jawwee hiixatee dhaabachuu dide. Osuman arguu akkuma laastikii isame. Altakkaa duwwaa ija isaa bongol godhee nalaaleeti, "Jaa…. Jaaa…." jedhe. Maqaa na waamee waa natti dhaamuu barbaadeeti, afuurri isaa deebi'uu didde.

Dhangala'aan baaduu fakkaatu tokko qaawwa funyaan isaa keessaa kolol jettee gad yaate.

Isa dura akka jawwee hiixate, akka ribuu walitti butameeti walitti guduunfame. Tokkummaan mucaan utubaa manaa fakkaatu akkuma feestaalii abiddi gubee walitti shuntuure. Iji isaas akka ijakoo keessa ilaaletti, harki isaa akka shurraabakoo qabatetti, miiltoonkoo gaafa qormaata dukkana limixii waliin kufnee kaane, foon isaa harkakoo irratti dhiisee addunyaa kanarraa godaane_ summii mammiree Zamanuun nyaata waliin nu nyaachiseen. Anis osoo hinrafiin dhaabiitti abjuun liqimfame. Nan boo'e! Nan gadoode! Nan mar'adhe! Nan halaake! Nan caraane! Lafarran gangaladhe! Hiriyyaankoo haga har'aatti yaada malaaf falaa naaf qoodaa tures, tole bade hinjenne. Hirriba hinkaane ciisee na dhaggeeffate.

"Eree minnoo…… Hiniyyiinii….. mucaan fayyaadha. Besma'aab wolde menfes qiddus ….. maal ta'ee qe'ee rabbashaa?" jedhe, mammiree Zamanuun.

Yeroo hiriyyaankoo_ Tokkummaan gad hiixatee, ol kottoonfatee, akka dubartii deessuutti miixatee lubbuu of keessaa baasu, lafti urattee gad na liqimsuu didde. Samiinis butee ol na fudhachuu dide. Malaaf fala dhabeen akka sa'a gorra'amee, reeffa hiriyyaakoo irra gangaladheen gadoode. Homaa kan naaf dirmates hinjiru.

"Aantee lij, yoo zim jetta ta'e zim jedhi. Qe'eekoo irratti hiniyyiin. Kanaan ala poolisii fideen seeraan manakoo keessaa si baasisa" jedhee, reeffa namaa akka reeffa sareetti osoo hinilaaliin irra tarkaanfatee ala ba'e_ mammireen.

Yeroo mammireen maqaa poolisii dhahee gad ba'u, akka maraachuus akka of wallaaluus na gochuu kajeele. Bo'ichakoo dhiiseen, hiriyyaakoo naaf jecha gatii lubbuu kaffale miila jala ofirra gad quuphane. Jaarsi mammireenis xiqqoo ala dhaabateeti deebi'ee manatti olseene.

"Dhukkubni akkasii kun 'irgimaanii' ta'uu danda'a. Gizee baay'ee namoonni betesabiin isaanii yookaan ofii isaanii abaarsa qaban akkuma tasaa kufanii du'u. Duraan dabarsanii soomaaf sagadaan maaramiin 'ammaalladuu' qabu ture. Maal godhuu mitii…. Maaramiin qadiidaa lubbuu isaa jannata haagalchitu malee. Amma nama du'e qabatanii taa'uun waagaa hinqabu. Bo'ichakee dhiisiitii… ka'ii deemii maatii isaatti himi. Dhufanii fuudhanii haa awwaallatani" jedhe.

Yakkamaan lubbuu dhalattuu karaatti galaafate waan garalaafessa namaa of fakkeesse. Akka ani maatii Tokkummaa waamu barbaadee osoo hintaane, akka nuyi dhokataa jirru waan beekuuf, anis waanan qabuuf gad dhiisu wallaalee achitti gogee akkan hafuu barbaadeeti. Akka nuyi poolisoota dheessaa jirru waan dhagaheeruuf nama hindhageenye fakkaatee, tooftaatiin guboo kaayyoo keenyaa balbala isaatti gogsuuf ture, kaayyoon mammiree Zamanuu.

Silaa baqataan ofiifuu mala wallaalee jooru, maal namaaf malaa miti, anis taa'ee hedeen yeroon lubbuu hiriyyaakoof mala dhabu ofiif waa murteeffadhe. Deebi'ee galuun waan hinfakkaannedha. Fagaadhee deemuuf, waahillikoo dhadhaabbata ulee bosoqqee natti ta'e. Yeroo aduun dhihee lafti sursuraa'u, mana isaa keessa reeffa cinaatti na dhiiseeti gara bataskaana maaramii qadiidaatti sokke, "qiddaasee qaddaseen dhufa" jedhe.

Anis marii nyaphaa kana taa'ee hineegne. Tokkittiikoo ishii gaafa xiiqii, kan duuti na harkaa baase_ reeffa Tokkummaa, gateettiirra buufadheen gara bosona qarqara bishaan haroo Finca'aatti kaadhe. Osoo baay'ee ta'uu baatellee, anis nyaata summaa'aa sana altakka afaan kaawwadhee waanan tureef, suuta suutaan garaa keessaa lapheetti ol na aare. Deemsas ana dhorke. Caffee raatuuf sochootuu qarqara bishaaniitti biqilee jiru keessatti lafaan dhaheen reeffa Tokkee boraafadhee ciise. As gangalchee, achi gangalchee yeroon gadoodu, Tokkeen 'xis ximbis' hinjenne. Caffee boraafatee ciise, jireenya naachaaf raachaa. Anis halkan guutuu seexanaaf ekeraa waliin reeffarra sirbaan bule. Awwaallachuufis qeensaan lafa hinqotu. Dhiisuufis seexaan na keessa jira. Waanan godhun wallaale.

Ganama yeroo lafti barii'u, allaattiin luka dhedheeraa bishaan keessaa qurxummii adamsu nu marsee dirrisuu jalqabe. Akkanumaan ganamaa hamma galgalaatti allaattii irraa tiksaan oole. Osoo reeffa hiriyyaakoo na harkaa butee nyaachuuf itti gamuu. Aduun dhihee si'a biiftuun lixxu, haga yoomiitti reeffa qabadhee akkan taa'u gaaffii natti ta'e. Tokkee lafaa ol fuudheen, gara bishaaniitti buteen caffee harkaan jijjiksee irra ciibse.

Yoo waaqayyo jedhe, haga fedhe dheerattus guyyaa tokko shiraaf uggura manaa si baasee irbaata allaattii si taasise kana nan jijjiira. Seenaakees, seenaa hundeeffama gurmuu fincila diddaa garbummaa saba oromoo godheen kataba. Guyyaa yaadannoo gootota qabsoo bilisummaaf hobba'anii ta'ees, kan kanaa booda qabsoof gatii kaffalan dabalatee, akka kabajamu nan taasisa. Yoon barakootti dadhabes imaanaakee kana dhalootatti dabarseen darba. Ragaan keenya waaqayyoof lubbuukeeti. Lubbuun hinduutu. Mana waaqaatti

na gaafatti. Naachiif raachi, allaattiif qurxummiin caffee Haroo Finca'aa si haa awwaalani. Lafarrattis, mana waaqaa keessa samiirrattis, dhiignikee na haa gaafatu, yoon imaanaa kaayyookee nyaadhe. Hireekees haa ta'u carraakee, hiriyyaakoo gaafa xiiqii, osoo akeekakee bira hinga'iin galaana "qara qaramee hindoomneen" liqimfamtee na biraa hafteetta. Anis yoon danda'e galaana akeeka jireenya dhala namaa nyaatu kana tarkaanfadheen akeekakee akeekakoo taasisa. Kun immoo kennaakoo isa jalqabaaf dhumaati. Shurraabakoo ati itti rarraatee miixattee lubbuukee of keessaa baafte, ijakeerra haa buutu. Allaattiis ta'e bineensi dura si arge, ilkeen isaa oso qaamakee hinciniiniin shurraabakootti afuura haa baafatu, jedheen shurraabakoo ofirraa baasee fuula isaa irra buuse. Osoon imimmaan dhiiga roobsuu waadaa hamma wabii lubbuukootti deemus isaaf seeneen seexaa kudhaammadhee biraa qajeele_ qal'oon aayyuleekoo, huuqqattuun abbaa Milkii, ani Jaawwaraa Caattoo.

Garuu dubbiin wabii waadaa, lubbuukoofi ragaa waadaa waaqayyoof lubbuu Tokkummaa na waamsise, nyaatamuu Tokkummaa "galaana qara qaramee hindoomneen" qofa osoo hintaane, Tokkummaan gumaafis ta'e gumaata dhaquuf nama cophaafi dhala hingodhatiin hobba'e ta'ee nama "galaana nama du'ee du'aa hinkaaneen" kan altakkatti galaana lamaan nyaatame ta'uu isaati.

Akkuma abbaankoo bara Birraa yeroo nyaata asheeta boqolloo sana nu gorsaa turan, laggeen galaana riqicha malee akeeka dhala namaa ta'anii kan kaayyoo dhala namaa fuuldura hiriiran kana, hiriyyaankoo Tokkummaan kan irra taruu dadhabeef akka nama mukarra rafuutti yeroo hunda dammaqaa ta'uu waan dhabeefmoo waan biraatiifi? jedheen

sababa isaa osoo ofiif hindeebisiin galaa godhadheen akeekakoo faana ba'e_ bilisummaaf birmadummaa sabakoo.

Silaa namni dhalatee dhala malee hafe muka seerame waliin waan wal caalu miti. Seenaan isaas ta'e eelaan isaa awwaalcha isaa biraa hafee umrii dheeraa jiraachuuf waan mana jireenyaa argatu natti hinfakkaatu. Tokkummaanis kunoo daangaa kanaan qabamee ana biraa hafe.

Boqonnaa Kudha Tokko

Dubbiin ganamuma borsaa barruuleekoo na fannisiise, har'as ana duukaa bu'ee bo'ichaaf gaddaan na hordofa. Silaa namni waan halle biraa dheessuu danda'ullee, waan lama baqachuu akka hindandeenye ifaadha. Lafa haga fedhe fagaatees haa deemu, dachee kana lakkisees pilaanetii biraatti haa ce'uu, namni kamuu yaada mataa ofii isaafi waaqayyo uumaa isaa jalaa hinba'u. Namni jalaa ba'uuf yaalus dhumni isaa maraatummaa yookaan du'a ta'a_ yoo itti araarame malee. Namni mataa ofii yookaan waaqa uumaa ofiin waldhabe, dheessuurra araaramuu osoo filate lafa kufee ka'uu yookaan deebi'ee jiraachuu danda'a.

Anis yaada mataakoo yookaan waaqa uumaakoo osoo hintaane, dunkaana gabroomfataa eenyummaa sabaa ukkaamsuuf, sirna bulchiinsaa dhalattuu karaatti gogsee sanyii namaa aramaa nyaachisu kana dheessuuf jecha geeraraan qajeele_ osoon fuulakoorra imimmaan lolaasuu. Yoon argadhes nyaadhee, yoon dhabes mudhiikoo hidhadhee, deemsa guyyaa lamaa booda osuman lagarraa lagatti darbuu, Jaree biyya mimmixaa jala darbeen bosona maangoofi shonkoraa magaalaa Baakkootti ba'e. Qamaleef bosonuu maangoof shonkoraa keessa burraaqan malee namni na arges hinjiru. Takka shonkoraa, takkammoo maangoo gad cireen itti hafuura deeffadhe. Guyyaa lamaan tokko

shonkoraa keessa ciiseen halkaniif guyyaa cuunfe_ sukkaara na hingaafatiinaa malee. Maddiinis na xunxunuu barbaade. Mogoleenis humna argatee jajjabaate. Humna shonkoraaf maangoo galaa naqadheen ammas ba'ee qajeele. Garam akkan deemaa jiru garuu adda hinbaafanne. Ta'us, dubbiin gorsaaf seenaa obbo Saaqqataa waa'ee Harargeefi Baalee natti himee ture, garaa keessa na jirti. Uummata dhiira, nyaphaaf fira akka qamadiif ingirdaadaatti addaan fo'e kana qunnamuun akka humna naaf ta'u amaneera.

Lixa Oromiyaa, magaalaa Baakkoo irraa gara Baha Oromiyaatti deemuun filannoo humna argachuuf dhabuu natti fakkaate. Humna dhabuurra humna argachuu wayya jedheen Baakkoo keessaa ba'ee imalakoo itti fufe. Karaa namni irra deemu osoo hintaane, daandii bineensaa qabadheen, Geedoof Gudariin qaxxaamureen, Waddeessa keessa darbee bosona Cillimootti ba'e. Gara torbaan lamaafis jaldeessaaf weennii waliin Baddeessaaf Goosuu bosona Cillimoorratti wal saamne. Nama caalaa bineensa waliin jiraachuun waan baay'ateef, namatti siquurra bineensatti siquutu na boqochiisuu jalqabe; namatti baqadhees miidhama godaannisa jiilaa qaba. Mana alagaatti baqachuun galaana nama nyaachisee amma fayyaa, amma du'aa akka nama baachisus ta'e, achiin dhadhaa asiin summii akka nama nyaachisu argeera.

Galanni gooftaa uumaaf haata'u. Kan dachee lafa Oromiyaa irratti na uume. Beela'ees waan nyaatamu barbaacha mana namaa irra hinjoorre. Dheebodhees bishaan barbaacha gandarra hinkaanne_ ergan Cillimoon seenee. Baddeessaaf Goosuu, Goraaf Agamsa funaaneen dabaqaa oola. Bishaanis, taliilli dhagaa keessaa burqitu garanaaf garasiin gadi fincaa'u. Yoon barbaade nan dhuga, yoon barbaade ittiin dhiqadha.

Osoo namni hubatee nalaalu jiraate kolfa du'a ture. Ergan bosona Cillimootti galee rifeensa mataakoof qeensa miilaakoo malee kan fala dhabe hinjiru. Fuulli wullee dhadhaa abidda bira fanniffame na fakkaateera. Qomnis Leenca kormaa na ta'e.

Bosona nyaataaf dhugaatiin badhaadhe kana keessa turuun, kaayyoo seexaakoo na dagachiisee, osoo waahila humna naaf ta'u hinargatiin akkan qofaa bineensa waliin jiraadhu na taasisa jedheen shakke. Cillimo keessaa ba'ee osuman jooree jaawwaruu, Gincii duuba darbeen magaalaa Kilbeetti ba'e. Namuma jiraataa naannoo fakkaadheen magaala xiqqoo kana keessa oliif gadi sosocho'e. Mucaan ijisaa barbadaa abiddaa fakkaatu tokko, kan qaamaan hamma arbaa ga'u fuuladuraan natti dhufe. Anis calliseen itti adeeme.

"Obboleessoo……" jedhe akkuma na bira ga'een.

Eenyuun jechaa jirta? Anaan jechaa jirtaa……. jedheen ija keessa isa ilaale.

"Eeyyee….. siin jechaan jira. Dhiifama waliin…….. waa sigaafadha jedheeni….. Magaala kanaa mana obbo Taabor beektaa? Yoo beekta ta'e natti himta jedheeni" naan jedhe.

Lakkii….. anoo hinbeeku jedheen bira darbe.

Duubatti na duukaa deebi'eeti, "manni daabboo naannoo kana jiraa?" jedhe.

Lakkii…… ani magaala kana keessa hinbeeku jedheen itti garagalee dhaabadhe. Jecha inni, mana daabboo jedhee na gaafates garaakoo na nyaatteetti. Nama biyya fagootii dhufee rakkataa jirudha tayinnaa jedheen shakke. Waa gochuufii yoon baadhellee beela'ee waanan argeeruufi. Osoo ani

waa'ee mana daabboo deddeebisee sammuu keessa of naannessuu, ammas xiqqoo natti siqe.

"Waajjira poolisiihoo naannoo kanatti argiteettaa?" jedhe.

Baay'een nahe. Innis fuulakoo ilaalee baay'ee rifate. Ani poolisii ana hordofaa jiru se'een, hedduu of bir'adhe. Duubakoof fuuldurakoo morma yaaseen mil'adhe. Innis homaa dubbachuu didee, akka of bir'achuu ta'e.

"Maal obboleessoo? Magaala kana keessa rakkoon jiraay? Waan rifatte fakkaatta" jedhe. Silaa "nama harree badde barbaadu gurratu 'kurum kurum' jedha" jedhama.

Lakkii….. waa'ee rakkoo magaala kanaa waanan beeku hinqabu. Yoo jiraatemmoo deemtee furuu dandeessa, ani poolisii miti jedheen biraa qajeele.

Mucaan magaala Kilbee keessa naanna'ee mana obbo Taabor iyyaafatu kunis, manneetii barnootaa magaalaa Amboo keessatti fincilli diddaa gabrummaa dhuka'ee, gabroomfataaf barataan Oromoo dhiiga wal boorrachiisaa waan tureef, isatu gurmuu barataa fincila diddaa gabrummaa saba Oromoo qindeesse jedhamee du'aaf barbaadama. Innis ajjeechaa kana baqadha, fira isaa sabboonaa oromoo magaalaa Kilbee keessa jiraatu, kan gaafa gammachuuf gaddaa iyyaafatee hinbeekne, har'a gaafa lubbuu of oolchuu jooree barbaadaa jira. Bara kana keessa akka nama mukarra ciisuutti yeroo hunda of ilaaluun laga riqicha hinqabne nama ceesisa inni jedhamus tokko kana natti fakkaata.

Boqonnaa Kudha Lama

Kuluuleenis, halkaniif guyyaa osoo dhoksattee boossuu barumsa ganna lamaa turtii mana barumsaa magaalaa Shaambuu xumurte. Qormaatas fixxee gara mana maatii ishiitti deebite. Fuulli ishiis kasalaa eelee fakkaate. Kuluuleen yeroo barnoota sadarkaa gadii barachaa turtetti, shamarree cimtuufi sodaatamtuu turte. Nama isa ormaa miti, maatiin ishii illee gaafa ishiin nyaara guurte homaa ittiin hintaphatan. Garuu guyyaa ishiin itti nyaara guurtu akka dhahaa yoo ta'e malee, yeroo baay'ee fuulli ishii iyyuu ilkaani.

Barri fuulli Kuluulee ilkaan fakkaatus roobee caameera. Galgala daftee rafti. Ganama daftee hinkaatu. Kuluuleef maatii Kuluulee gidduu, ija keessa wal ilaaluun ajaa'iba ta'e. Haatiif abbaan Kuluulee osoo ija ishii arguuf hawwanii, ganama osoo ishiin hirribaa hinka'iin gara waajjira hojii isaaniitti sokku. Galgala yeroo isaan lachuu hojii oolanii galan, osoo lafti dukkanaa'ee ibsaan hinbanamiin gola ciisicha ishiitti galti. Haadhaaf ilmoo gidduutti wal argaan soogidda taate. Maatiin mana tokko keessa jiraatu akka nama laga riqicha hinqabne gamaaf gamana jiraatuu wal hawwe. Rakkoonkee maali? jedhanii ishii gaafachuus sodaatani.

Kuluuleen kan mataa ofii ishee miti, yeroo haatiif abbaan ishii waldhabaa turanillee, guyyaa tokko jaarsummaa nama alaa waammatanii hinbeekani. Bitaaf mirgaan teessiftee, akka

qorataa yakkaatti rakkoo isaanii adda baasaa turte. Nama dogoggorri irratti argames gorsaa turte. Shamarreen ijoollummaa ishiitii kaastee utubaa maatii turte kun, har'a gaafa umriif beekumsa barnootaan dabalteetti jedhamtu kanatti, rirma utubaa manaa nyaattu taate. Maatii nagaa dhorkatte.

Guyyaa tokko garuu harmeen ishii waa mala dhahan; akkaataa itti amala ishii bakka duriitti deebisan barbaaduuf. Gola ciisicha ishii keessa seenanii "Kuulleekoo…… kottumee…. godana gara baadiyaa kana deemnee akaakayyuukee dubbisnee dhufna" jedhan.

"Maali? Akaakaankoo maal ta'ani?" jette. Yeroo ijoollummaa akaakayyuu ishii biratti waan guddatteef, akaakayyuu ishii baay'ee jaalatti_ Kuluuleen.

"Lakkii…… dhukkubahoo hinqabani. Akkanumaan itti mul'annee dhufna jedheen malee" jedhan.

"Tolekaa…. yeroo qophooftu natti himi. Indeemna" jette.

Harmeen ishiis, siin qophaa'uun sinbarbaachisuu? hinjenne. Callisanii gola ciisicha isaaniitti deebi'ani. Waan fudhatan fudhatanii gara Coommanitti ka'an_ Kuluuleef haati. Kaayyoon haadha Kuluulees qofaatti ishii baafachuu ture. Maal rakkattee akka ishiin amala jijjiirratteefi, maal taatee akka ishiin kasalaa eelee uffatte, sababa rakkoo ishii gaafachuuf. Osuma waan birqabaa taphataa deemanii, Gabaa Dafinoo qaxxaamuranii Looyyaa Qidaamiitti ba'an. Daandii konkolaataa Finca'aa-Geedoo irraa gara mirgaatti maqanii baadiyaa keessa qajeelani. Fuullee qe'ee sabboonticha qotee bulaa obbo Gaanfuree Burqaa isa ilma barbadaa abiddaa dhalche sana darbanii Coommanitti imalani.

Silaa garaan haadhaa tiruudha, harmeen Kuluulee waan manaa ba'aniif sana gaafachuu jalqabani. Kuluuleenis gaaffii harmee ishii deebisuuf baay'ee eeyyamamtuu hintaane. Dhugaa jiru dhiistee sababa biraa kaasuu yaalte.

"Barnootumatu anatti cime malee homaa rakkoo biraa hinqabu aayyoo…." jette.

"Sareekoo…. nan dhoksatiin. Waan fedhes haata'u, ji'a sagal guutuu garaatti si baadheen si dahe. Ana haadhakee caalaa nama sitti aanu hinqabdu. Amman lubbuun jirutti, ana gararraatti kan rakkookee furuuf sitti dhihaatu waaqa yoo ta'e malee hinjiru. Mee natti himadhu…… bukuraakoo….. nan sodaatiin dhugaa jiru anatti himi" jedhanii sossoban.

"Aayyoo…… adaraakee gaaffii kana irra deddeebitee na hingaafatiin. Takkaa rakkoo hinqabu jedhee sitti himeera. Amma waa'ee kanaa irraanfadhuutii, waan biraa taphanna" jette, faara gubdee. Dubbii haadhaatti bishaan naqxe.

*****

Kuluuleenis maatii ishiif intala tokkittii qofa osoo hintaane, dhala tokkittii ilmoo kurupheeti. Sababa kanaaf ture, gaafa ishiin akka durii kofaltee haasa'uu dhiistu, manni mana gaddaa kan fakkaate_ namni taphatu dhibee. Ishiinis gaafa haatiif abbaan ishii gara mana hojii deeman, nama waliin qaaqxee godaannisa madaa jaalalaa ittiin dagattu of biraa hinqabdu. Kanaafuu, yeroo hundaa gaafa kophaa teessu yaadaan buustee baastee madaa onnee kana bal'isti. Har'a gaafa haadha ishii waliin taphataa deemtus, yeroo xiqqoof dagattullee, gaaffii harmee ishiitiin gara hojii idlee ishiitti deebi'uuf dirqamte_ yeedala yaadaa madaa godaannisa jaalallee jaalatanii dhabuu.

Haati Kuluulees kanumaan hincallisne. Ija ishii keessa ilaalaniiti, “dhalakoo….. yoo himattes yoo dhoksattes, furmaata rakkookee arguu malee rakkookee arguun ana jalaa hindhokanne. Ammaaf illee homaa miti dhoksadhu. Garuu guyyaa tokko nama waan taateef, golli dhoksaakee guutee akka gad baastu natti mul’ata. Hammasittis si keessatti guddachaa waan buluuf, gaafa guutee dhangala’e ishuma har’a na dhokfatte, ana haadhakee waliin illee baachuun ulfaataa nutti ta’uu danda’a. Yaadni akkas keessakee fixee, fuulakeetti ba’e kun gara lubbuukeetti dhufee, mana keenya onatti jijjiiruu danda’a. Ati waa taatee kanan si biraa hafee taa’ee midhaan nyaadhu sitti hinfakkaatiin. Abbaakee gara ilaalchisaa hambifta malee…. kankoollee homaa miti” jedhanii imimmaan dhangalaasani.

Dubbii haati ishii dubbatan kunis Kuluulee mataa maruu hinoolle. “Aayyoo…….. ati maal taate? Amma waan ta’e maal hubatteeti, ati kan akkas hamma kana dubbii baddaa dakatti geessitu” jette.

“Lakkii…… lakkii…… dhiisi Kuulleekoo….. ati isa durii miti giiftiikoo. Garuu kanaa booda anis ishii durii ati beektu akka hintaane hubadhu. Maal taate intalli…….. otuma ijikoo silaaluu na jalaa darbuuf jirtaam. Siin malee akka ijikoo jaamaa ta’e hinbeektuu?” jedhaniiti uf-f-f……. jedhani. Hafuura dheeraa baafatani.

“Osuma waan fedhe siqunnameyyuu haadhakee ta’uukoo qofa miti, ani ilmoo dubartiiti. Yoo anatti himatte maal ta’a? Dubartiin dubartii taatee fafa dubartii odeessitu gaaftokko insalphatti. Anillee haadhakeeti, osuma dubartii ormaatti himatteyyuu maal qaba? Dhukkubsataan ogeessa yaalaatti iddoo dhibeesaa hinhimanne horii qofaadha. Namni afaan xaxamellee mallattoodhaan agarsiifata. Ati nama taatee kan

dhukkuba dhoksaatti kunuunsitu maaliifi?" jedhan_ harmeen Kuluulee.

"Aayyookoo……. hindogoggoriin. Anillee siin ala ija hinqabu. Rakkookoos akka ati anarratti hinilaalle nan beeka. Garuu ……" jettee calliste.

"Mee dubbadhu dosoraakoo… ana aayyookee daaraa haafakkeessu…… daalachooftuukoo…" jedhanii fuula ishii irraa harkaan haxaa'ani.

"Harmee……. ijuma jabinaan akkan rakkookoo si dhoksaa jiru atis barteetta. Rakkoo ana mudates furuu hindandeessu. Yoon sitti himes, yoo baay'ate akkumakoo aariidhaan bifa jijjiirrachuu dandeessa. Kanaan ala wanni furmaata laattu tokkollee hinjiru. Anaaf ati, galaana rakkoo na qunname kana keessatti yoo kufne, aabbaakoos injifachuun keenya salphaadha. Kanaaf sadii taanee mana keenya diiguurra, osoon rakkookoo anumti baattadhe anatti tola. Hanga rabbi furmaata naaf kennutti. Yoommoo dhagahe malee kan jettu taate sitti himuu nan danda'a" jette Kuluuleen.

"Mana abbaa isaa haaballeessu….. manni anarratti haajigu….. maaliif har'a galgala diigamee hinbadne. Isa dhiisiitii, amma ani dhagahuun barbaada. Dafii waanuma rakkatte sana anatti himi dhalakoo…. Garuu ni ulfoofte akka hintaane?" jedhan, ilkaan seeqaa.

"Boo! yaa aayyookoo…….. yoon ulfaa'e maal qaba? Kun safuu har'a anarratti jalqabu miti. Osoon ulfaa'e immoo kun siif silaa gammachuu addaati. Mucaa guddisuun baay'ee si hinmiine. Anaanillee akkayyaakootu na guddise. Garuu dubbichi rakkoo waan biraati" jette.

"Inni biraan immoo maalinniree? Kuulleekoo" jedhan.

“Harmeekoo……. yeroon isin bira taa’ee barachaa ture, barnootakoo malee waan biraa akka ani hinbarre inbeekta. Intala abaluu ishii gaafa akkasii jedhamees safuu tarkaanfachuutti waamamee, gaaftokkollee maqaa isin dhoosisee hinbeeku. Ergan Shaambu deemee garuu, akkaataan itti gale osoo hinbeekiin, jaalala keessattin of arge. Garuu mucaan ani jaaladhee jaalala ijoollummaa waliin jalqabe kun haa du’uu, haa jiraatuu, wannan beeku hinqabu. Erga waraabessi isa nyaate yuusuu didee waggaarra darbeera” jette. Haadhas dubbiin isaa bitaa gale.

“Situ isa jaalata malee, inni sin jaalatu jechuudhaay?” jedhani.

“Lakkii….. harmee innillee hedduu najaalata” jette.

“Yoos balaa konkolaataatu irra ga’ee du’emoo maal ta’eree, kan nama jaalattuuf si jaalatu argaa dhabde” jedhan.

Ishiinis erga gaafa daree keessatti ija hannaan wal kabaluu eegallee kaasee, hanga gaafa bo’icha mana hidhaa waajjira poolisii keessaatti, seenaa ture hunda haadha ishiitti himte. Rakkoon Kuluulee mudatee bifa ishiitti jijjiire kunis, darbee haadha Kuluuleef illee qormaata jireenyaa ta’e.

“Akka ati jechaa jirtu kana taanaan, wanni goonu hinjiru. Furmaanni yoo jiraate, ofdagachiisanii irraanfachuu qofaadha” jedhan.

“Harmee…… mee maal godheen irraanfachuu danda’a? Ani nama akkasumaan nama jaalatu miti. Mucaa kana duubaaf fuuldurasaa ilaaleen waadaa jireenyaa, jaalala waliin jalqabe. Waadaa anaaf gales cabsuu isaa hinagarre, hindhageenyes. Kan ijakoo duraa dhokates jireenyi itti tollaan miti. Fira jireenyi itti tole, kan gaafa rakkinaa itti baqatanis, akka hinqbne natti himeera. Jaalalleekoo libsuu ijaaf na

hinamanne, kan waanan kufee cabu itti fakkaatee akka hanqaaquutti na kunuunsu, waanumti na irraanfachiisu eessa jira? Yoo lubbuun kan jiru ta'e bosonatti galee bineensatti firooma. Deemeen bineensa lagaa waliin bosona keessa isa barbaada. Yoo du'eera ta'es deemeen uffataaf lafee isaa bosona keessa barbaada. Kanaan ala furmaanni na boqochiisus ta'e, kan garaa na kutachiisu natti hinmul'atu" jette, Kuluuleen. Akkuma barte imimmaan dhangalaasaa. Haadhas garaan raafame.

"Kuulleekoo……. Jaalala mucaan sun si jaalatu, dhugumaan akka ati jettu yoo ta'e, numa wal agartu_ yoo lubbuun jiraateef. Yoommoo kan lubbuun hinjirre ta'e, waaqxi lubbuu isaa haa maaru. Atis kan rabbi waliin buddeena nyaadhu siin jedhe hindhabdu. Kanaafuu, kan lubbuun jiru yoo ta'e jilbeeffadhuu waaqaan kadhadhu, waaqayyo dhugaa gargar ba'e walitti suphuu beeka. Teessee yaadaan ofjoonjessuu dhiisiiti, amanamummaakee rabbi waliin eeggadhu" jedhanii morgaa jaalalaa onnee ishii jabeessani_ harmeen Kuluulee. Yaada furmaataa asiin fidanii, achiin baasanii osuma dhaqaa gala odeessanii, Kuluuleef haati Kuluulee jaarsa dubbisanii baadiyaa Coomman irraa gara magaalaa Finca'aatti deebi'anii galan.

Boqonnaa Kudha Sadii

Dargaggoon Amboo irraa dhufee obbo Taaboriin iyyaafatu kunis, akkuma nama maraatee magaala Kilbee keessa olii gad kaate. Anis suuqii xiqqoo tokko jala taa'een sochii dargaggoo kanaa haalaan hordofe. As fiigee, achi fiige. Homaa iyyaafatus, mana obbo Taabor argachuu hindandeenye. Nama halaalatti arges ittuma fiigee gaafata. Nama argeera jedhu miti, nama beekna jedhullee dhabe. Ammas osuma asiif achi fiiguu fagootti na argeeti, garakootti dhufe. Nama gara biraa na see'e. Yeroo ana bira ga'u akka duraan na gaafateeru bare. Waan jedhus wallaalee callise.

Nama iyyaafataa jirtu sana argatteey? jedheen gaaffe. Fuulli isaa duraaf ammaa natti jijjiirame. Nama hedduu aare fakkaata.

"Lakkii….. aboo argachuu hindandeenye. Ija haadhashii gadi. Lubbuu du'a hinoolleef akkas naan taphatti" jedheeti, osoo hinsee'iin jireenya isaatti dheekkamee koomeerra gad quuphane.

Ati bakka biraatii dhufteey? Maali, maaltu siqunname? Nagaa mitii? jedheen itti siqe.

"Nagaa maaltu jira aabbee…… hamma foon uffannee deemnutti lafti kun baay'ee ulfaatti. Osoo bulchiinsi nama akka harreetti bulchan kun jiruu jiraachuun rakkisaadha"

jedheeti, ilkaan ciniinnatee, aarii guddina osoo hidhii ofirratti nyaatuu quba harka isaa raase.

Yeroon ka'umsa aarii isaa dubbii isaarraa ciicadhu, bakkan taa'uu olka'een itti siqee taa'e. Obboleessoo…..waan fedhes ta'u akka kanatti of hinmuddiin. Iyyaafattee argachuu dandeessa. Garuu maal taate? Mee ifatti natti himi jedheen, suuta suuta miira aarii isaa fayyadameen, waan ta'eef ta'aa jiru, kan inni biraa dheessee dhufe isarraa dhaga'e. Anis hamma ta'e, seenaa biyyaa na baasee na joorsaa jiru kana osoo hin yaadiin gurra buuse.

"Ani maqaankoo…… Jaagamaa naan jedhan. Siin eenyu siin jedhu?" jedhe.

Anis, Jaawwaraa naan jedhan jedheen itti hime.

Jaagamaanis anaaf, anis Jaagamaaf miiltoo deemsa kaayyoo fincila diddaa gabrummaa waliif taane. Kaayyoo haaraas wal hinfudhachiifne. Kaayyoo duraan qabnus wal hindhiisifne. Kaayyoon keenya lachuu osoo nuyi wal hinbeekiin walbeekee tokko ta'eera. Haala jirus hedduu waliin mari'anne. Nulachuu akkuma kaayyoo keenyaa tokko taane. Waan waaqayyo hiriyyaakoo Tokkummaatiin afaan allaattii goodaa haroo Finca'aa keessaa baasee na cinaa buuse natti fakkaate_ Jaagamaan.

Eessaa ka'ee garamitti akkan deemaa jiru, maaliif akkan deemaa jiru, kaayyookoo imala gara Baha Oromiyaa, si'an Jaagamaa taphachiisu, innis nama qofaa ture waan ta'eef filannoo humna dabalachuu kanatti hedduu gammade.

"Jaawwaraa……ijoolleen Amboo dhiira garaa tiiraatiim. Namuma xiqqoo nurra wayyu, kan hubannoof qabeenya qabu

dhabne malee silaa waan baay'ee gooneerra ture. "Walqixxeen bishaan harkaa walii hinbuuftu" akkuma jedhamu, osoo gurmuu qabnuu nama cimaa tokkummaa keenya eegu waan dhabneef, yeroo baay'ee har'a gurmoofna bor bittinoofna. Yoo gara Harargee deemne rakkoon kun hinjiruu laata? Waan quba qabdu qabdaa?" jedhe.

Lakkii……. Wanni quba qabullee hinjiru. Garuu, dhiira akka gingilchaatti nyaphaaf finna calalee, akka qamadiif ingirdaadaatti fo'udha jechaa dhagaheera. Namni yookaan gurmuun tokkummaa hinqabne yoomillee akkanatti gingilchuu hindanda'u. Kanaafuu, deemnee gurmuu saba keenyaa kanatti makamuu qabna. Naannoo oromiyaa hundattis babal'isuu qabna jedheen, kan natti fakkaate itti deebise.

"Dhugaadha Jaawwaraa… nyapha calaluun dhugaatti bu'aa tokkummaa gurmuuti. Garuu Oromiyaa keessaa lafti tokkummaan haalaan lafa ejjette waan jiru natti hinfakkaatu; yoo seenaa durii ta'e malee. Kanaafuu, saba Oromoo waaqni dhiigaan tokko godhe, aniif ati immoo yaadaan tokko gochuuf kutannee yoo kaane wanti nu daangessu tokkollee hinjiru. Yoo jiraates, dhugaa waan qabnuuf waaqnillee nu gargaara. Sammuu tokkummaatti amanu yoo qabaatte, hamma ciminakee kan mul'isu, lafa Oromiyaa hunda irra deemtee odeessitee akka namni waa'eekee odeessu gochuu osoo hintaane, lafa oromiyaa hundarra nama akkakee tokkummaatti amanu oomishuudha. Kun immoo kan ta'u, gurmuu ijaaramu kam keessattuu waa'ee oduu tokkummaa odeessuun yookaan gorsuun qofa miti, gochaa tokkummaa gochuun malee. Akkaataa itti gochaa tokkummaa barataniif barsiisan yoo nuuf mijachuu baatemmoo maanguddoo Karrayyuuf Booranaa deemnee gaafanna. Isaan lachuu,

seenaa keessatti, hamma dhiyoo kanaatti rakkoo tokkummaa dhabuutiin hamatamanii hinbeekani. Tokkummaa isaanii Oromoota maratti babal'isuuf haalaaf karaan yoo isaan daangessellee, bakka jiranitti qaawwaa walitti hinbanne. Diinnis gaalas ta'e looniif re'ee isaanii fudhattee haftee hinbeektu" jedhe_ Jaagamaan.

Jechi miiltoonkoo gubattuun gaanfuree Amboo dubbates, seexaa keessakoo jabeessee horde. Tokko dubbataa, tokko dhaggeeffataa, haasaa ejjennoo nama jabeessu erga waliin taphannee, kaanee gara handhuura oromiyaa Finfinneetti qajeelle. Finfinnee bullee, ganamaan kaanee buufata konkolaataa biyyoolessaa deemne. Konkolaataa magaalaa Harar korree gara Harargeetti kunne. Naannoo sa'a tokkoo erga deemnee booda magaalaa Bishooftuu geenye. Nulachuu Finfinnee darbinee deemuu miti, magaalaa Finfinnee illee kan beeku miiltookoo Jaagamaa qofa ture. Ana qofaas miti, namoonni oromoo oromiyaa hedduun Finfinnee hinbeekani. Osoo hinbeekamiin odola addaa taateetti_ orma tajaajiluun. Hafteen hambaalee duudhaa eenyummaa saba Oromoo mul'isanis magaalaa Finfinnee keessatti tokkollee hinmul'atani. Kanaaf ture, lafa magaala geenyetti, imalaa nu cinaa taa'u waamnee gaafanna_ magaalli nuyi geenye maal akka jedhamu.

Namichi nu cinaa taa'ee gara Harargeetti imalaa jiru kunis, daldalaa jiraataa magaalaa Dadariiti. Sheeh Abdullaahii jedhama. Sheehuu…. magaalaan kun eenyu jedhama? jennee gaafanne.

"Ka amma keessa kutaa jirru kun Bishooftuu je'ama. Isin lachuu karaa kana dhuftanii hinbeektanii?" jedhe, Sheeh Abdullaahiin.

Eeyyee… karaa kana dhufuun keenya yeroo jalqabaafi jenne.

“Haaya….. rakkoon hinjirtu…. Walumaan yaana” jedhe.

Osuma foddaa konkolaataa irraan Xaafii Ada’aa Liiban marxamee ciisu bitaaf mirgaan daawwannuu Moojoo biraan baane. Moojoos qaxxaamurree osuma gamaaf gamanatti magaalaa Adaamaa arguuf ija babaasnuu, takkaallee halaalatti osoo hinargiin tabbarraa gad ofjalatti agarre.

“Ijool…. Hinmukaa’iinaa… kunoo Adaamaa kan je’an kana. Magaalaa ho’ituudha. Daldalli akka malee keessatti daldalama” jedhe Sheehuun.

Konkolaataanis gara mana nyaataa tokkootti nu geessee, naannoo ‘Amadee Sefer’ jedhamutti, “wureduu… wureduu…. Haayaa daqiiqaa aallachu. Fexen fexen bilaachuu qurs biluu” jedhe gargaaraan konkolaachisichaa.

Nus silaa eessa beeknaay, eessa dhaqnee mana nyaataa filannaa miti, mana nyaataama nu biraa sana seenuuf gad buune. Yeroo nuyi konkolaataa irraa buunu, Sheeh Abdullaahiin nu duuba dhufee, “ijool…. kottaa…. ciree nyaannee ifirraa dachaana” jedhee harka nu qabee olseene. Cirees waliin nyaannee kaanee harka dhiqanne. Durumaanuu ani qarshii homaa of harkaa hinqabu. Miiltoonkoo Jaagamaan gatii ciree kaffaluuf jecha qarshii gad baase.

“Aboo ifirraa deemikaa…. Niin kafala” jedhe sheehuun.

“Lakkisaa…. Homaa miti ani nan kaffala sheehuu” jedhe Jaagamaan.

“Aboo maal taate mucaa….. narraa usikaa… niin kafalaan je’e. Isin keessummaa bar…” jedheeti gatii nyaata ciree keenyaa sheehuun nuuf kaffale.

Gochaa tokkummaa ittiin cimsan keessaa, waan qaban waliin gahuu kanas taajjabuu qofa miti ajaa’ibsiifachuu jalqabne. Ciree keenya nyaannees gara konkolaataatti dachaane. Imala keenya itti fufne. Adaamaa keessaa baanee, Walancitii dabarree akkuma yeroo murtaa’e deemneen, ijoollee mataan isaanii muka rigaa qarqara lagaa fakkaatu, faaqqee itti diratanii, ilkaan cabbii fakkaatu rigachaa, daandii cinaatii gaala tiksan agarre. Ijoolleen sunis, ijoollee dhala qeerransaa, goofaree filatanii aadaa oromummaan dhaadatan ilmoolee Oromoo Karrayyuuti.

Osuma Jaagamaaf Sheehuu waliin taphataa deemnuu, haroo dambaliin isaa ol utaalee akka qaccee dhuka’utti baane. Sheehuu….. bishaan akkanatti ka’ee ol ijaajju kun maali? jenne.

“Kun haroo Basaqaa je’ama. Qabeennuma keenya” jedhe, sheehuun.

Anaafi Jaagamaanis osuma badhaasa uumaa kana raajeffataa deemnuu, gidduutti yaadni ana fuudhee bade.

“Maali Jaawwee…… asumatti na dhiistee waan fagoo deemte fakkaatta” na jedhe Jaagamaan.

Anis yeroo yartuuf yaadaan ofduuba deebi’ee si’an xiinxalu, jaalala ijoollummaa isan jalqabee xumuruun Tulluu Diimtuu koruu natti ta’e of fuuldura naqe. Waanan duraan ofkeessa dhoksee miixachaa ture, yeroon deemsa konkolaataa kachamaalee ilaalu, sekoondiif daqiiqaa konkolaataan

deemutti fageenya kilometira dhibbaan lakkaa'amurra darbee kan kumaan lakkaa'amuun jaalalleekoo osoo hinjaalatiin adda irraa ba'e irraa fagaachaa akkan deemu natti mul'ate. Garaankoos na raafame. Mul'anni deebi'ee jaalalleekoo Kuluulee arguuf qabus anatti dukkanaa'e. Karaan wal arguu keenyaa yoo anatti dukkanaa'es, Kuluulee irraanfadhee shamarra biraa waliin jaalala jalqabuun yookaan bultii ijaaruun anaaf abjuu ture. Deebi'ee ishii hinargadhu taanaan, hireenkoo dhalatanii karaatti hafuu ta'ee natti mul'ate. "Namni dhaloota hinbadu; erga dhalatee bada malee" inni jedhamus dhugaadha.

Jaalalli Kuluulee abdii jireenyakoo biyya lafaa ta'ee jalqabe, har'a fageenya lafa kilometira hamma kanaa fagaatu irrattillee kaayyoo bultoo jaalalaa miti, kaayyoo fincila diddaa gabrummaallee akka ani fiixaan baasuu hindandeenye na gaadi'e.

Kuulleekoo…… amma dhuguma sirraa fagaachaan jiraay? Siin ofduubatti dhiisee garamittan deemaa jiraa? Maaloo waaqa jaalalaa…….. jaalalleekoo osoo deebi'ee guyyaa tokkoof illee ija ishii nan agarsiisiin ana hinajjeesiin jedhee, osuman garaakoo keessatti imimmaan jaalalaa lolaasuu, kachamaaleen Finfinnee nu fuudhe, Ciroorra nu qaxxaamursee Hararriin nu galche.

Gidiraafi yaadni, jaalala Kuluulee dhabuun sammuu na dhiphisee, halkaniif guyyaa hirriba na dhorke kanas, hamma ta'e hiriyyaakoo Jaagamaa taphachiise. "Miila lama qabaataniif muka lama hinkoran" akkuma jedhamu, yaadnikoo bakka lamatti qoodame. Tokko saba Oromoo keessatti tokkummaa ijaaruu, tokko immoo jaalalleekoo deebi'ee arguu, jedhee waan qabuuf dhiisu ana wallaalchise.

Jaagamaanis humna laafe. Asii gaafa Jaagamaan mudhukaa'u, achiin ani waa'ee Kuluulee yaaduun dabala. Akkanumaan osoon yaada lama ari'uu, Harar irraa Dadaritti, Gaara mul'ataarraa Qarsaatti, Hirnaarraa Haromaayaatti, Galamsoorraa Baddeessaatti, Baddannoorraa Cirootti olii gad qaxxaamurree, Harargee Bahaa hanga Lixaatti waliin geenye. Humnas hamma ta'e horanne. Osuman yaada Kuluulee yeedalaa deemuu yeroo xiqqoo boodas, Harargeerraa Baaleetti kunne. Naannoo bakka dhaloota weellisaa leenca Oromoo Umar Suleeymaan, Gindhiir keessa qaxxaamurree, konkolaataa muka fe'u irra keessa korree karaa Daawwee Sarar somaalee keessa baanee Boorana geenye.

Akkuma magaalaa Yaa'a Bal'oo geenyeen yeroo yartuun booda Abbaa Gadaa Guyyoo Duubaa waliin wal barre. Erga wal barrees suutuma suutaan waan baay'ee waliin taphanne. Abbaan Gadaa kunis baay'ee nutti gammade_ kaayyoo keenya dhagahee. Ijoollee fooraa waliinis wal nu barsiise. Qabee qabannee loon fooraa duuba yaanee aannan unachuus jalqabne. Akkuma biyya keessa baruu eegalleen, faana keenya babal'ifanne. Ijoollee fooraa waliin yaanee, gaafii gara Meeggaatti, gaafii gara Taltallee, gaafii gara Dilloo, gaafii gara Borbor, gaafii gara Moyyaalee, gaafii immoo gara Areerooti sosocho'uu jalqabne.

Guyyaa tokko Abbaa Gadaa Guyyoo Duubaa waliin gara gabaa Bakkee yaane. Gabaa Bakkee jechuun Boorana keessatti gabaa guddaafi beekamaa bakka itti loon gurguramanidha. Waan nama ajaa'ibu garuu, namni duraan argee hinbeekne yookaan odeeffannoo gabaa kanaa dhagahee hinbeekne, gabaa Bakkee gaafa argu waan loon addunyaa kanaa achitti wal ga'an se'a. Loon miti, konkolaataan loon

gara adda addaatti fe'uuf dhaabbatanillee dhibbaan lakkaawamu.

Gabaa Bakkee cinaa teenyee, Abbaa Gadaa Guyyoo Duubaa waliin osoo taphataa jirruu, dargaggoon lama dhufanii Abbaa Gadaa kana gad jedhanii dubbisan. Silaa Boorana keessatti namni Abbaa Gadaa hinkabajne nama waaqaan beeku hinse'u. Jaarsi araaraa, dheekkamsa waaqaafis ta'e, gaaffii kennaa hiree rabbii saba Oromoof waaqa gidduu deddeebisu, Abbaa Gadaafi waahiloota isaati_ maanguddoota Booranaa. Roobi jedhanii roobsuufis, caami jedhanii caamsuufis, waliigalteen isaan waaqa waliin qaban kan ganamaa kaasee dhufedha. Kan karaa irraa gore_ nama safuu wallaale, yoo deebi'eef garalaafinaan gorsuu beeku. Yoo didee garaa jabaatee safuu tarkaanfates, abaaranii gogsuu beeku. Waan Abbaan Gadaa afaanii baasan osoo oolee hinbuliin raawwata. Abbaan Gadaa, waaqa ulfeessuuf kabaja seera uumaa jalatti kan muudame malee, akkafeeteen kan namni karadeemaan nama muudu miti. Karadeemaanis akkanumaan kan muudamu miti. Seera cimaa qaba_ sirna gadaa.

Dargaggoon lamaan Abbaa Gadaa Guyyoo Duubaa dubbisan kunis, maqaa nuuf himanii nuun walbaran. Tokko Mallicha Liiban jedhama. Inni biroon immoo Gaaloo Halakee jedhama. Gaaloon qal'aa huuqqataadha. Yeroo taphatus nafa nafa dubbata. Dubbiin afaan isaa keessaa ba'us akkuma dammaa namatti mi'aawa. Mallichi immoo hedduu hintaphatu. Callisuu jaalata.

Waan hedduu taajjabnee dinqisiifachaa gabaa Bakkeetii gara Yaa'a Bal'ootti Abbaa Gadaa duukaa deebine. Erga gaafa gabaa Bakkee oollee gara Yaa'a Bal'ootti deebinees, yeroo baay'ee Abbaa Gadaa kana bira deemnee waliin taphanna.

Akeekaaf deemsa keenyaafis gaggeessa isaanii gaafanna. Har'as akkuma durii, osuma gara mana Abbaa Gadaatti galgalaan deemaa jirruu, nam ta'e tokko dugda duubaan dhufee nu tuqe. Ofirra garagallee yeroo ilaallu nama nuyi beeknu fakkaachuu dide_ yeroon isaas sursura galgalaati. Magaalli Yaa'a Bal'oos ibsaa daandii irraa waan qabudha jechuuf haga kana kan ija nama jabeessu miti. Callisnee ija keessa isa ilaalle.

"Oriyaa…… maali namana…. Na dagattanii? Galchumni nagayaa mii? An niin qaabadha, gaaftokko walbarree ture" jedhe.

Dhiifama…. ati Gaaloo natti fakkaatta jedheen, nu lachuu harka isa fuune.

"Eeyyeen… qarallee akka isin lachuu ana dagattan beekeera. Waan cufa akka arganitti hin yaadatani. Homaa miti…. waan dhibii illee akkanatti hindagatiinaa" jedhe Gaaloon.

Akkam Gaaloo…. Jireenyi gaariidha mitii? jenne.

"Jireenyi badhaadha. Wanni cufti dansa. Rakkoon tokkollee hinjirtu" jedhe.

Xiqqoo daandii gubbaa dhaabannee Gaaloo waliin taphanne. Nagaatti wal jennee addaan deemne. Mana Abbaa Gadaa Guyyoo Duubaas dhaqnee manaa isaan dhabne. Ilma isaanii angafaa Dooyyoo waliin xiqqoo taphannee ofirra dachaane.

Boqonnaa Kudha Afur

Kuluuleenis, erga gaafa haadha ishiitti himtee, keessi ishii isa dur caalaa jeeqame. Rakkooshee kana furuuf haati ishii ga'ee isaan taphatanis tokkollee hinturre. Garuu haati ishii, Kuluulee caalaa aariidhaan fuula badaa dhufani. Abbaan Kuluulees jinnii mana sana keessa seene wallaalani. Olseenanis, gad ba'anis akkuma nama maraatee ofitti gumgumaa deemu.

Osoo yaadni maatii kanaa callee kirriin citte ta'ee jiruu, qormaanni Kuluuleen qoramtee eegaa turte dhufe. Ishiinis qormaaticha darbitee gara yunivarsiitii Finfinneetti ramadamte. Yeroon waamichaas ga'ee gara yunivarsiitii deemte. Barnoota yunivarsiitiis erga calqabdee guyyaan bubbuleera. Erga gaafa mooraa yunivarsiitii seentees, alatti baatee gaaftokko shaayee dhugdee hinbeektu. Yunivarsiitiin isheen itti barattus mooraa/kaampaasii kiiloo jahaa ture. Yeroo baay'ee kan ishiin itti boqottus, mana dubbisa kitaabaatti.

Akkuma aadaa barattoota yunivarsiitii keessaa baraa dhufteen, yeroo tokko tokko mana ciisichaa (dormitory) keessaa gad baatee, bakkee teessee waan hunda taajjabuu jalqabde. Barattoonni yunivarsiitii hedduunis, yeroo baay'ee kaan mana dubbisaa turee, kaan bashannana magaala turee, kaan muraasni immoo waan bishaan biqilaa kana jaamboo tokko lama fudhatee yeroo deebi'u, naannoo halkan sa'atii

sadii eegalee, shamarriif dhiirri lama lama ta'anii, naannoo yeroo durii galma mooticha Haayilasillaasee ture cinaa, kan yeroo ammaa 'Bag Taraa' jedhamutti wal qaxxaamuru.

Hunduu karuma karaasaa afaan keessa wal xuuxaa, gara naannoo 'kiisiing puul' jedhamuutti basha'u. Tokko gararraa, tokko gajjallaa, tokko cinaa taa'anii bishaan akka burqaa waaqatti danfu marsanii jaalala waliif lolaasu.

Kuluuleenis yeroo hedduu qofaashee duuba duuba deemtee, ija ija keessa ilaalaa ta'ii ta'u taajjabdi. Hiriyyaa akkasitti yunivarsiitii keessa waliin bashannantu dhabuun ishiis yeroo hedduu sammuu ishee dhiphisa. Yeroo mara gaafa akka tasaa gad baatee barattoota naannoo dirree dhungoo (kissing pool) jedhamu bashannanan kana agartu, ol iddoo ciisicha (doormii) ishiitti deebitee golga ishii (tension box) jala galtee imimmaan harcaafti. Kuluuleen bareedina yookaan bifa hiriyyaa ishiif argus hindhabne. Garuu, garaa ana Jaawwaraa irraanfatee nama garbiraa kajeelu dhabde. Kan ishii boossisus, hiriyyaa waliin bashannantu dhabuu qofa osoo hintaane, hiriyyaa ishii akka lubbuutti jaalattu kana argitee waliin bashannanuuf illee abdii isheen fuulduratti qabdu dukkana roobaa waan itti ta'eefi.

Akkanumaan osoo hiriyyaa lama ta'anii deeman ilaaltee boossuu, turtii waggaa afurii keessatti osoo guyyaa tokko hingammadiin barnoota yunivarsiitii Finfinnee xumurte. Gaafa ishiin eebbifamtus barattoonni shamarraa hiriyyoota ishii hedduun, ija maatii eeggatee kan abaaboo diimaa hinfudhanne hinturre. Hunduu fuulli ilkaan fakkaata. Kuluuleen garuu abaaboo lama kan haatiifi abbaan ishii biyya irraa dhufanii kennaniifii qofa baattee suura ka'aa turte malee, dargaggeessi abaaboo diimaa itti hiixate hinturre.

Gaafa Kuluuleen eebbifamtee galtus, qe'een maatii Kuluuleefaa mana cidhaa fakkaata. Ollaan dallaa mana isaanii keessa akka kannisa waabee wal qaxxaamuru waan ajaa'ibaati. Kaan asii cooma mura, kaan achii booka una. Hunduu ol utaalee gad utaalee ingisheef emmoolee sirba. Ollaan gamaa gamanaa walitti yaa'ee, booka isaa quufee geerarsatti ka'e. Asii dura bu'e, achii jalaa qabani, kuun abbaa faarse, kuun haadha faarse, kuun biyya faarse, kuun hiriyyaa abaare, kuun waaqa komate. Kaanis keessa gugatee quuqqaa garaa isaa ofirraa diddigse.

Yeroo geeraranis, namni hunduu 'xis ximbis' hinjedhu. Callisee geerarsa dhiiraa dhaggeeffata. Kuluuleen garuu geerarsa kana dhaggeeffattee xumuruu hindandeenye. Geerarsi namoota quuqqaa qaban tokko tokkoo, namuma quuqqaa hinqabneyyuu garaa booressa. Osoo kunis dhufee, sunis dhufee itti marmee harka fuudhuu, 'tuf' jettee gola seente. Gola ciisicha ishii waggaa afran kana bo'ichaan keessaa baate, har'as osoo namni gammachuu eebba ishii dhiichisuu bo'ichaan itti seente.

"Jaawweekoo……. Maaloo……. Maal ta'a yoo bineensi si nyaate waa natti dhaame. Injirtamoo duuteetta laata? Maal qaba osoo waaqayyo gaafa gammachuukoo kana altakkaa qofaaf na biraan si baase. Moo gammachuukootu siif gammachuu miti? Maaf na gubda jaalalleekoo… kunoo eebbifameen jira, waadaa naaf galte maalirra keesseree? Maaf gara na ilaalchiftaa…… sin eegamoo sin darba laata…." jettee gadda anaan ofbiraa dhabuutiin waaqayyotti boosse, gola ciisicha ishii keessa jilbeeffattee.

Kuluuleen bara dhufee darbu gaddaan haguugamte. Dubartiin akka dhiiraa, har'a gaafa bu'aa dhama'a ishii waggaa dheeraa

gaachanaaf faacha digirii baattee galtus, sammuun ishii furmaata boqonnaa hinarganne. Dhiichisni gammachuu eebbifamuu ishiis xumurame.

Kuluuleen kaleessaaf dheengadda barattuu jedhamaa turtes hafe. Hojjettuu mootummaas taatee godina Lixa Wallaggaa, aanaa Mana Sibuu magaalaa Mandiitti qacaramte. Magaalaan Mandiis biyya jiraachuuf filataman keessaa ishii tokkodha. Sabboonummaattis ta'e qabeenyaan mudaa hinqabdu. Maatiin Kuluulees jijjiirraa hojiidhaan magaalaa Finca'aa irraa gara magaalaa Gimbiitti galan. Kuluuleenis yeroo hedduu Jimaata galgalaa hanga Dilbataatti guyyaa boqonnaa ishii maatii ishii bira Gimbiitti dabarsiti. Garuu hamma ammaatti iyyuu yaada ishii hinjijjiirranne. Mandii bakka hojii ishiittis, Gimbii bakka jireenya maatii ishiittis waa'ee hiriyyaa biraa qabachuu gaaftokkollee yaaddee hinbeektu.

Boqonnaa Kudha Shan

Anaafi Jaagamaanis guyyaa tokko akkuma tasaa osoo magaala Yaa'a Bal'oo keessa deemnuu, intala hojjettuu mootummaa taate tokko waliin wal barre. Ishiinis erga yunivarsiitiitii baatee hojiitti qacaramtee waggaa tokko kan hincaalle akka ta'e nu taphachiifte. Yeroo baay'ee gara waajjira mana hojii ishiitti si'a deemtus, si'a galtus qofaa deemti. Hedduu waan nama Booranaatti madaqxe hinfakkaattu. Dubbii buddeenaa ta'ee carraan hojii waan ishii fideef malee, naannoo bakka dhaloota ishii irraa fagaattee deemtee hinbeektu_ gaafa yunivarsiitii Finfinnee deemte malee.

Intalli kunis maqaan ishii Warqee Kitilaa jedhamti. Kan dhalattee guddattes, godina Lixa Shawaa bosona Cillimoon achi , naannoo Ginda Barat jedhamutti. Erga wal barrees yeroo tokko tokko walitti adeemuu jalqabneerra. Jaagamaanis mucaa Amboo ta'ullee, dhufaatiin maatii abbaa isaa Ginda Barat akka ta'e ishiitti hime. Warqeenis nama naannoo ishii argachuu ishiitiif baay'ee gammadde. Namni yeroo hedduu lafa deemetti, hojiinis haa ta'u daldalaan, nama naannoo bakka dhaloota isaatti akka gammadu kan godhu garuu maal akka ta'e anaaf gaaffii deebii hinqabnedha. Ati achii dhufte. Innis achii dhufe. Isheen asii dhufte. Ani iddoo akkasiin dhufe, jedhanii wal gaafachuunis ta'e wal baruun

barbaachisaa ta'ullee, namummaafi eenyummaa nama tokkoo ibsuufis ta'e baruuf garuu haala lafa naannoo namni tokko keessatti dhalatee guddate malee, lafti yookaan bakki itti dhalatan hidhata hinqabu.

Waan fedhes ta'u, Warqeen har'a nama naannoo ishii argatte, "waliin galle malee du'een argama" jette. Nuyis tole jennee duukaa ishii galle. Shaayee nuuf dhaabdee, mana keessa oliif gad kurkurte.

"Warqee….. kottu taa'i malee…… maal hojjechaa jirtaa?" jedhe Jaagamaan.

"Lakkii…. homaa miti. Jedhaa… taphadhaa" jette. Cilee shaayee irratti nuuf dhaabaa jirtu alatti gad baastee, waan nyaatamu hojjechuu jalqabde. Gidduumatti oldeebiteeti, "mukooftanimoo Jaagamaa…." jette.

"Lakkii…… taphataa jirraam" jedhe.

"Mee hagan waa hojjedhutti aalbamii isin afeeruu?" jetteeti, aalbamii suuraa mataa dura siree ishiitii luqqistee nu jala keesse.

Anaafi Jaagamaanis fuula jalqabaa irraa kaasee yaada qalbiin suuraa aalbamii Warqee daaw'achuutti kaane. Suurris gosuma gosaan toora galee nam'eera. Jalqabarratti suuraa ijoollummaa ishiitti maatii waliin kaateettu daawwanne. Takka osoo jabbilee yaastuu, takka osoo taphattuu, takka osoo haadha ishii dhungattuu kan ishiin kaateettu malalchiifanne.

Ani osoon du'eyyuu suuraa ittiin naaf boo'anillee kan maatiinkoo argatan natti hinfakkaatu. Guyyaan itti suuraa ka'es hin yaadadhu. Baadiyaa keenyas namni suuraa kaasu

dhufee hinbeeku. Itti aanees, isa yeroo dargagummaa barattuu mana barumsaa sadarkaa lammaffaa turte, kan hiriyyoota ishii waliin kaateettu suuraa hedduu daawwanne. Isa gaafa wal gaggeessaa xumura qormaata kutaa kudha lammaffaa dabalatee. Gara dhumaattis, suuraa hedduu babbareedan kan magaalaa Finfinnee bakka adda addaatti hiriyyoota ishii waliin kaateettu ilaalle.

Osuma suuraa ishii kan gaafa eebba ishii kaateettu daaw'annuu, suuraa baay'ee bareedu tokko kan dallaa horsiisa leencaa naannoo kiiloo jahaatti argamuutti ka'aniiran hedduu mararsiifanne. Hiriyyoonni ishii hundis ilkaan cabbii fakkaatee ala jira. Kaan hidhii sararee, kaan nyaara kuullatee, hunduu abaaboo birraa caalaa ifu. Keessaa garuu tokko faara baddee duuba isaanii ijaajjiti. Fuulli ishiis sirriitti adda hinbaafamu. Ammas fuula aalbamii tokko garagalchinee yeroo suuraa biraa ilaallu, intalli faara gubdee duuba dhaabataa turte sun, suuraa isa lammaffaa irratti fuuladuraa ifatti mul'atti. Ishiinis Kuluulee jaalalleekoo ishii onneenkoo baroota dheeraaf dhiiga boossuuf turte. Anis amanuu hindandeenye. Oljedhee ijakoo irraa haxaawwadheen ammas itti deebi'ee sirriitti ija qalbiin ilaale. Osoo ishii ta'uus, ta'uu dhabuus, adda hinbaasiin dafqi bobaa jala na yaa'e. Aalbamii takka dalgan qabe, takka ol qabe, takka gad qabeen, miilaa haga mataatti ilaale. Sirni hargansuukoo humnaa ol dabale. Dhiignikoo onnee keessatti wal mudde. Afuura baasee deeffachuun natti ulfaate. Taa'een ija babaase.

"Dabarsi malee Jaawwaraa… hunda isaa ilaalla" jedhe Jaagamaan. Fuula aalbamii suuraa kanaa garagalchuun ajjeesee of awwaaluu natti fakkaate. Dafqi fuularra na xuruure.

“Maali Jaawwee ….. maal taate?” jedhe Jaagamaan. Akka rifachuus ta’e.

Lakkii…… homaa hintaane. Mee Warqee waami jedheen akka ofirratti rom’uu ta’e.

“Maali Jaawwaraa….. in si dhukkubaay? sirrii ta’aa hinjirtu bar…” jedhe.

Warqeenis sagalee jabaa yeroo dhageessu, “maal taatani Jaagamaa” jettee alaa olseente.

Mee as kottu Warqee…… shamarran waliin suuraa kaatan kun ijoollee eessaati? jedheen gaaffe.

“Isaan kami?” jettee, aalbamii suuraa anaafi Jaagamaan gidduu keenyatti qabannee daawwataa jirrutti gad jette.

“Ihii…… ijoolleen kun hiriyyootakoo yunivarsiitii Finfinneetti waliin dabarsinedha. Kunoo har’a buddeenni gargar nu mancaase, osoo hedduu wal jaalannuu” jette.

Ammas tokko tokkoo suuraa isaaniitti quba qabdeeti, “kun mucaa Shaashamanneeti, maqaan ishii Suutumee Horaa jedhamti. Kun immoo mucaa Dambi Doollooti, maqaan ishii Leemmanee Wagii jedhamti. Ishiin kokkofaltuun kun immoo mucaa Jimmaati, Raabiyaa Abbaagissaa jedhamti. Ishiin nyaara guurteettu kun immoo mucaa Finca’aati, Kuluulee Yaadii jedhamti” jettee, osoo ishiin maqaa Kuluulee afaan irraa hinfixatiin, buusaan qaamakoo hundi damma bishaan seente na ta’e. Dubbachuus hindandeenye.

“Intala kana jechuun, hiriyyootakoo keessaa nama akkasii argee hinbeeku. Waggaa afur guutuu guyyaa tokko ilkaan ishii saaqxee hinbeektu. Guyyaa tokko tokko immoo gad

baatee deebiteema olgaltee boo'icha irqinfatti. Maal akka ishiin gadditu hinbeeku. Yeroo hedduu karaa baay'ee yaaleen dadhabe, maal akka ishiin gadditu baruuf. Garuu yeroo gara dhumaa eebbifamuu jala geenye, hiriyyaa ishiin ijoollummaatii kaastee yeroo jalqabaaf jaalatte tokko du'aaf jiraan isaa osoo hinbeekamiin akka lafa buuteen isaa wallaalame xiqqoo natti himtee ture. Baay'ee na gaddisiisti. Erga eebbifamnee gargar baanees, eessatti akka hojii argatte quba hinqabu. Garuu hiriyyootakoo keessaa akka ishii kanaa kan garaa na nyaatu hinjiru" jettee, waa'ee eenyummaa Kuluulee bara barnoota yunivarsiitii Finfinnee osoo hinbeekiin gurra keessa na buuste. "Ishiin qarqaraa kun immoo mucaa Qobbooti, Seenaa Toofiq jedhamti" jette.

Hiriyyoota ishii shanan kana maqaa isaanii nutti himtee raawwattee si'a ol jettee ija keessa nulaaltu, anaan lubbuun na keessaa ba'uuf mormatti na rakkatteetti. Mogoleen na mudhukaa'e. Jaagamaaf Warqeen lachuu hedduu rifatani. As na qabanii, achi na qabani. Qoricha na tuqe wallaalani. Dafqi hillee lamaaniin xuruuru qaama na tortorse. Mana yaalaa si geessina jedhanii, asiif achiin bobaa jala na qabanii qajeelan. Erga xiqqoo na deemsisaniin booda afuurrikoo natti deebi'uu jalqabe. Lakkisaa….. dhukkubnikoo yaalaa fayyaa hinbarbaachisu. Deebisaa manatti na galchaa jedheen sagalee xiqqoo dhageessise. Gaaddisa mukaa tokko jala na ciibsani.

"Maali Jaawwee…….. maal taate…. Haadhookoo…. osuma nagaa deemtuu, maal mari'anneeti bakkeetti na gatuuf kaata?" jedheeti Jaagamaan imimmaan roobse.

Jaagamaa ……sin gatu. Hinboo'iin. Kottu harkakoo na qabii ol na kaasi. Fayyaan jira, jedheen ciniinnadhee ka'ee oldhaabachuu yaale. Akka gatantaruu ta'een Jaagamaatti

hirkadhee ka'ee ijaajje. Xiqqoo afuurri natti deebi'e. Anis of jajjabeessuun yaale. Yeroo Jaagamaan uffata isaa baasee ittiin qilleensa natti afarsu xiqqoo natti fure.

Jaagamaa…… osoo hinsee'iin na moo'ate malee obsuuf yaaleen ture. Intalli hiriyyaa Warqee Kuluulee jedhamtu sun, hiriyyaakoo ishii ani kanaan dura waa'ee ishii sitti himedha. Kanaafan sammuukoo wallaaluu barbaade malee waan biraaf miti. Dhiisi hinjeeqamiin, tasgabbaa'i. Amma fayyaan jira jedheen of danda'ee dhaabachuuf carraaqe. Warqee dubbiin bitaa gale. Jaagamaa garuu gaggabdookoo caalaa rifachiise.

"Dhugaa waaqaa jechaa jirtamoo…. Jaawwee" jedhe.

Eeyyeen …… dhugumakoon siin jechaa jira. Amma waan biraa dhiisiiti, akkamittiin akkan Kuluulee arguu danda'u Warqee wajjin mala naaf barbaadaan jedhe. Innis waan baay'ee Warqee qorate. Ishiinis seenaa jireenyaa bara barnootaa yunivarsiitii Finfinnee keessatti waliin dabarsaniin ala, eebbifamtee gara biyyaatti galuu ishii malee kana darbee waan ishiin beektu akka hinjirre itti himte. Jaagamaanis waan godhuuf waan jedhu dhabee yaadaan baay'ee jeeqame. Tirannee manatti deebinee waan baay'ee taphanne. Waan baay'ees mala furmaataa marii'anne.

Anaafi Jaagamaanis guboo sochii fincila diddaa gabrummaa saba Oromoo jabeessinee luka lamaan lafa ejjechiisnee dhaabuuf adda baanee akka hafuu hinqabne irratti walii galle. Warqeefi Jaagamaanis, haalakoo erga hubatanii booda, deemee akkan Kuluulee barbaaddachuu qabu murteessani.

Anis, Jaagamaa… jaalalleekoo barbaadee yoon argadhe, akeekakoof akeekakee kan ta'e tokkummaa saba Oromoo cimsuufi birmadummaa gonfachuu keessatti humna dabalataa

godhadheen deebi'ee garakee dhufa. Yoommoo osuman barbaaduu osoo jaalalleekoo hinargatiin aduun natti dhiite, adaraakee akkuma dubbannetti jabaadhuu guboo fincila diddaa gabrummaa saba Oromoo kana bakkaan ga'i, siidaa yaadannoo gootota bilisummaaf hobba'aniis tolchii dhaabi jedheen imimmaankoo lolaasaa biraa qajeele.Warqeenis qarshii hamma ta'e naaf kennite. Lachuu na eebbisanii, suuraa hiriyyoota Warqee, kan Kuluuleen keessa jirtu kana naaf kennanii, imimmaan cobsaa na gaggeessani.

"Yoo waaqayyo jedhe jaalalleekee argattee gaaftokko akka deebinee wal agarru abdii guddaan qaba. Jedhii Jaawweekoo …… karaan dugda handaaqqoo siif haa ta'u" jedhee, irqinfataa na biraa deebi'e, Jaagamaan.

Anis konkolaataa Finfinnee koreen Bulee Horaa keessa qaxxaamuree, Diillaa, Hawaasaa, Shaashamannee, Baatuu, Maqii, Botee, Moojoo jedhee osuman magaalota lakkaa'uu, deemsa guyyaa lamaa booda Finfinnee ga'e. Bulees, barii lafaa ka'een konkolaataa koree galgala keessa naannoo sa'atii 9:30tti magaalaa Finca'aa ga'e. Magaala keessa deemeen abbaa Kuluulee_ mana Obbo Yaadii, iyyaafachuutti ka'e. Guyyaa lama sadii iyyaafadheen nama beekna jedhu dhabe. Gaafa guyyaa afraffaa waajjira mana hojii mootummaa magaalaa Finca'aa keessa jiru irra naanna'een Obbo Yaadii iyyaafachuutti ka'e.

Ani kanaan dura gaaftokkoof illee magaalaa Finca'aa deemee hinbeeku. Osuman waajjira irra jooruu jaarsa maanguddoo tokkottan ba'e. Abbaa….. mana hojii kana keessa namni Obbo Yaadii jedhamu jiraay? jedheen gaaffe.

“Yaadii eenyuu jedhama?” jedhanii gaaffii ani dhagahee hinbeekne as garakootti deebisani.

Maqaa abbaa isaanii illee hinbeeku. Garuu maqaan intala isaanii Kuluulee jedhamti jedheen itti hime.

“Ahaa….. ahaa….. abbaa Kuluulee jechuun Yaadii Oljirraatikaa…… ishii intalli isaa yeroo tokko digirii eebbifamtedha mitii? Innoo waajjirri isaa as miti. Gubbana waajjira qonnaa keessa ture. Garuu, erga biyya kanaa jijjiiramee biyya biraatti galee waggaa lama afeera mitii?” jedhan.

Eessatti jijjiiraman? jedheen ammas gaaffii itti dabale. Osoo imimmaan ijatti na guutee jiruu.

“Lakkii…. garamitti akka jijjiiramellee hinbeeku. Mee dhaqii namoota waahiloota isaa durii waajjira isaa seenii gaafadhu” naan jedhan.

Anis gara waajjira qonnaa Aanaa Abbay Coomman deemee yeroon iyyaafadhu, gara Gimbiitti jijjiiramuu isaanii dhagahe. Ammas abdii kutadhee hinteenye. Qarshii na harkatti hafte qabadheen kottee na baasi jedhe_ gara Gimbiitti. Finca’aatii ka’een Waayyuuf Gooban keessa darbee, Jaarsoo cinaatti dhiiseen karaa Geedoo goree, karaan waggoota torba dura miilaan yeroo ji’ootaan lakkaa’amu irra deeme, har’a konkolaataatiin darbeen guyyaa tokkotti Naqamtee ga’e. Karaa Shaambuu yoon gore jarri biyyaa na baasan sun qircaakoo hiratu jedheen sodaadhe malee, karaan achiin dhiyaata ture. Buufata konkolaataa magaalaa Naqamtee seenee osuma keessa hindeemiin, konkolaataa xiqqoon (minibus) tokko “Gimbii…..Gimbii….. Najjoo Gimbii….. Gimbii Najjoo…….. nama tokko qofaan kan

hir’ate. Nama ariifateeru……. Kan dafee qaqqabuu barbaadu” jedhee iyyee waame_ gargaaraan konkolaachisaa. Anis ‘xoph’ jedheen keessa bu’e. Durumaanuu iddoo nama tokkoo qofaatu hafeera waan ta’eef ba’uuf waan ariifate fakkaata. Konkolaachisichis kaasetta sirba Abbitoo Kabbadaa keessa nuuf galchee imaltoota bohaarsaa ba’ee qajeele. Haroo Sorgaa dabarree yeroo irraa gadee Diggaa qabannu, Abbitoon geerarsa kololaasuutti ka’e.

“ Ilaalaamet yaa hiriyyaa
Geerar geerar naan jedhaa
Ani maalan geeraraa
Anoo yaadan yeedalaa
Namni yaada yeedaluu
Akkamiin haa geeraruu
Namni geeraree hinquufnee
Goodaa biyyakoo jiraa

Geerarii maal na gonfuu
Goota garaatu hinobsuu
Wallaallaan natti kolfuu
Beeka maalan wallaalaa
Deegaa allaatiitu awwaalaa

Akaawwiin midhaaniiree

Beelofnaan nyaanne malee

Haati ormaa gaariidhaaree

Rakkannaan teenye malee

Aayyookoo yaa sindidee

Baga duuti si didee

Harmee luuccaan wal maraa

Akka muujjaa balbalaa

Abbaakoo nyaara kaabbaa

Si faarsus maalan gaabbaa

Durattoo jabanakee

Balbalaan si waamanii

Boroodhaan sitti himatuu

Ammammoo jabanakoo

Tokkoffaa na waamanii

Lammaffaa in na ifatuu.

Haadhakoo yaa suutumee

Yommuu hirribni si qabee

Teessee hinmugiini ciisii

Yommuu garaan si nahee

Natu maqaa si dhahee

Deessee hinabaariin dhiisii

Gurraaleef jedheen malee

Maafan tulluu naanna'aa

Booree birmaduuf malee

Maafan lubbuutti haasa'aa

Irraangadeen arreedaa

Yaa gufuu nan dhahiinii

Haadhaaf ilmoon ajjeesee

Yaa cubbuu na hinga'iinii

Rukuttaan ulee geeshee

Dirra namaa balleessaa

Jechi nama gadheedhaa

Biyyaa nama fageessaa

Surree naannessan hidhaa

Incitaa hin yaadda'iinii

Tulluus naanna'een galaa

Indu'aa hin yaadda'iinii

Aayyookoo yaa aayyuleekoo

Kutaakee dachaa fo'ii

Yoon galeef ittiin koortaa

Yoon du'es ittiin boossaa

Inbade inbade jedhuu

Eessa abbaakoottan badaa

Qilxuun qirixe malee

Mil'uun miliqe malee" jedhee gaafa Abbitoon geeraru, waan ta'e tokko garaatii na ka'e. Anis haalonni tokko tokko jaalalleekoo irraa fageessee, akka nama biyya hinqabnee joorsee na jaawwarsus "qilxuun

qirixe malee mil'uun miliqe malee" jedhee kan inni geerare, jaalalleekoo deebi'ee arguuf abdii na keessatti coologe deebisee lubbuu itti hore. Gochaan jooruuf jaawwaruu ani biyyarra naanna'aa tures, mil'uu hacuuccaa miliquuf akka ta'e ofduuba deebi'ee yaadeen ragaa ofiif ba'ee, of jajjabeesse.

Yeroo kana egaa irraangadee Diggaa xumurree, magaalaa Arjoo Guddattuu dabarree bishaan laga Dhidheessaarra geenyeerra. Anis qalamakoo baaseen **Mil'uu Miliquu** jedhee waanan keessa darbe hunda barreessuu eegale_ konkolaatichuma keessatti mata dureen seenaa jaalalaa jireenyakoo waaqa biraa karaa Abbitoo naaf kenname.

Joogir keessa darbee, gaara Abbaa Seenaa sabbata haadhaa fakkaatu, isa dur leenciif gafarsi keessa burraaqu har'a lafa jaldeessi basha'u ta'e qaxxaamureen gara Gimbiitti finxiriire. Gimbiis ga'ee konkolaataa irraa bu'e. Gimbiin magaalaa guddaa, daldalli bunaa Afraasaa hanga Birraatti, Bonaa hanga Gannaatti keessatti gaggeeffamudha. Akka magaalaa xixiqqoo, nama tokko iyyaafattee argachuun carraan isaa baay'ee dhiphaadha. Osuma olii gad deemee takka Kuluulee, takka abbaa Kuluulee_ Obbo Yaadii, iyyaafadhuu qarshii Warqeef Jaagamaan naaf kennan na harkaa baddu baate.

Dubbiinis yeroo hunda qe'eef waajjira irra jooree Kuluuleef Obbo Yaadii iyyaafachuu irraa gara waan qoonqoo barbaaduutti hiramte. Silaa maal baradhee eebbifameeraayiin hojii nama baratee hojjedha, deemeen hojii guyyaa hojjechuutti ka'e. Gaafa boqonnaakoo immoo suuraa Kuluuleef hiriyyoota ishii qabadheen magaala keessa jooree iyyaafachuutti ka'e. Gaafii karaa Caancoo, gaafii karaa Gabaa Maalifuu, gaafii karaa safara maaramii, gaafii immoo

kara laga Somboo naanna'een iyyaafadha. Kaan suuraa na harkaa fuudhanii ilaalanii…….. "lakkii hinbeeknu" jedhanii natti deebisu. Kaan immoo suuraa na harkaa fuudhanii, na duraa fiigu. Akkuma daa'imaa na boossisu. "Maal mucaa joonja'aan kun. Nama barbaadanii arguun ulfaataa akka ta'e hinbeekuu. Isayyuu kan barmeeqaa iyyaafataa…. Yeroo darbes as karaa laga Gafaree deemee, dargaggoota konkolaataa miican gaafachaa ture" jedhanii muka qoosaa na taasisu. Magaalaa Gimbii keessattis Abbaa footoo jedhanii maqaa maatiinkoo hinbeekne naaf baasani. Namni magaala keessa deemu hedduun yeroo daandii irratti na argu, Abbaa footoo na jedha.

Akkuma 'qoraaliyoo' ganamaa hanga galgalaa jooruunis mogolee na laaffifte. Hojii guyyaa kana sirriitti hojjechuufis humni na keessatti dhumaa deeme. Namichi to'ataa hojjettoota guyyaas, "ati hojii hindandeessu, waan qabdu fudhuu ba'i" jedhee, morma qabee hojii keessaa gad na darbate. Namni hojjetee galii argatu gaafa dhabu yookaan hatuu yookiis daandii irraa hambaa namaa funaanaa jiraachuun filannoo isaan gurguddoodha. Anis irree ittiin hatani miti, mogolee ittiin hojjedhullee waanan dhabeef, hatee jiraachuu filannookoo hingoodhanne. Kanaafuu, daandiirra oolanii buluun tokkicha filannoo jireenyakoo naaf ta'e.

Akkanumaan gaafii lafa gabaa keessa, gaafii buufata konkolaataa keessa naanna'een mi'a imaltootaa gateettiitti baadhee lama buluu eegale. Garuu guyyaa tokkollee suuraa Kuluulee harkakootii baasee hinbeeku. Deemus qabadhee, ciisus ammadheen oolee bula. Feestaalii pilaastikaa itti mareen baadhee olii gad deema. Kuluuleenis isa yeroo dur torban torbaniin Mandiidhaa dhuftee Gimbiitti boqonnaa

dabarsaa turte, yeroo ammaa kana ji'atti altokko dhufuun illee hedduu ishiitti ulfaateera. Akkanumaan daandii magaalaa Gimbii keessatti Ganna dooluu roobaa keessa, Bona qaanqee qorraaf aduutiin waadamee fuullikoof dhaqnikoo bifa biraa biqilche. Kuluulee kan jaalala yeroo xiqqoof waliin unanne miti, haatikoof abbaankoo kan dhalchanii na guddisan illee osoo na argan ana baruu danda'u kan jedhu amantaa hinqabu.

Guyyaa tokko, yeroon isaa jala bultii ayyaana waggaa ture. Namni baay'een ayyaana maatii isaa biratti baasuuf, kaan gad kaan ol kaata. Konkolaataan tokkos Asoosaa irraa dhufee buufata konkolaataa Gimbii seene. Anis akkuma amalakoo, mi'a baatamu barbaacha fiigeen bira dhaqe. Konkolaataa irra ba'een mi'a imaltootaa gad buuse. Namoonni hunduu konkolaataa keessaa gad yaa'an.

"Obboleessoo…… nama mi'a baatu na waamimee…." jetteeti intalli tokko namoota buufata konkolaataa keessaa imaltoota keessumsiisan gaafatte.

Keessummeessaan sunis, "miinikee kami?" jedhe.

"Kunoo kana" jette, mi'a dooniyaa tokko guutuu.

"Abbaa footoo…… Kottu abbaa footoo…." jedheeti, hamma intalittiin haati mi'aa borsaa ishii konkolaataa keessaa fudhattutti, mi'a kana fuudhee mataarra na kaa'e. Anis baadheen qajeele. Intalli haati mi'aas duubakoo deemtee, "asiin gori, achi maqi, gadi gori" jetti hamma mana maatii ishii bira geenyutti.

Anis feestaalii suuraa Kuluulee baatu kana dhukakoo keessa kaawwadheen mi'a kana baadhee deemaa ture. Osuma deemnuu akka tasaa ta'ee feestaaliin suuraa baatu kun, osoo

ani hinargiin dhukakoo keessaa lafa bu'a. intalittiin haati mi'aa kunis, ana duuba waan deemaa turteef waa gatteetta naan hinjenne, callisteema fuutee manaan geesse. Yeroo mana geenyee qarshii humnakoo kan ani mi'a baadhee dhufe naaf kaffaluuf jecha feestaaliikoo lafaa argite waliin natti fiddu, itti siqeen harka itti hiixadhe. Jalqaba fuula ishii caalaa feestaaliikoo suuraa baatu harka ishiirratti argeen naasuudhaan itti ariifadhe. Feestaaliikoo harkaa butadheen ija ishii keessa ilaale. Intalli ba'aa dooniyaa tokko natti feetee ana duuba deemaa dhuftes jaalalleekoo Kuluulee akka taate fuulashee ilaaleen bare. Takkaa qofa ijashee mil'adheen osoo hinbeekiin Kuullee……. jedheen miila ishii jalatti hojjaadhaan diriire. Feestaaliin suuraa Kuluulee baatus ana harkaa darbamee lafa dhahe. Feestaalicha ana harkaa darbamee gama bu'e kaasteeti "uu….uu……" jettee iyyite. Maatiin ishiifi ollaan gad yaa'ani.

"Maali….. maal taate?" jedhan.

"Mucaa kanatu mi'a naaf baatee dhufee maqaa na waamee lafatti kufe" jette.

"Isa kami inni? Maqaa isaa qeesiin haadhahu" jedhanii yeroo lafatti uffatakoo mallattoo yeroo hundaa argan, "boo…… mucaan kun duraanuu du'aarra hinjiru. Atimmoo nama dhabdeeti kana baachifattee dhuftaa? Dhiisaa amma xiqqoo turee ka'a. Innoo yeroo baay'ee magaala keessatti gaggabee kufee xiqqoo turee ka'a. Kun mucaa isa suuraa harkatti baatee magaala keessa joorudha mitii?" jette, dubartiin daldaltuu Gabaa Maalifuu kan ollaa mana Kuluuleefaa jiraattu.

"Maayinni harkakee irraa immoo Kuulleekoo…." jedhan haati Kuluulee.

“Anoo hinbeeku, isumatu karaatti buuse jennaan qabeefii dhufe malee” jette.

“Gati gadi. Maal beekteeti waan xonxamaa kana harkaan qabda? Maal mucaa maraataan kun, maal baatee deemaa?” jedhanii Kuluulee harkaa fuudhani.

“Maal xonxee baatee deemaa?” jedhanii quba lamaaniin haguuggaa feestaalii irraa ciran. Yeroo gad baasan suuraa Kuluuleef hiriyyoota Kuluulee yunivarsiitii Finfinneetti waliin baratantu keessa jira. Haati Kuluulee hedduu rifatani. Waan hojii seexanaaf jinnii wahii itti fakkaate.

Kuluuleenis…. “maayinnii suurichi aayyoo?” jettee harkaa butte. Si’a suuraa ishii keessatti agartu, wanni hunduu abjuu itti ta’e. Nama fayyaa ta’uu ishii of amanuu dadhabde. Takkaa gogdee dhaabatteeti, waa shakkite. Si’a ani altakkaa Kuullee… jedhee lafatti gombifamu, maqaa ishii dhahuunkoo waa ishiitti raajeera. Gadi jettee bakkan gaggabee awwaara keessa ciisutti ilkaankoo irraa hidhiikoo ol qabdee, mallattoo ilkaankoo kan ishii qofaan dur beektu agarte. Takkaa qofaa….. “anoo badeera hinjiruu….” jettee ol utaaltee lafatti of hiddite. Balbala Kuluuleefaatti iyyi duraan qabbanaa’e deebi’ee abidda saafaa ta’e. Kuluulee lafaa hammaaranii ol kaafnaan afuurri keessaa ba’uuf waan dhiyaate fakkaata. Haati Kuluulee ol manatti deebi’anii funyoo fudhatanii lagatti biriirsani. Namni ollaas kan qabee, kan gad dhiisu wallaale. Iyyi iyya caalee poolisiin burqee dhufe. Ambulaansiinis dhufee Kuluulee fuudhee hospitaala Gimbiitti geessan. Ana jooraa, taltaallaa fira hinqabne lafatti na dhiisanii, ollaan iyya dirmate hunduu gara hospitaalaatti Kuluulee waliin godaanani.